# INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

*Faayidaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu fi daangaa raawwii isaa akka Naannoo Oromiyaatti*


**Qorattootni:** *Waaqgaarii Dullumee*
*Geetaachew Fayyisaa*

**Gulaaltotni:** *Darajjee Ayyaanaa*
*Naggaa Garbaabaa*
*Qana'aa Geetaanaa*



*Waxabajjii 2006*

*Adaamaa-ILOQHQSO*

Qabiyyee

Fuula

**Boqonnaa Tokko**

**Ka'umsaa fi Adeemsa Qorannichaa**

1.1.Seensa----------1
1.2.Hima Rakkoo----------3
1.3.Kaayyoo Qorannichaa----------4
1.4.Mala qorannoo----------5
1.5.Faayidaa Qorannichaa ----------7
1.6.Fayyadamtoota Qorannichaa ----------7
1.7.Daangaa Qorannoo ----------8
1.8.Caaseffama Qorannichaa----------8

**Boqonnaa Lama**

**Dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu: Dhimmoota Waliigalaa haala dhufiinsaa, maalumaa fi Muuxannoo Biyyootaa**

2.1.Seenaa dhufiinsaa----------9
2.2. Maalummaa----------15
2.2.1. Qajeeltowwanii fi sagantaalee mala aadaan dhimma yakkaa xumuruu----------16
A. Sangantaa miidhamaa-balleessaa (victim offender mediation) ----------17
B. Kora miseensa maatii (family conferencing) ----------18
C. Gurmuun murteessuu (circle sentencing) ----------18
2.3. Akka addunyaatti maal akka fakkaatu----------18
2.4. Muuxannoo biyyootaa----------21
2.4.1. Hindiyaa----------22
2.4.2. Awustraaliyaa----------24
2.4.3. Faransaay----------25
2.4.4. Niwuuzilaand----------26

2.5. Akka ummata Oromootti Jaarmiyaalee dhimma yakkaa mala aadaan xumuruanii fi maalummaa isaanii----------28

I. Gumaa----------29

II. Jaarsummaa----------30

III. Ilaaf ilaammee----------31

IV. Qaalluu----------31

2.6. Mala aadaan dhimma yakkaa xumuruu Heeraa fi seerota biyyattii keessatti----------32

2.6.1. Heera Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa ----------32

2.6.2. Imaamma yakkaa Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa----------33

2.6.3. Seera yakkaa Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa -------34

2.6.4. Seera adeemsa falmii yakkaa Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa kan hojiirra jiruu----------37

2.7. Faayidaa dhimmoota yakkaa mala aadaan xumuruu----------39

2.8. Daangaa dhimmoota yakkaa mala aadaan xumuruu----------43

**Boqonnaa Sadii**

**Faayidaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu fi daangaa raawwii isaa akka Naannoo Oromiyaatti: Xiinxala Daataa**

3.1. Faayidaa dhimmota yakkaa mala aadaan xumuruu----------48

3.2. Nagaaf tasgabbii buusuu----------49

3.3. Heeddummina dhimmaa hir'isuu----------52

3.4. Dhaqqabamaa ta'uu---------- ----------53

3.5. Irra deddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu----------55

3.6. Kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu----------58

3.7. Fedhii hawaasaa yaada keessa galchuu----------61

3.8. Miidhamtoota yakkaa hirmaachisuu----------63

3.9. Adeemsa miidhamtootni dhimma isaanii ittiin xumurachuu barbaadan----------65

3.10. Miidhaa haguuggii seerotaa dhabuu dhimma yakkaa mala aadaan xumuuruu----------67

3.11. Sadarkaa hojiirra oolmaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu hanga ammaatti jiruu----------71

3.12. Daangaa dhimmoota yakkaa mala aadaan xumuruu----------73

**Boqonnaa Afur**

4.1. Yaadota Gudunfaa ----------75

4.2. Furmaataa----------80

## Tarree gabateewwanii Fuula

**Gabatee 1:** Gabatee gosa daataa guuramuuf karoorfamee fi hanga daataa Guurame agarsiisu--6

**gabatee 2:** Gabatee xiinxala ragaalee faayidaa dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu fi daangaa raawwii isaa akka naannoo Oromiyaatti agarsiisu----------47

**Gabatee 3:** Gabatee xiinxala ragaalee faayidaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu--------57

**Gabatee 4:** Gabatee xiinxala ragaalee daangaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu fi sadarkaa hojiirra oolmaa isaa hanga ammaatti jiru argisiisu ----------70

# Boqonnaa Tokko

## Gumee Qorannoo

### Faayidaa dhimmoota yakkaa mala aadaan xumuruu fi daangaa raawwii isaa akka naannoo Oromiyaatti

## 1.1 Seensa

Seenaa jireenya dhala namaa keessatti waldhabbiin beekaamaa fi waan hin oolleedha. Waldhabbiin namoota gidduutti uumamu kan dhimma hariiroo hawwasaa ykn yakkaa jedhanii ta'uu danda'a. Waldhabbiiwwan kanneen akka hin uumamne, yoo uumaman immoo haala ittiin hiikamanii fi nageenyi namoota dhuunfaa fi hawwasaa akka eegamu gochuuf malootni fi sirnootni adda addaa hojii irra oolaa turaniru.

Sirni haqa yakkaa hammayyaa yeroo ammaa biyyootni itti fayyadamaa jiran malootaa waldhabbiin yakkaa itti hiikaman keessaa tokkoodha. Sirna haqa yakkaa hammayyaa keessaatti dhimmi yakkaa akka dhimma mootummaatti ilaalama. Kanaafis mootummaan nagaa fi tasgabbii eegsisuuf dhimmoota yakka ta'an irratti seera baasuun nama seera kana darbe immoo tarkaanffii irratti fudhata. Sirnichas abbummaan kan qajeelchu mootummaa yoo ta'u; ogeessotni seeraa qooda fudhatoota ijoo ta'uun kan raawwataniidha. Sirni kun bu'aa falaasama biyyoota dhiyaa yoo ta'u, namni badii yakkaa raawwate adabbii walgituun adabamee sirrachuu qaba yaada jedhu qaba. Kanaafiis hayyootni baay'een sirnichi adabbii irratti xiyyeeffata jechuun qeequ.[1] Ummata addunyaa lakkofsaan biliyeena 7 ta'u keessaa namoonni miliyoona 11 ta'an dhhaabilee amala sirreessaa keessatti argamu.[2] Kun immoo namoota 100,000 keessaa 155 kan ta'an mana amala sirreessaa keessa jiraachuu isaani hubachiisa. Lakkofsi namoota mana amala sirreessatti argamanii yeroo gara yerootti dabalaa akka jiru istaastiksii ni agarsiisa. Akka biyya keenyattis ragaan qulqulluun dhabamus bara 2009-10 keessa lakkofsi sirreeffamtootaa akka waliigalatti

[1] http://www.griffih.edu.au/data/assets/pdf-file/0016/371401/kdaly-punishment-debate-final-revised-3-Nov-2011.pdf kan ilaalame 3/4/2006 ALH.
[2] http://www.apcca.org/uploads/10th_Edition_2013.pdf

112,361 ta'uutu ibsama.[3] Baay'inni sirreeffamtoota kanneenii baraa gara baraatti dhibbentaa hedduun dabalaa jira. Namootni mana amala sirreessaatti ergaman dabalaa deemuun qabeenyi hojii misooma fi dhimmota guddinaa biraaf oolu gara bulchiinsa manneen kanneenitti waan naanna'uuf hawwas-diinagdee biyyaa irratti miidhaa qabatamaa qaqqabsiisuun isaa hubatamaadha.

Bu'a qabeessummaa sirna haqaa yakkaa hammayyaa irratti wantoota gaafii kaasan keessaa kan biro, namoota mana amala sirreessaa turan kana keessaa hedduun isaanii erga bahanii booda deebi'anii yakka walfakkatu kan raawwatan ta'uu isaati. Akka fakkeenyatti biyyoota sirreeffamtootni mana sirreessatii erga bahan booda deebi'anii yakka walfakkatu raawwachuun beekaman kessaa sadarkaa duraa irratti kan argamtu biyyi Ameerikaa irra-deebiin yakka dalaguun sirreefamtootaa dhibbeentaa 60-70 akka ta'uu ragaaleen ni agarsiisu.[4] Kana irraa kan ka'e namootni sababa yakkaan miidhaan irra gahes ta'ee hawaasni bal'aan itti quufinsi sirna haqa yakkaa mootummaan qajeelfamu irratti qaban gadi bu'aa dhufeera. Sababa kanaa fi kan birootif sirni haqaa idilee ykn kan mootummaan durfamaa jiru kun yeroo ammaa qeeqni fi gaaffiin itti baay'atee jira. Addunyaan yeroo ammaa dhimma yakkaa irratti seera baasuu fi nama seera kana daebe bu'uura kanaan adabuu qofti bu'aa barbaadame akka hin argamsiisne hubatee waan fala ta'u barbaada jira. Fala barbaaduu keessatti aadaa, dhuudhaa, amantii fi falaasama haala jirreenyaa hawwasa yakki keessatti raawwatamuuf xiyyeffannoon guddaan keennamera. Rakkooleen sirna haqa yakkaa keessatti mul'ataa turanii fi furmaatileen yeroo ammaa akeekamaa jiran gocha yakkaa fi adeemsa furmaatni itti laatamaa ture irratti jijjiramni ilaalchaa bu'uraan jiraachuu akka qabu kan hubachiisaniidha.[5] Gara biyya keenyaatti yoo deebinu dhimma yakkaas ta'e kan biroo mala aadaatiin xumuruun durii jalqabee kan tureedha. Keessaattuu ummatni Oromoo mala aadaatiin dhimmoota heedduu kan hiikaa turanii fi ammallee ittiin dhimma bahaa kan jiraniidha. Jireenya guyyaa guyyaa, hawaasummaa fi dinagdee ummata naannootiif waldhabbiiwwan karaa aadaan xumuruun gaarii akka ta'eetu ibsama.[6]

[3] Akkuma oliitti lakk. 2ffaa
[4] http://www.thedailybeast.com/index.html kan ilaalame 3/4/2006 ALH.
[5] Journal of social work theory and practice, journal issue 10 2004/2005.
[6] Ewa Wojkowska,Doing Justice:How informal justice systems can contribute December 2006 fuula 16

Mala aadaatti fayyadamuun waldhabii hiikuun nageenyii fi walitti dhufeenyi hawaasa gidduutti itti fufiinsaan akka jiraatu gochuuf gahee guddaa qaba.[7] Malli kun yeroo ammaa kanallee naannoo baadiyyaa biyyattii keessa ummattoota jiraatan biratti sadarkaa adda addaatti hojiirra olaa kan jiruudha.[8]

Qorannoon kunis dhimmoota yakkaa Karaa aadaan xumuruun faayidaa inni qabu ifa baasuu fi dhimmootni akkamii mala aadaan yoo ilaalaman sirna haqaa waliin wal tumsa kan jedhu akeeka.

## 1.2 Hima rakkoo

Yakki nagaa hawaasaa kan booressuudha. Seerri ammoo nagaa hawaasaa isa boora'e iddoo duraatti deebisuuf gahee guddaa taphata. Sirna haqa yakkaa hammayyaa keessatti adeemsi hordofamee waldhabbiin furamuu fi qaamni sirna haqaa kana bulchu caaseffamee jira.[9] Hata'u malee sirna karaa aadaan waldiddaa hiikuu waliin walbira yeroo qabamu; yeroo dheeraa kan fudhatu, karaa salphaa dhimmichi itti furamuu danda'uuf tooftaa kan barbaaduwaan hin taaneef karaa aadaan dhimma yakkaa xumuruun faayidaa baay'ee qaba.[10]

Qaamni sirna haqaa kana bulchuu fi caaseffamni isaa akkuma jirutti ta'ee, akka filannootti mala aadaatiin dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruun faayidaa inni qabu qorannoon adda baasuun barbaachisaadha. Ta'uu baannaan adeemsa seerri jedhuun malee dhimmi yakkaa karaa biraan yoo furame qaamonni bulchiinsa sirna haqaa bu'aa isaa fudhachuu dhiisuu waan danda'aniif rakkoo uuma. Mala aadaatiin waldhabbii furuun bara durii jalqabee ummatoota Afrikaa fi Eeshiyaa biratti beekamaa dha. Kanaafuu, yaad-rimeen karaa aadaan waldhabbii hiikuu haaraa miti jechuun ni dana'ama. Keessattuu, ummata naannoo tokko jiraatan (indigenous communities) biratti tooftaa waldhabbii hiikuu isa beekamaadha.[11]

Akka seera hammayyaatti adabbiin ta'uu kan danda'u qarshiin, hidhaan, fi du'aan ta'uu ni danda'a. Uummattoota naannoo tokko jiraatanii (indigenous) ta'an gidduutti garuu nama

[7] http://abyssinialaw.com/uploads/Mediating%20Criminal%20Matters%20in%20Ethiopian%20Criminal%20Justice%20System.pdf kan ilaalame fulbaana 2006 A.L.H.

[8] Joornaalii seeraa oromiyaa jiildii 1ffaa lakk.1 fuula 100.

[9] Alamuu Disaasaa (2013) the discourse of jaarsummaa fuula 8

[10] Akkuma oliitti lakk.8ffaa fuula 102.

[11] Dr.Julie Macfarlane, working towards restorative justice in Ethiopia: integrating traditional conflict resolution systems with the formal legal system.

hidhuun kan hin beekamne yoo ta'u, karaa bittaa (colonization) fi ergifannaa seeraa (legal transplantation) biyyoota Lixaa (Western countries) irraa kan biyyoota Afrikaa hedduu seeneedha.[12]

Biyya keenya keessaattis bara 1930 fi 1940 moota keessa sirni seera hammayyaa erga galee mala aadaatiin dhimmoota isaanii xumuruun seerota dhimma yakkaa ilaalan keessatti haguuggiin gahaan hin kennamne. Kun immoo keessattuu ummatootni handhuura biyyaa irraa fagoo jiraatan seera kan mootumman diriirse caalmaa karuma aadaatiin waldhabbii isaanii furachuu akka itti fufan taasiseera.[13] Dhimma kana irratti dhaabbatni mootummoota walta'anii murtii waa'ee mirgoota ummatoota naannoo tokko jiraatanii (indigenous people) ta'anii irratti kenneen, biyyaa gara biyyaattii fi naannoo irraa gara naannootti adda addummaa qabaatanis seenaa fi duudhaaleen isaanii yaada keessa galuu akka qabu kaa'eera.[14]

Qorannoon kun dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun faayidaa inni qabuu fi dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumumuramuu hin qabne xiinxala. Haaluma kanaan qorannichi gaaffilee armaan gadii deebisuuf yaalii taasisa.

1. Sirni haqaa idilee biyya keenyaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruu hangam fudhata, beekamtii kenna?
2. Dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruun faayidaa akkamii qabaa? Gahee inni sirna haqa yakkaa jiru keessatt taphatu maalii?
3. Hojiirra oolmaan mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruu hanga amma jiru maal akka fakkaatu?
4. Dhimmootni akkamii karaa aadaan yoo ilaalaman sirna haqaa jiru waliin waltumsuu danada'a?

## 1.3 Kaayyoo qorannoo

Qorannoon kun kaayyoo gooroo fi gooree qaba. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa **dhimmoota yakkaa karaa aadaa xumuruun faayidaa akkamii akka qabu, daangaan isaa fi sirna haqa yakkaa keessatti gahee akkamii akka taphatu adda baasuudha.**

[12] Gluckman, M. 1965. *Politics, law and ritual in tribal society*. Oxford: Blackwell.lakk.6ffaa
[13] Akkuma oliitti lakk.9ffaa fuula 15
[14] http://www.un.org/esa/socdev/unpfii/documents/DRIPS_en.pdf,kan ilaalame Sadaasa, 2006 ALH.

Kaayyoo gooroo kana galmaan gahuufis kaayyowwan gooree armaan gadii ni qabaata.

- Dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruun seerota biyya keenyaa keessatti bakka akkamii akka qabuu fi maal ta'uu akka qabu xiinxaluu.
- Dhimmootni yakkaa akkamii karaa aadaan yoo ilaalame kaayyoon seera yakkaa biyya keenyaa galma gahaa kan jedhu xiinxaluu.
- Miidhamtoonni yakkaa sirna haqaa yakkaa keessatti gahee akkamii taphachaa akka jiran xiinxaluu.
- Seerri keenya dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu irratti daangaa akkamii kaa'ee akka jiru sakatta'uu fa'a.

## 1.4 Mala qorannoo

Odeeffannoo qorannichaaf baarbaachisu funaanuuf mala qorannoo akkamtaa fi hammamtaa walfaana (mixed research method) fayyadamu kan funaaname ta'ee, akaakuun qorannichaa qorannoo ibsaa (descriptive research) dha. Gaaffii qorannichi deebisuuf qabatee ka'e mala walmakaa kanatti yoo fayyadame deebisuu danda'a jedhamee waan itti amanameef mala kana fayyadamuun barbaahchise.

Ragaa qorannichaaf barbaachisu funaanuuf godinaalee fi aanaleen filataman mala eddattoo kaayyeffataa (purposive sampling) fayyadamuun ta'ee; godinootaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruun keessatti beekamu jedhamee itti amaname dha.

Godinaalee filamataman kana jalaas aanaaleen karaa aadaan dhimma yakkaa fixuun keessatti bal'inaan ni mul'ata jedhame amaname lama lama kanneen ragaan irraa funaanamudha.Ragaawwan qorannoo kana gaggeessuuf barbaachisan af-gaaffii, bar-gaaffii, marii garee fi daawwannaatti fayyadamuun walitti qabamaniiru.

Hogbarruuwwan dhimmaa yakkaa mala aadaatiin xumuruun maal jechuu akka ta'e ibsan sakatta'amaniiru. Kanaanis dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruun faayidaa inni qabu, dhimmoonni akkamii mala aadaatiin yoo dhuman sirna haqaa waliin wal utubaanii kaayyoo seera yakkaa bakkaan gahu kan jedhuu fi seerota biyya keenyaa keessatti dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun bakka akkamii akka qabu sakatta'amaniiru.

Daawwannaadhaan manneen murtii qabatamaan dhimmoota akkamii karaa aadaan xumuruu akka eeyyamanii fi jaarsoliin karaa aadaan dhimma yakkaa ilaalan qabatamaan dhimmoota akkamii akka ilaalan xiinxaluuf kan fayyadamne yoo ta'u, galmeewwan mana murtiinis ta'e karaa aadaan bara 2004 fi 2005 keessa ilaalaman keessaa carraa buusuun (randomly) fudhachuun xiinxalamaniiru. Qaamolee ragaan kun irraa funaanames mana murtii, waajjira haqaa fi waajjir poolisii), qaamolee karaa aadaan dhimma yakkaa ilaalanii xumuranii fi miidhamtoota yakkaati.

Qorannoon kun Godinaalee Oroomiyaa keessa jiran hunda irratti kan geggeeffamu osoo hin taane Godinoota wal-dhabbii karaa aadaan xumuranii fi yaad-rimee walfakkaataa qaban ta'ee, Naannoo Oromiyaa bakka bu'uu kan danda'u irratti xiyyeeffata. Kanaaf, Godinotni shan armaan gadii fi aanolee isaan jala jiran lama lama xiyyeeffannoo qoranna kanaa ta'uun filatamaniiru.

Isaanis:- Godina Harargee Lixaa keessaa Aanaa Ciroo fi Mi'eessoo, Godina Shawaa lixaa keessaa Aanaa Amboo fi Tokkee kuttaayee, Godina Shawaa Bahaa keessaa Aanaa Ada'aa fi Adaamii Tulluu, Godina Gujii keesaa Aanaa Liibanii fi Adoolaa fi Godina Booranaa keessaa Aanaa Yaabelloo fi Moyyaalee fa'a. Godinaalee fi Aanalee araman olitti caqafanitti dabalaan ragaan Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa fi Biiroo Haqaa Oromiyaa irraa funaanameera.

Walumaagalatti, gosoota odeeffannoo guuramanii fi baay'ina odeeffannoo guuramuuf karoorfamanii kan guuraman akka itti aanutti gabateen ibsameera.

**Gabatee 1.1: Gabatee Gosa Ragaa Guuramuuf Karoorfamee fi Hanga Ragaa**

Guurame Agarsiisu

| **Lak.** | **Gosa raga** | **Baay'ina** | |
|---|---|---|---|
| | | **Karoora** | **Raawwii** |
| 1 | Bar-ggaaffii | 125 | 125 (100%) |
| 2 | Aff-gaaffii | 98 | 74 (79.59%) |
| 3 | Marii garee qaamolee karaa aadaan dhimma yakkaa ilaalan | 13 | 11 (84.61 %) |
| 4 | Daawwannaa galmeewwanii | 90 | 63 (70%) |
| 5 | Ida'ama | 326 | 273 (83.74) |

## 1.5 Faayidaa qorannoo

Seerri yakkaa nagaa fi tasgabbii mootummaa fi ummataa eeguu akka ta'e beekkamaadha. Tooftaalee kaayyo kana galmaan gahan keessaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan fixuun isa tokko. Qorannoon kunis dhimmoota yakkaa karaa aadaa xumuruun faayidaa inni qabu adda baasuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, seerichi tooftaa kaayyoo isaa ittiin galmaan gaha jedhee kaayyate irratti dabalaan mala biraa kan galma isaa ittiin gahuu danda'u akeeka. Kanaafuu, qorannoon kun sirna haqaa utubuun adeemsa bulchiinsa haqaa qofarratti utuu hin murtaa'iin heddumminna dhimmootaa hir'isuu fi nagaaf tasgabbii, akkasumas walitti dhufenyi hawaasa keessatti akka jiraatu gochuuf gahee guddaa taphata.

Kun immoo yeroo dheeraan booda naannoo Oromiyaa naannolee Itoophiyaa keessa jiran keessaa naannoo ishee dhimmoota karaa aadaan xumuruuf iddoo laattu taasisuu bira darbee hundeen seera ishee (legal system) aadaa fi duudhaa saba ishee irratti akka hundaa'u taasisa. Kana malees dhimma yakkaa karaa aadaa xumuruun karaa qaamolee haqaa akkataa itti hojjiitti hiikamuu danda'u akeekuun bu'aa irraa argachuun faayidaa isaati.

## 1.6 Fayyadamtoota qorannichaa

Qorannoo kana irraa qaamonni adda addaa fayyadamoo ni ta'u. Jalqabarratti qaamoleen haqaa kanneen akka mana murtii, waajjirri haqaa, waajjirri poolisii akkasumas waajjirri bulchiinsaa fi nageenyaa fayyadamoo isaan duraati.

Bu'aan qorannoo kanaa manneen murtii, waajjirri haqaa fi waajjirri poolisii dhimmootni yakkaa karaa isaaniin qofa furmaata argataa ture; hawaaasni karaa aadaan dhimmmoota yakkaa akka xumuruuf fudhatamummaa yommuu argatu, achumatti karaa aadaan galmeewwan xumuramuu danda'an waan xumuraniif heddumminni dhimmaa akka xiqqaatu gochuun fayyadamoo isaan taasisa.

Waajjirri bulchiinsaa fi nageenyaas gaheen isaa nageenya hawaasaa eeguu yoo ta'u, hawaaasni ofumaan dhimma isaa furuun nageenyi akka jiraatu waan godhuuf hojii isaaniif deeggersa gochuun akka irraa fayyadamoo ta'an godha.

Hundaa ol ammoo, bu'aan qorannoo kanaa qaamoleen mootummaa naannoo Oromiyaa faayidaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu hubatee yoo tumsee fi mirkaneesse gara fuula duraatti dhimmoonni yakkaa mala aadaatiin xumuramanii miidhamtoonni yakkaa baasii salphaa fi kallattiin dhimma isaanii xumururuu irratti hirmaannaa akka qabaatan taasisa. Kun immoo ummatichi rakkoo isaa ofumaan furachuu akka dana'utti waan amanuuf fayyadamoo isaan taasisa.

## 1.7 Daangaa qorannoo

Tokkoffaa, qorannoon kun akka naannoo Oromiyaatti kan gaggeeffamu (geographical limitation) ta'ee; lammaffaan ammoo, karaa aadaan dhimmootni xumuramuu danda'an kan yakkaa fi hariiroo hawaasaa ta'uu waan danda'uuf, qorannoon kun dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu qofa irrati kan daangeffamedha. *Seera biyya keenyaa keessatti kan daangeffame ta'us* akka naanoo Oromiyaatti kan gaggeeffamu waan ta'eef naannolee biroo keessatti akkamiin dhimmoonni yakkaa mala aadaatiin xumuramaa akka jiranii fi dhimmoota akkamii mala aadaatiin xumuruu kan jedhu daangaa qorannoo kanaan aladha.

## 1.8 Caaseffama Qorannichaa

Gaaffii qabatee ka'eef deebii laachuuf akka tolutti, qorannoon kun boqonnaawwan afuritti gurmaa'uun dhiyaateera. Boqonnaan tokkoffaa asiin olitti kan ilaalame yommuu ta'u, guutummaan guutuutti adeemsa qorannoon kun itti gaggeeffame kan ibsuudha.

Boqonnaan lammaffaa, dhimmoota waliigala ta'an kan akka haala dhufiinsa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu, maalummaa, akka addunyaatti maal akka fakkaatu, muuxanoo biyyootni ambaaa dhimicha irratti qaban, faayidaa inni qabuu, seerota biyya keenyaa keessatti bakka akkamii akka qabuu fi daangaa raawwii isaa gabaaabinaan ibsa.

Boqonnaan sadaffaa irratti ragaawwan maloota adda addaatti fayyadamuun walitti qabaman (bar-gaaffii, af-gaaffii fi marii gareetiin) tu xiinxalama.

Dhuma irratti, boqonnaan afraffaan, xiinxala qorannoo godhame irratti hundaa'uun yaadota gudunfaa fi furmaata kaa'a.

# Boqonnaa lama

## Dhimmoota waliigalaa haala dhufiinsaa, maalummaa fi muuxannowwan biyyoota ambaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu

### 2.1. Seenaa dhufiinsa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu

Waldhabbiin akkuma seenaa dhufaatii ilma namaa, umurii dheeraa kan qabuudha. Namootni dhuunfaa, hawaasni, paartiwwan siyaasaa fi amantiiwwan adda addaa qabeenyaa fi aangoo argachuuf yeroo waldorgoman waldhabuun isaanii waan oolu miti.[15]

Waldhabbii uumamu fala itti kennuu keessatti sirna haqaa idilee cinaatti adeemsaaleen, malootni fi duudhaaleen addaa addaa yeroo adda addaatti dhimma itti bahamaa turaniru. Isaaan kana hundaa maqaa tokkoon ibsuun rakkisaadha.[16] Filannoowwaan waldhabbii hiikuuf tajaajilan sirna haqaa al-idilee (informal justice system) keessatti maqaa adda addaa kan akka haqa aadaa (traditional justice), haqa duudhaa (customary justice) fi haqa iddootti deebisuu (restorative justice) jedhamuunis ni beekamu.[17] Maalummaa moggaasni walitti dhufeenyii fi garaa garummaan yaad-rimewwan kanneen gidduu jiru ogeessota biratti qabxiii falmisiisaa ta'us xinxaala hog-barruu qorannoo kanaatiif barreeffamoonni heduun ilaalaman kan sochii haqa yakkaa yeroo ammaa beekamtii argataa dhufe, *ristooreetiiv jastisii* jedhamuun waamamu irratti barreeffamaniidha. Kunis sochiin restooreetiiv jastisii yaad-rimee dhimmoota yakkaa mala aadaatiin hiikuu irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eefidha. Sochiin haqaa kun waldhabbii yakkaa hiikuuf aadaa fi duudhaa hawaasaa akka bu'uura cimaatti dhimma kan itti bahuudha. Kanaafuu, jacha Afaan Oromoo maqaa 'Restorative justice' jedhu bakka bu'u argachuun waan rakkiseef, akkasumas walitti hidhamiinsa cimaa ristooreetiiv jastisii fi waldhabbii maloota aadaan hiikuu gidduu jiru yaada keessa galchuun qorannoo kana keessatti yaad-rimee 'Restorative justice' jedhuuf dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan jedhuun bakka buusuun, iddoo yaadni isaa ifa hin taanetti maqichuma barreessuun dhimma itti bahameera. Malootni aadaa kunneen

[15] http://www.ossrea.net/index.php?option=com content&review=article&Ed=276 kan ilaalame Gurandhala, 2006 ALH.
[16] Akkuma oliitti lakk. 6ffaa fuula 10.
[17] Akkuma oliitti lakk. 16ffaa.

sirna haqa yakkaa idilee cinaatti dhimma yakkaa hiikuuf oolan kunneen isaanii hanqinaalee sirna haqaa idilee kan mootummaan dhimma yakkaa abbummaan dhuunfatu keessatti mul'atan fooyyessuu gaheen guddaa kan qabaniidha. Miidhamaa fi miidhaa qaqqabe dhidhiibuun nageenya nama dhuunfaas ta'e kan hawaasaa deebisuu irratti xiyyeeffatu. Malootni sirna haqaa idileen ala jiranii fi kaayyoo kanaaf oolan baay'en isaanii qaama aadaa fi duudhaa hawwaasaa ta'uun jireenya hawwasichaa keessatti gahee olaanaa taphatu.

Dhimmi yakkaa sirna haqa idilee keessatti dhimma mootummaa ta'ee ilaalama. Kana irraa ka'e gochi yakkaa tokko yoo raawwatame adeemsa falmii sirna haqaa idilee keessatti adda-dureen qooda fudhatootni qaamolee mootummaa bakka bu'anii fi nama yakkicha raawwateedha.

Namootni yakki irratti raawwatame hirmaannan isaan qaban baay'ee xiqqaadha. Haalli hirmaannaa isaaniis ragaa abbaa alangaa ta'uu irra kan darbu miti. Gama kanaan ilaalchi fi adeemsi sirna haqa yakka idilee, namoota sababa yakkaatin miidhaan irra gahe bayyanachiisuu fi gocha yakkaa sana sirreessuun midhamaa yakkaa fi kan balleesse walitti fidanii nageenya fi tasgabbii buusuu irratti kan hin xiyyeeffanne waan ta'eef hanqina qaba.[18] Rakkoowwaan Sirna haqaa yakkaa idilee keessatti mul'atan kanneen hiikuuf filannoon gara biraa barbaachisaa ta'uun isaa hubatmee sochiin adda addaa hanqina sirna haqa yakkaa idilee fooyyeessan ogeessotaan taasifamaa turee ammas itti fufee jira.[19]

Haaluma kanaan bara 1950 fi 1960 moota irraa kaasee sochii namoota sababa yakkaan miidhamaan gargaaruu fudhatamummaa argachuu jalqabe.[20] Yaadni mootummaan miidhamtoota yakkaa miidhaa isaan irra gaheef beenyaa kanfaluufii qaba jedhu ogeessotaan akeekamaa ture. Biyyi Niwuuzland bara 1963 kanuma seera tumuun gargaarsi miidhamtoota yakkaaf godhamu hojii irra akka oolu gooterti.[21]

Biyyi Inglizii fi mootummoleen naannoo biyya Ameerikaas fakkeenya kana hordofuun beenyaan miidhamtoota yakkaaf kennamu hundee seeraa akka horatu godhaniru.[22] Yeroo booda garuu gargaarsi miidhamtoota yaakkaaf godhamu beenyaa kanfaluu qofa ta'uun hafee uwwisa isaa

[18] *Zvi D. Gabbay* Justifying Restorative Justice: ATheoretical Justification for the Use of Restorative Justice Practices *JOURNAL OF DISPUTE RESOLUTION* [Vol. 2 pp.151.]
[19] Akkuma oliitti lakk. 18ffaa
[20] History of victim movement in USA.
[21] Akkuma oliitti lakk. 20ffaa.
[22] Akkuma oliitti lakk. 17ffaa.

dabaluun gara mirgoota miidhamtootni yakkaa adeemsa sirna haqaa keessatti qabanii fi qaamolee mirgoota kana irratti hojjatan hundeessutti ol guddate.

Bara 1960 fi 1970 mootaa kaasee immoo, hanqinoota sirni haqa yakkaa idilee adabbii irratti xiyyeefatu keessatti mul'atan ceepha'uun yaaddamnii fi yaad-rimeen biroo ogeessota dhimma yakkaa qoratan biraa dhiyate. Hayyuun waldhabbii yakkaa qoratu (conflict criminologist) George B.Vold jedhamu muummee 'critical criminology' jedhamu akka uumamuuf gumaacha guddaa taasisee jira.[23] Muummeen kunis, sirna haqaa adabbii irratti xiyyeeffatu mormuun sirna filannowwaan haaromsaa fi iddootti deebisuu irratti hundaa'an kan deeggarudha.[24]

Bara 1970moota keessa mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruu kan nageenya buusuu irratti xiyyeeffatu, 'restorative justice' qaama yaaddama 'peacemaking criminology' hayyuu **Haward Zehr** jedhamuun sirna haqaa yakkaatiif mul'ata haaraa qabachuun dhiyaate.[25] Hayyuun kun waayiloota isaa biroo waliin ta'uun sirna haaraa aadaa ummatoota bakka tokko jiraatanii (aboriginal/indigenous) Ameerikaa kaabaa fi Niwuuzilaanditti argaman bu'uura godhatee namoota yakka dalagan, miidhamtoota yakkaa fi hawaasa walitti fiduun akkataa waldhabbii uumame itti furan akeekuu danda'eera.[26]

Kana booda hayyuuleen baay'een waa'ee dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu (restorative justice) kanaa waan hedduu barreessaniiru. Biyyootni hedduun sirna haqaa idilee isaani keessatti rakkoolee mul'ataniif akka furmaataatti sirnicha ilaaluu jalqaban. Fakkeenyaaf biyyi Niwuuziland bara 1989 dhimmota yakkaa dargaggoota waliin walqabatan ilaalchisee sirna kana hojii irra oolchuu jalqabde.[27]

Barri 1970 fi 1980 mootaa yeroo waldhabbii mala aadaatiin hiikuun, gaaddisa hiikkaa waldiddaa filannoo jalatti sadarkaa beekamtii gaarii irra gaheedha. Dhimma yakkaa karaa aadaan xumuruun kunis; jaarsummaan, ilaaf ilaammeen akkasumas jaarsummaa murtii dirqisiisaa kennuu danda'u (arbitration) ta'uu danda'a.[28] Dhimmoota mala aadaatiin xumuruun baroota kana keessa sadarkaa beekamtii gaariirra haga'uyyuu malee dhimmichi adeemsa haaraa akka hin taane;

[23] An overview of the history and theory of transformative justice, peace and conflict review volume 6.
[24] Akkuma oliitti lakk. 23ffaa.
[25] Akkuma oliitti lakk. 20ffaa.
[26] Akkuma oliitti lakk. 25ffaa.
[27] Haward Zehr 2001, little book of restorative justice fuula 2.
[28] Melissa Lewis and Les McCrimmon The Role of ADR Processes in the Criminal Justice System: A view from Australia 2-3 (2005), available at http://www.doj.gov.za/alroes /conferences/papers/ent.s3_mccrimmo.pdf.

hawaasni baay'een akka waliigalattii fi ummatoonni naannoo tokko jiraatan akka addaatti kan isaan waldhabbii isaanii ittiin furataa turan ta'uu isaati. Yaaduma kana barreeffamni deeggaru tokko akka armaan gadiitti kaa'a.

> *It has been noted by commentators that ADR processes are not 'new' but rather have been*
>
> *Rediscovered, as informal justice mechanisms have long been the dominant method of dispute Resolution in many societies, and in Indigenous communities in particular;*
>
> *The 'rebirth' of ADR is often associated with the development of community justice centers to resolve neighborhood disputes in the 1970s and 1980s. Subsequently, the use of ADR processes spread into other areas, such as family, environmental, commercial and industrial disputes.*[29]

Itti fayyadamni hiikkaa waldiddaa filannoo waldhabbiiwwan gosa kamiyyuu (kan hariiroo hawaasaas ta'e kan yakkaa) hiikuu irra darbee yeroo dhiyoo asitti rifoormiiwwan adda addaatiin qaamni kana hojjetullee akka dhaabbatu ta'aa tureera.[30] Akka fakkeenyaatti rifoormiwwan seeraa kan biyyoota Afrikaa fi Awustraaliyaa keessatti ta'aa turan hiikkaan waldiddaa filannoo dhimma yakkaa keessatti akkaataa itti hojiirra ooluu danda'u irratti ture.

Hogbarruuwwan waa'ee hiikkaa waldiddaa filannoo irratti jiran baay'een isaanii, dhimma yakkaa furuuf hiikkaa waldiddaa filannoo xiqqoo ykn tasumayyuu akka hin fayyadamne ibsu. Kanas yoo sababeessan, dhimmi yakkaa falmii mootummaa fi nama yakka raawwate gidduutti ta'u waan ta'eef karaa mana murtiin xumuramuu kan qabu ta'uu ibsu.[31] Adeemsi hiikkaa waldiddaa filannoon dhimma yakkaa xumuruu biyyoota lixaa keessatti yaad-rimee haaraadha. Gama tokkoon hiikkaa waldiddaa filannoo dhimma yakkaa walfalmii gamaa gamanaan manneen murtii keessatti ta'utti quufinsa dhabuu irraa ka'uun kan fayyadaman yoo ta'u; gama biraan immoo sirni haqaa idilee dhibbeentaa irra deddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu dadhabuu irra darbee dargaggoonni yakka raawwatanii fi nni namootnni naannoo tokko jiraatan (indeginous) irra deddeebi'anii akka yakka raawwatan gochuu danda'a. Haaluma walfakkaatuun sirni haqa yakkaa idilee miidhamtoota yakkaaf bakka kan hin kennine, yakkas akka waldhabbii hawaasaatti

[29] H Astor and C Chinkin, Dispute Resolution in Australia (2nd ed, 2002), page 6.
[30] Akkuma oliitti lakk. 28ffaa
[31] Akkuma oliitti lakk. 30ffaa.

kan hin ilaalleedha jechuun hiikkaa waldhiddaa filannoo sirna haqa yakkaa keessattillee fayyadamuun dhimma yeroo ta'uu isaa kaa'aniiru.[32]

Hiikkaa waldiddaa filannoo keessaa tokko kan ta'e jaarsummaan (mediation), biyyoota heedduu keessatti waldhabbiin yakkaa keessumattuu yakkoota dargaggootaan raawwataman kan ittiin furamuudha. Biyyootni baay'een dhimma yakkaa jaarsummaan xumuruu seera yakkaa isaanii keessaatti haguuggii akka qabaatu taasisaniiru.[33] Fakkeenyaaf, Romaniiyaa kewwata 67-70 seeraa yakkaa ishee 192/2006; akkasumas biyyoota akka USA, Kanaadaa, Inglaand, Fiinlaand dhimma dargaggoota yakka raawwatanii furuuf jaarsummaa (mediation) fayyadamu.[34]

Jaarsummaan walfakkeenya kan qabanii fi sirna Ristooreetiiv jastisii keessatti kan beekaman sagantaawwan dhimma yakkaa furuuf gargaaran sadiitu jiru.[35] Sadeen isaanii mata duree maalummaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu keessatti bal'inaan kan ibsaman ta'ee; Sagantaawwan dhimmi yakkaa karaa aadaa ittiin xumuramu keessaa inni guddaa fi beekkamaan Sagantaa araaraa miidhamaa-balleessa (victim-offender mediation program) isa jedhamuudha. Kunis kan yakka raawwatee fi irratti raawwatame walitti fidanii mariisisuun akka walii galanii fi nageenyi gidduu isaaniitti bu'u sagantaa taasisuudha.[36] Sagantaan kunis dursa kan jalqabe biyya Kanaadaa keessaatti yoo ta'u, sagantaawwan walfakkaatan gara maagalota gurguddoo Ameerikaa fi naannoo baadiyyaa isheetti babal'achuun dargaggoonninni yakka raawwatanis ta'e ga'eessotnni waldhabbii isaanii kan ittiin furataa turaniidha.[37]

Sagantaawwan kun yakkoota qabeenya irratti raawwataman; kan akka qabeenya balleessuu, mana cabsanii yakka raawwachuu, ajjeechaa daguu, saamicha faa furuuf kan oolaniidha.[38] Akkasumas yakkoota sassalphoo kannee galmeen yakkaa akka baay'atan taasisan furuuf mala kanatti fayyadamu.[39]

---

[32] Akkuma oliitti lakk. 31ffaa.
[33] http://www.manupatrafast.com/articles/PopOpenArticle.aspx?ID=5ff4acc7-53ef-4d12-a0a8-1b41ab12beba&txtsearch=Subject:%20Arbitration kan ilaalame guraandhala 2006.
[34] Akkuma oliitti lakk. 33ffaa.
[35] Maggie T. Grace, criminal alternative dispute resolution: restoring justice, respecting responsibility and renewing public norms. Vol. 34:563
[36] Akkuma oliitti lakk. 35ffaa.
[37] Akkuma oliitti lakk. 36ffaa.
[38] Akkuma oliitti lakk.37ffaa.
[39] Akkuma oliitti lakk.38ffaa.

Mala aadaatiin dhimmoota yakkaa xumuruu hayyoota sirna haqa yakkaa qoratan biratti yaada mormii fi deeggersaa kan qabuudha. Deeggartootni sirna kanaa hawaasni adeemsa sirna haqaan ala waldhabbii isaanii akka furatan kan aangessu waan ta'eef waldhabbii yakkaa furuurra darbee guddina hawasaatiif gumaacha olaanaa kan qabuudha.[40] Gama biraan dhimma yakkaa keessatti miidhamaa mootummaa qofa gochuun ilaaluurra, yakki akka walitti dhufeenya warra yakkaan miidhamanii, kan yakka raawwatee fi hawaasa akka waliigalaatti booressutti ilaaluu qabna jedhu.[41] Akkas taanaan ammoo, waldhabbiwwan mala aadaatiin hiikuun kan miidhaa dhaqqabe dhidhiibu, nageenyas buusuu fi hariiroon gaarii haawisicha gidduu akka jiraatu taasisu waan ta'eef dhimmicha fayyadamuun barbaachisaadha.[42]

Deeggartootni dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu akkuma jiran kanneen yaadicha qeeqanis ni jiru. Kaanneen keessaa tokko hayyuu **Owen Fiss** jedhamuudha. Hayyuun kun, akkuma hiikkaan waldiddaa filannoo guddachaa dhufeen mormii dhimmicha irratti qabu barruu isaa '*Against settlement*'jedhu irratti waldhabbiwwan yakkaa kan furamuu qaaban karaa mana murtiin ta'uu akka qabu kaa'eera.[43] Hayyichi Sababa isaa yoo ibsu; waldhabbiwwan karaa sagantaawwan hiikkaa waldiddaa filannoo dhimma yakkaatiin yoo xumuraman, yakki gara waldhabbii dhuunfaatti deebi'a waan ta'eef dhimma hawaasummaa yakkaa hambisa; nageenya malee haqa hin argamsiisu jechuun haqa argamsiisuu kan danda'u mana murtii akka ta'e ibsuun, dhimmi yakkaa karaa mana murtii xumuramuu qaba jechuun deeggartoota yaadichaa qeeqa.[44] Dabalataanis manneen murtii dandeettii waldhabbii hiikuu isaaniitiin kan madaalaman waan ta'eef, dhimmoonni gara qaamolee kanneenii dhufuun hafee mala aadaatiin kan xumuraman yoo ta'e dandeettii dhimma furuu qaamolee kanaa hir'isa jechuun nni mala aadaatiin mala aadaatiin qeeqa.[45]

Hayyuun kun nageenyi nama yakka raawwaatee fi miidhamaa gidduutti yoo bu'e hawaasni beenyaa hin argatiin hafa jechuun dhimmi yakkaa araaraan osoo hin taane mana murtiin xumuramuu qaba jedha.

---

[40] Akkuma oliitti lakk. 39ffaa.

[41] Endalew Lijalem Enyew.June, 2013 AMOVE TOWARDS RESTORATIVE JUSTICE IN ETHIOPIA: ACCOMODATING CUSTOMARY DISPUTE RESOLUTION MECHANISMS WITH THE CRIMINAL JUSTICE SYSTEM

[42] Akkuma oliitti lakk. 40ffaa.

[43] Owen M. Fiss, against settlement, 93 YALE L.J. 1073(1984).

[44] Akkuma oliitti lakk. 42ffaa.

[45] Akkuma oliitti lakk. 44ffaafuula 568.

## 2.2. Maalummaa dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu

Maalummaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu yaad-rimee adda addaan ibsama. Barreeffamoota dhimmicha irratti barreeffaman keessaa, kitaabni *Handbook of Restorative justice* jedhamu dhimmicha haala qindaa'aa ta'een kan hubachiisuudha. Maalummaa Kana ibsuufis kitaabichi yaad-rimeewwan sadii olkaa'eera.[46] Yaad-rimeewwan kun sadeen akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

**A. Yaad-rimee dhimmamtoonni yakkaa walitti dhufanii mari'achuu (encounter conception)**

Akkaataa yaad-rimee kanaatti yakki /waldhabbiin/ erga uumame booda adeemsa sirna idileetiin ala dhimmamtoota kan ta'an; miidhamaa yakkaa, nama yakka raawwate fi hawaasa qaamaan walitti fiduun waa'ee yakkichaa waliin mari'achuun akkaataa dhimmicha itti murteessaniidha. Kanaafuu, akka yaad-rimee kanaatti barsiifataalee (practices) adeemsa dhimmamtoonni yakkaa walitti dhufanii mari'achuun yakka uumameef furmaata itti kennan amala yaadi-rimee kanaa akka ta'etti hubatama.

**B. Yaad-rimee kiisuu (reparative conception)**

Sirna haqaa idilee keessatti nama yakka raawwate adabuun haqa mirkaneessuun hojii ijoodha. Akka deeggartoota yaad-rimee kanaatti adabamuun nama yakka raawwatee miidhamaa yakkichaatif haqa argamsiise jechuun hin danda'amu.[47]

Yakki yommu raawwatu walitti dhufeenyi namoota gidduu jiru ni diigama. Miidhamaa yakkicha irra miidhaan haamilee fi qabeenya ni gaha. Kanaaf akka yaad-rimee kanaatti miidhaa dhaqqabe kiisuun qaaama sirna haqa kanaati.

**C. Yaad-rimee jijjiirama irratti xiyyefatu (transformative conception of restorative justice)**

Yaad-rimeen kun jireenyi nama kamiiyyuu namoota biroo fi naannoo isaa waliin walitti hidhamiinsa cimaa kan qabu waan ta'eef, dhimmi yakkaa tokko qofaa isaa adda ba'ee ilaalamuun irra hin jiraatu yaada jedhu qaba. Kana irraa kan ka'e waldhabbii hiikuu keessatti xiyyeeffannoon jireenyaa fi ilaalcha namoota akkasumas caasaa hawaasaa jijjiiruu irratti ta'uu akka qabu ibsa.

[46] Handbook of restorative justice 2007 fuula 9-16.
[47] Akkuma oliitti lakk. 46ffaa.

Falmii fi garaagarummaan yaaddamaa (theory) kana irratti jiru akkuma jirutti ta'ee, yeroo ammaa kana *ristooreetiiv jastisiin* fudhatamummaa guddaa argateera.[48] Sochii haaraa mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruu (restorative justice) jedhamu kanaaf hiikaan hundi irratti waliigale hin kaa'amne. Kanaafuu irra caalaan ogeeyyotaa galmaa fi kaayyoo haqaa kana irraa ka'uun hiikaa hojiif ta'u kennu.

Hiikaa sirnichaaf kenname keessa beektonni baay'een kan itti waliigalanii fi hogbarruu hedduu irratti kan ibsamu hiikkaa hayyuu **Tony.F Marshal** jedhamuun kennameedha. Hayyichi yaad-rimee kanaaf hiikkaa yoo kennu, *"Restorative justice is a process whereby all the parties with a stake in a particular offence come together to resolve collectively how to deal with the aftermath of the offence and its implications for the future"* jechuun hiikeera.[49]

Kanarraa wanti hubatamu yaad-rimichi yakki erga raawwatamee booda adeemsa dhimmamtootni walitti dhufanii; wa'ee yakkichaa fi bu'aawwan inni gara fuul-duraatti hordofsiisuu danda'u waliin hiikan akka ta'eedha. Gumiin dhimma diinagdee fi hawaasummaa mootummoota walta'anii (ECOSOC) malootni aadaa dhimma yakkaa hiikuun nagaa fi tasgabbii buusan hundinuu sirna kana jalatti akka hammataman waliigaltee biyyoota miseensaa waliin godhame irratti ibseera.[50] Dhimma yakkaa karaa aadaatin xumuruu 'restorative justice'n kunis qajeeltowwanii fi sagantaaawwan adda aaddaa qaba.

### 2.2.1. Qajeeltowwanii fi sagantaalee dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu (restorative justice)

Adeemsa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu 'Restorative justice' keessatti qajeeltowwan gurguddoo sadiitu jiru.[51]

1. Qajeeltowwan kanneen keessaa inni tokkoffaan, **yakki adda dureen gocha ummata irratti raawwatamuu fi hariiroo isaanii miidhu kan jedhuudha.**[52] Kanarraa kan ka'e

[48] ECOSOC Resolution 2002/12 Basic principles on the use of restorative justice programmes in criminal matters para.20.
[49] Tony .F Marshal (1996)
[50] Akkuma oliitti lakk. 48ffaa.

[51] Akkuma oliitti lakk. 27ffaa fuula 82.

[52] Akkuma oliitti lakk. 51ffaa fuula 83.

akka qajeeltoo kanaatti namni yakkaan miidhame, hariiroon sababa yakkichaatiin jeeqamee fi hawaasni bakka isaa duraatti deebiyuu qaba.

2. Qajeeltoon lammaffaan immoo, **Seera darbuun dirqamaa fi ittigaafatamummaa hordofsiisa jedha.**[53] Akka qajeeltoo kanaatti namni yakka raawwate hanga danda'ametti wanta balleesse sirreessuuf dirqama qaba. Dirqamni inni duraas miidhamaa yakkaatiif waan ta'eef mala aadaatiin dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruun 'restorative justice' miidhamtoota yakkaa dhimma isaanii irratti sirnaan akka hirmaataniif kan aangessuudha.
3. Qajeeltoon inni sadaffaan, **xiyyeeffannoon dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu 'Restorative Justice' nama balleesse adabuu osoo hin taane miidhaa dhaqqabe bayyanachiisuu fi badiiwwan raawwataman sirreessuudha.**[54] Kanas miidhamtoota yakkaa giddu galeessa gochuun, kanneen yakka raawwatanis adeemsa waldhabbii hiikuu kana keessatti dhimmamtoonni fedhiin akka hirmaatanii fi qaamaan walitti dhufanii akka yaada waljijjiiran gochuun namootnibadii raawwatan itti gaafatamummaa akka fudhatan taasisa.[55] Murteen adeemsichaan kennamus fedhii dhimmamtoota adeemsicha keessatti hirmaatanii irratti kan hundaa'e ta'a jechuudha. Dhimmamtootni keessattuu miidhamaa fi balleessaan adeemsicha keessatti hirmaatanii miira isaanii kan ibsatan, akkasumas waan ta'uu qabu walumaan kan murteessan waan ta'eef murteen sunillee raawwatamummaa qaba jedhamee amanama.

Mala aadaatiin dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruun kunis sagantaawwan adda addaatiin hojiirra oola. Sagantaawwan kanneen keessaa baay'inaan kan hojiirra oolannni kanneen armaan gadiiti.

- **Sagantaa araaraa miidhamaa-balleessa (victim-offender mediation**)

Sagantaan kun adeemsa namni yakka raawwate (balleessaa) miidhamaa waliin iddoo namni isaan gargaaru jirutti qaamaan walitti dhufuun waldhabbii /dhimma yakka raawwatee/ ittiin hiikkataniidha.[56] Adeemsi kun sagantaawwan jiran keessaa kan jalqabaati. Yeroo baay'ees dhimmootni adeemsa kanaan ilaalaman yakkoota sassalphoodha.

[53] Akkuma oliitti lakk. 52ffaa.
[54] Akkuma oliitti lakk. 53ffaa fuula 85.
[55] Akkuma oliitti lakk. 54ffaa fuula 86.
[56] UN Handbook on restorative justice page 17-26.

❖ **Kora miseensota maatii /family group conferencing/**

Adeemsa kana keessatti maatii fi firri dhiyoo miidhamaa fi ballessaa walgahanii waa'ee yakka uumamee ka'umsa isaa, miidhaa dhaqqabee fi fuul-duratti maal godhamuu akka qabu waliin mari'atu.[57] Adeemsi kun aadaa saba '**ma'orii**' biyya Niwuuzlaanditti argaman kan bu'ureeffateedha. Adeemsichi keessumattuu dhimma dargaggoota yakka raawwatanii ilaaluuu irratti bu'a qabeessa ta'uun hubatamee biyyoonni akka Awustiraaliyaa, Afrikaa kibbaa, Ayerlaand fi kan biroos dhimma itti bahaa jiru.[58]

❖ **Gurmuun murteessuu /circle sentencing/**

Gurmuun murteessuun aadaa ummata bakka tokko yeroo dheeraaf jiraatanii (indeginous community) biyya Kanaadaa irraa kan fudhatameedha.[59] Adeemsa kana keessatti miidhamaan yakkaa, balleessan /kan yakka raawwate/, miseensotni hawaasaa ykn jaarsoleen ogeeyyii qaamolee sirna haqa idilee biroo faana walitti naanna'anii taa'uun waa'ee yakka raawwatamee fi gara fuul-duraa maal ta'uu akka qabu kan itti murteessaniidha.[60] Adeemsichi sirna haqaa idilee keessatti hawaasa kallattiin hirmaachisuun haala haqni itti kennamu irratti fakkeenyummaa gaarii qaba.

### 2.3. Dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun akka Addunyaatti maal akka fakkaatu

Mala aadaatiin dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruun sadarkaa idil-addunyaatti hojiiwwan haqa argamsiisuuf deeggaran ta'uu irra darbee imaammata ta'uu irra ga'ee jira.[61] Kanas sadarkaa dhaabbata biyyoota walta'anii (UN) tti qaamolee humna qaban sadan: - Walgahiilee dhabbata biyyoota walta'anii, (United Nation forum), dhaabbilee miti mootummaa (NGO) fi biyyoota dhaabbata mootumoota walta'aniif miseensa ta'aniin dhimmichi ajandaa ta'ee akka irratti dubbatamu ta'aa tureera. Sadarkaa idil-ddunyaatti diklareeshinoota dhimma 'Restorative justice' irratti jiran yoo ilaallu hanga danda'ametti dhimmichi haguuggii seeraa yeroo argatu, aadaa

[57] Akkuma oliitti lakk. 56ffaa.
[58] Akkuma oliitti lakk.57ffaa fuula 17-26.
[59] Akkuma oliitti lakk. 58ffaa.
[60] Akkuma oliitti lakk. 59ffaa.
[61] Cindy J Smith, International Policy Formation: The Development of Restorative Justice Policy within the United Nations from the abstract which could be accessed at; http://link.springer.com/article/10.1007%2Fs10610-005-2991-9. Kan ilaalame Guraandhala 2006 ALH.

boodatti hafaa hanga hin taanetti isuma ummata itti fayyadamu sana biratti baratame ta'uu akka qabuudha.[62]

Dhaabbatni mootummoota walta'anii kan biyyi kun miseensummaa isaa qabdu bara 1985 dhimma 'Restorative justice' irratti maloota aadaatti fayyadamuun waldhabbii hiikuu irratti declarashinii baaseera.[63] Bifuma walfakkaatuun mirga namoota naannoo tokko yeroo dheeraaf jiraatanii/indeginous people/ irratti; dhaabbatni mootummoota walta'anii aadaa, jaarmiyaalee fi caasaa isaa akka standardii mirga namoomaatiin kaa'ameen guddisuu fi eeguu akka danda'an kaa'eera.[64]

Dhimmi kun sadarkaa Awurooppaatti bara 1999 irraa eegalee akkaataa itti guddachuu danda'u irratti konfiraansiwwaan adda addaa gaggeeffamaa akka turan hubatameera. Konfirensiiwwan kunis:-

- Bara 1999 irraa kaasee dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu (restorative justice) irratti biyyoonni Awurooppa konfiraansiwwan torba kan taasisan yoo ta'u; inni calqabaa Onkoloolessa 27-29 bara 1999 **Leuven** tti kan gaggeeffame. Dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu irratti marii taasifameen dhimmichi yaaddamaa fi imaammata irratti hundaa'uun hojjetamuu akka qabu kan jedhu ture.[65]
- Konfiraansiin inni lammaffaa walitti dhufeenyi bulchiisa sirna haqaa fi kan karaa aadaan dhimmoota yakkaa xumuruu kan waldeeggaru ta'uu isaa ibsuun; qaamoleen haqaa kan karaa aadaatiif beekamtii keennuun barbaachisaa akka ta'e kallattii kaa'aniiru.[66]
- Konfiransiin inni sadaffaan Onkoloolessa 14-16, 2004 **Biyya Hangaarii magaalaa Budaappest** tti kan gaggeeffame yoo ta'u; dhimmi waldhabbii yakkaa karaaa aadaatiin xumuuruu Awurooppaatti sadarkaa maaliirra akka jiru gaggamuu irratti kan xiyyeeffatu ture. Kanaanis biyyoota Awurooppaa baay'ee keessatti sadarkaa gaarii irra kan jiru ta'ullee biyyoota Awuroppaa lixaa keessatti hanga barbaadamu hin deemne waan ta'eef,

[62] Lima Declaration on Restorative Juvenile Justice http://www.crin.org/docs/FileManager/LimaDeclarationRJJNov09_EN.pdf kan ilaalame Guraandhala 2006 ALH.
[63] United Nations declaration of basic principles of justice for victims of crime and abuse of power (1985).
[64] United Nations Declaration on the Rights of Indigenous Peoples, 13 September 2007, Art. 34, GA Res. 61/295 annex, UN Doc A/RES/61/295, 1, 9.
[65] http://www.euforumrj.org/events/conferences/ kan ilaalame Guraadhala 2006 ALH.
[66] Restorative Justice and its Relation to the Criminal Justice System Papers from the second conference of the European Forum for Victim-Offender Mediation and Restorative Justice, Oostende (Belgium), 10-12 October 2002 fuula 3.

dhimmichi kan sirna haqaa waliin deemuu ta'uun isaa hubatamee irratti hojjetamuu akka qabu kallattii kaa'ameera.[67]

- Inni Afraffaa Waxabajjii 15 - 17, 2006, **Biyya Ispeen magaalaa Baarseloonaa** mata duree *'Restorative justice and beyond - an agenda for Europe'* jedhu irratti dhimmoota Shan irratti marii taasisuun gara hojiitti hiikuun barbaachisaa akka ta'e walii galaniiru. Dhimmootni isaan irrati mari'atanis:-
    - Mala aadaatiin waldhabbii yakkaa hiikuun akkaataa nageenya buusuu fi ijaaruu danda'u;
    - Dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu keessati hawaasni bal'aan giddu lixiinsa qaamolee sirna haqaa malee akkaataa itti fayyadamuu mala aadaatiin danda'u irratti;
    - yakkaa ciccimoo qofa irratti osoo hin daanga'iin akkaataa dhimmoonni karaa aadaan xumuramuu danda'an irrattinni mala aadaatiin ;
    - Dhimmi kun manneen barumsaa keessatti akkataa itti dagaaguu danda'uu fi
    - Barsiifataalee gaarii dhimmicha irratti jiran akkaataa dhimmoota gara fuula duraatti dhufaniif bu'uura ta'uu danda'an irratti ture.[68] Konfiransii kana irraatti dhimmoota yakka sasalphoo qofa osoo hin taane kanneen ciccimoo ta'anis karaa aadaan yoo xumuraman namni yakka raawwate itti gaafatamummaa waan fudhatuu fi miidhamaanis akkaataan beenyaa itti argatu waan mijaa'uuf gaarii akka ta'etti ibsame.
- Inni shanaffaa **Biyya Xaaliyaaniitti** kan gaggeeffame yoo ta'u, dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruu akka waliigalaatti, keessumattuu biyyoota Awurooppaa Lixaa keessatti guddisuuf gamataan Awurooppaa gumaacha olaanaa taphachuu akka qabu kan akeeke ture..[69]
- Inni jahaffaan Waxabajjii 17 – 19, 2010, **Biyya Ispeen magaalaa Bilbaa'ootti** mata duree '*doing Restorative Justice in Europe: Established Practices and Innovative Programmes'* jedhu irratti ture. Kana irra darbees konfirensiin biyyota Awurooppaan

[67] Akkuma oliitti lakk. 65ffaa.
[68] Akkuma oliitti lakk. 67ffaa.
[69] Report of the fifth conference of the European Forum for Restorative Justice, Building restorative justice in Europe: cooperation between the public, policy makers, practitioners and researchers, Verona, 17-19 April 2008 pdf.could be accessed on (www.euforumrj.org)

gaggeeffame inni torbaffaa namoota walitti fiduun rakkoo hiikuu irratti gaheen inni gumaachu guddaa akka ta'e ibsuun dhimmi aadaan dubbii fixuu barbaachiisaa akka ta'etti ibsame.[70]

Kanarraa hubachuun kan danda'amu biyyoonni Awurooppaa seera itti baasuu irra darbanii akkaataa itti hojiirra oolu irratti kan mari'atan ta'uu isaati. Biyyoota Afrikaa hedduu keessatti dhimmoota yakkaa maloota aadaatti fayyadamuun xumuruun durii calqabee kan beekamu ture. Ergifannaa seerotaa biyyoota lixaa irraan kan ka'e dhimmichaaf bakka kennuun hir'atee kan ture ta'us yeroo ammaa dhimmichi aadaa fi duudhaa hawaasaa yaada keessa kan galchu waan ta'eef itti fayyadamummaan isaa dabalaa dhufeera. Keessattuu Ruwaanadaa fi Afrikaa Kibbaa keessatti yakkoota fixiinsa sanyii namaa illee adeemsa karaa mana murtii qofaan hiikuun rakkisaa waan ta'eef maloota aadaa fayyadamuun dhimmicha furaa kan turan ta'uu isaati.[71] Ruwaandaa keessatti dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan hawaasni itti fayyadamaa ture dhimma fixiinsa sanyii namaa uumame furuuf qaama mootummaan 'Gacaca court' hundeessuun dhimmichi akka furamu taasifamaa tureera.[72] Bifuma walfakkaatuun Rippuublika Afrikaa Kibbaa keessatti kan Appartaayidiin gaggeeffamaa ture karaa dhiifamaan dhimmichi furamata argachuu kan danda'e. Kunis amala waldhabbiwwan mala aadaatiin xumuruu waliin kan walfakkaatuu fi nageenyi amansiisaa biyyattii keessatti akka dhufu kan taasiseedha.

### 2.4. Muuxannoo biyyootaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu

Kutaa asiin olii irratti mala aadaatiin dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruun durii calqabee kan turee fi yeroo ammaa kana immoo akka addunyaatti fudhatama guddaa argatee irratti hojjetamaa kan jiru ta'uu ilaalleerra. Amma immoo dhimma kana irratti biyyoonni ambaa muuxannoo akkamii akka qaban kan ilaallu ta'a.

Biyyoonni addunyaa kanaa baay'een isaanii dhimmoota yakkaa furuuf karaa aadaa fi karaa adeeemsa seera idilee walfaana fayyadamu. Dhimmoota yakkaa kan mala aadaatiin xumuramuu danda'an mala aadaatiin, kanneen biroo ammo karaa adeemsa seera idileetiin furmaata argatu. Biyyoota baay'ee kanneen dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuran keessaa kanneen sirna aadaan waldhabbiiwwan yakkaa xumuruun baay'ee beekaman, haalli bulchiisa sirna haqaa

[70] Akkuma oliitti lakk. 68ffaa.
[71] Jennifer G Riddell LL.B (University of Aberdeen) 2005 Addressing Crimes Against International Law: Rwanda's Gacaca in Practice fuula 20.
[72] Akkuma oliitti lakk. 71ffaa fuula 46.

isaanii kan biyya keenyaa waliin walfakkaatanii fi sirna Mootummaa Federaawaa akkasumasa sabaa fi sab-lammoonni adda addaa keessatti argami filachuun muuxannoo isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

### 2.4.1. Muuxannoo Biyya Hindii

Maloota aadaatiin waldhabbii xumuruu keessaa tokko ta'e jaarsummaan (Mediation), Hindiif haaraa osoo hin taane, biyya Ingliziin osoo hin koloneeffatamiin dura jaarrotaaf tooftaa isaan waldhabbii furuuf fayyadamaa turaniidha.[73] Biyyicha keessatti mala aadaatiin waldhabbii yakkaas ta'e kan hariiroo hawaasaa xumuruun ammallee itti fufee jira. Biyya Hindii keessatti seenaan hiikkaa waldiddaa filannoo; Gama tokkoon hundeeffama siyaasa biyyattiin, gama biraan immoo dhufaatii daldalaatii waliin walqabata. Seenaan yoo ibsu ADR'n akka mala waldhabbii hiikuutti kan beekame yeroo durii keessadha.[74] Naannolee baadiyyaa Hindiyaa keessatti '***Panchayat***' kan jedhaman jaarsolii naannoo sana keessatti kabaja qabaniitu waldhabbiiwwan hawaasa sana gidduutti uumamu kamiyyuu fura ture.

Dhaabbatni kun hawaasa biyyattii birayyi akka filannootti kan waldhabbii isaanii ittiin furatan qofa osoo hin taane akka bulchiinsa haqaa naannichaatti ilaalu. Inni kun kan ummatni naannicha keessa jiraatu durii jalqabee ittiin waldhabbii isaa hiikkataa ture yoo ta'u, sirni qaamni aangoo qabu diriirses akkuma jirutti lammanuu walmaddii waldhabbiwwan kan ittiin furamaniidha.[75] Biyya kana keessaatti Sirni haqaa hammayya kolonii Ingliziin dhufe sirna bulchiisa haqaa kan aadaa jijjirullee jaarmiyaaleen aadaa kun hojii isaani ittuma fufuun waldhabbiiwwan hawaasichaa furaa turaniiru. Haaluma kanaan biyyittiin bara 1908 keessa maloota hiikkaa waldiddaa filannootiif haguuggii seeraa seera adeemsa falmii siivilii keessatti akka argatan gooteetti.[76]

Yeroo dhiyootii as hiikkaa waldiddaa filannoo (ADR) keessatti baratamaa kan dhufe dhimma yakkaa furuuf hojiirra ooluu isaati. Dhimma yakkaa mala aadaatiin furuun yeroo ka'u, maloota

[73] http://law.hamline.edu/files/Article%205_Mediation_Its_Origin_and_Growth_in_India_Xavier.pdf kan ilaalame Guraandhala 2006.
[74] http://www.phnompenhpost.com/national/alternative-dispute-resolution-no-place-criminal-defence. kan ilaalame Guraandhala 2006 ALH.

[75] Akkuma oliitti lakk.74ffaa.
[76] Akkuma oliitti lakk. 75ffaa.

itti fayyadaman keessaa jaarsummaan isa hangafaati.[77] Hindiyaan seera adeemsa falmii yakkaa isaanii keewwata 320 irratti namni yakka raawwatee fi kan irratti raawwataame waliigaluun dhimma isaanii xumurachuu akka danda'an ibsuun; yakkoota keeyyata seera yakkaa isaanii keessaa isaan kam akka ta'e seera adeemsa falmii yakkaan tarreessanii kaa'aniiru.[78]

Kunis kan namatti argisiisu aadaa ummataa yaada keessa galchuun dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu seera isaanii keessattis haguuggii akka kennaniidha. Keewwatichis:

> *320. Compounding of offences. (1) The offences punishable under The sections of the Indian Penal Code specified in the first two columns of the Table next following may be compounded by the persons mentioned in the third column of that Table:-*

'Compounding' jecha jedhu kanaaf hiikkaan kuusaa jechootaa '**Webster'** jedhamu dhimma hariiroo hawaasaa keessatti hanga waliigalan kanfaluun waldhabbii hiikuu jechuu yoo ta'u; dhimma yakkaa keessatti ammoo dhimma dhuunfaaf jecha himannaa dhiisuudha jechuun hiika. Kanarraa hubachuun kan danda'amu biyya Hindii keessatti dhimmoota murtaa'an irratti namni yakki irratti raawwatamee fi kan yakka raawwate dhimmicha yoo karaa aadaa isaanii xumuratan gara mana murtiitti fiduu dhiisuun akka danda'amuudha.

Dhimmota tokko tokko irratti ammoo miidhamaa fi namni yakka raawwate waldhabbicha eeyyema mana murtii dhimmicha ilaalaa jiruutiin karaa aadaan xumurachuu akka danda'aniidha. Yakkoonni miidhamaa fi shakkamaan yoo waliigalan gara mana murtii fiduun hin barbaachisne baay'een isaanii kannen sasalphoo akka ta'an keewwatoota seera adeemsa falmii yakkaan gara seera yakkaatti qajeelfamanii yoo dubbifne kan hubatamuudha. Akka fakkeenyaatti seera yakkaa isaanii keewwatoota 500, 503, 506 fi kkf fudhachuun ni danda'ama. Keewwatoonni kun walduraa duubaan maqa balleessii, arrabsoo fi doorsisuudha. Adabbiin isaaniis hanga hidhaa waggaa lamaa ga'uu kan danda'u, yokiin adabbii qarshii yokiin immoo lamman isaa ta'uu danda'a. Akka seera biyya kanaatti dhimmoota ciccimoo kan hanga hidhaa waggaa torba adabsiisuu danda'u; fakkeenyaf miidhaa qaamaa cimaa meeshaa waraanaa itti dhukaasuun rukutee miidhaa dhaqqabe fa'allee miidhaamaa fi inni miidhaa geessiise yoo dhimma isaanii karaa aadaan xumuratan eeyyama mana murtiin himatichi ka'uu akka danda'u keewwata seera

[77] http://www.manupatrafast.com/articles/PopOpenArticle.aspx?ID=5ff4acc7-53ef-4d12-a0a8-1b41ab12beba&txtsearch=Subject:%20Arbitration kan ilaalame Guraandhala 2006 ALH.
[78] THE CODE OF INDIAN CRIMINAL PROCEDURE, 1973 ACT NO. 2 OF 1974[25th January, 1974.

adaeemsa falmii yakkaa biyya Hindiyaa keewwata 320 kutaa lammaffaa jalatti ibsameera. Kutaan seera yakkaa dhimmichi jalatti argamu akka fakkeenyaatti Seera yakkaa Hindiyaa keeyyata 325 ilaaluun ni danda'ama. Hunda keewwatoota as keessatti tarreessanii kaa'uun rakkisaa waan ta'uuf keewwatoota seera adeemsa falmii yakkaan dhimmoota xumuramuu danda'an jedhamee gara seera yakkaatti qajeelfame dubbisuun dubbisuun hubachuun kan danda'amudha.[79] Biyyi keenyas akkuma Hindiyaa mala aadaatiin waldhabbii hiikuun durii jalqabee kan keessatti beekamuufi nageenya boora'ellee mala aadaan dhimmicha furuun tasgabbiin akka bu'u taasisaa kan turte waan ta'eef muuxannoo kan fudhachuun dhimmichaaf haguuggii seeraa yoo kenniteef sirna haqaa idilee cinatti karaa yakki raawwatame ittiin furamu danda'uu fi hir'ina sirna haqaa idilee keessa jiru ittiin bakka buusuun kan danda'amu ta'uu isaati.

### 2.4.2 Muuxannoo biyya Awustraaliyaa

Awustraliyaan sirna seeraa Inglizi irraa dhaalte waan ta'eef, adeemsa mana murtii biyyittiin hordoftu waliin kan guddatteedha. Niwuzilaandii fi Awustraliyaan maloota mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruu isa '*conferencing*' jedhamutti fayyadamuun yakkoota dargaggootaan raawwataman furuun addunyaa kana keessaa biyyoota dursa qabatanidha.[80]

Malli kun nama yakka raawwate, maatii isaa/shee/, kan yakki irratti raawwatame, maatii isaa/shee/, poolisii, hawaasa naannoo dabalatanii walitti dhufuun waa'ee yakkichaa, sababa maaliif akka raawwatamee? fi akkamitti furmaanni itti kennamee nageenya hawaasichaa mirkaneessa kan jedhu irratti marii taasisun, inni yakka raawwate gocha isaa/isheetti/ qaana'uun itti gaafatamummaa yakkaa akka fudhatan taasisuun dhimmicha kan furuudha. Sirna kana keessatti adabbiiwwan kennaman kan akka afaanii fi barreeffamaan dhiifama gaafachuu, beenyaa kanfaluu, miidhamaa yakkaa yokiin hawaasaaf hojii humnaa hojjechuu fa'a kan hammatuudha. Kunis nama yakka raawwate sana barsiisuu irratti gaheen inni qabu guddaa akka ta'e qorannoon 'Australian Institute of Criminology'tiin gaggeeffameargisiiseera.

Dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun biyya Awustraliyaa keessatti; magaala guddoo ishee (Kanberraa) fi viktooriyaa irraa kan hafe naannoolee jiran hunda keessaatti haguuggii seeraa kan qabuudha. Fakkeenyaaf New south Wales (Australia'n) bara1997 Young Offenders

[79] Akkuma oliitti lakk. 78ffaa.

[80] http://www.aic.gov.au/documents/5/3/D/%7B53D95879-0B21-40BC-B716-3DACF695FA3B%7Dti186.pdf kan ilaalame Guraandhala, 2006 ALH.

Act keessatti dhimma yakkaa; keessattuu yakkoota dargaggootaan raawwataman irratti maloota aadaa adda addaa waldhabbiiwwan hiikan kanneen akka: (victim-offender program, circle sentencing, conferencing) fa'a keessaa kan Awustraliyaan itti fayyadamtuu fi hojiirra oolchuuf seeraanillee haguuggii akka argatu taasiste 'conferencing' isa jedhamuudha.[81]

Yeroo ammaa Awustraaliyaa keessatti sagantaawwan mala aadaatiin dhimmoota yakkaa xumuruu dargaggoota yakka raawwataniifis ta'e kanneen ga'eessotaaf, yakkaa sassalphoo qabeenya irratti raawwatamanii hanga mana cabsanii qabeenya namaa fudhachuutti jiran; irra darbees yakkoota ciccimoo ajjeechaa hanga miidhaa qaamaa cimaallee sagantaawwan 'restorative justice' tti fayyadamuun hiikaa jiru.[82] Biyyi keenyas keessattuu yakkoota dargaggootaan raawwataman irratti sirna diriirsuun akkaataa namootniakkasii mala aadaatiin dhimmi isaanii furamee osoo mana sirreessaa hin seeniin itti gaafatamummaa fudhachuun balleessaa isaanii irraa baratanii fi guddina diinagdee keessatti gahee isaaanii gumaachuu danda'an irratti muuxannoo biyyoota ambaa oliii kanaa irraa fudhachuun gaariidha.

### 2.4.3. Muuxannoo biyya Faransaay

Biyya Faransaay keessaatti dhimmoota yakkaa mala aadaatiin ilaaluu kan 'victim-offender mediation' jedhamu; fooyya'insa seerotaa baroota (1993, 1999), seera adeemsa falmii yakkaa, ajajoota fi yaalii National Institute of Victim Assistance and Mediation (INAVEM) gaggeeffameen haguuggii seeraa argate.[83]

Keewwatni 41(6) seera adeemsa falmii yakkaa isaanii kan bara 1993 hojiirra oolerratti Abbaan Alangaa dhimmoota yakkaa adabbii isaanii waggaa shanii ol hin taane irratti fedhii miidhamaa irratti hundaa'ee mala aadaatiin dhimmicha akka xumuratan gochuu akka danda'udha.[84] Dhimma yakkaa mala aadaatiin akka xuratan gochuun kun dargaggoota yakka raawwatan akkasumas ga'eessota irratti raawwatamummaa ni qaba.

[81] http://www.criminologyresearchcouncil.gov.au/reports/strang/report.pdf kan ilaalame Guraandhala 2006 ALH.
[82] http://www.sclj.gov.au/agdbasev7wr/sclj/documents/pdf/restorative_justice_national_guidelines_discussion_paper.pdf kan ilaalame Guraandhala 2006 ALH.
[83] David Miers (2001), An International Review of Restorative Justice Crime Reduction Research Series Paper 10
[84] Lazerges, 1998; p. 210.As cited by David Miers (2001), An International Review of Restorative Justice Crime Reduction Research Series Paper 10

Biyya kana keessatti mala aadaatiin dhimma yakkaa akka xumurataniif abbaan alangaa yoo deebisu kan irra gahan deebisanii isaaf gabaasu. Qaamni karaa aadaa dhimma kana ilaalus inni yakka raawwate balleessaa isaatti miidhaa geessiseef akka beenyaa kaffalu gochuun jarreen walitti araarsu. Araarri kun namoota dhuunfaa araararsuun beekaman yokaan immoo akka waldaaatti dhaabbatanii dhimma araarsuu irratti ogummaa qabaniin raawwatamuu danda'a.[85] Waldaalee kanas ministeera haqaatu hundeessuuf aangoo qaba.

Ragaan kan agarsiisu bara 1995 keessa dhimmootni 33,600 araaraan akka dhumaniidha. Kana keessaa harki 60 waldaan warra dhaabbataniin yoo ta'u harki 40 namoota dhuunfaa araarsuun beekamaniinidha.[86]

Dhimmoota gara araaraatti ergaman kana keessaa parsantiin 50 miidhaa qaamaa yoo ta'u inni biraan yakkoota qabeenya irratti raawwatamaniidha.[87] Bara 1998 keessa dhimmoota araaraaf ergaman keessa harki 55 waliigaluun kan xumuramaniidha. Ibsoota armaan olii irraa wanti hubatamu biyyi faransaay, kan seerota biyya kanaaf hundee taate dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu seera ishee keessatti haguuggii kennuun dhimmoota yakkaa fedhii miidhamaa irratti hundaa'uun waldhabbii furaa kan jirtu ta'uu isaati. Biyya keenyaafis muuxannoo kanatti fayyadamuun dhimmoota mala aadaan xumuramuu daanda'an karaa sanaan akka furmaata argatan gochuun irra caalmaatti sirna haqaa biyyattii bu'a qabeessa taasisuu danda'a jedhamee amanama.

### 2.4.4. Muuxannoo Niwuuzilaandii

Sagantaawwan dhimmoota yakkaa mala aadaatiin hiikuuf oolaan keessaa, kora miseensota maatii (family group conferencing) kan jedhamu tokkoodha. Sagantaan kun dhimmoota yakkaa daa'immanii fi dargaggotni keessatti hirmaatan furuuf kan oolu yoo ta'u, jalqaba aadaa ummata *Maori* jedhaman biyya Niwuuziland argaman irraa fudhatame.[88] Sabni *Maori* biyyattii keessatti akka ummata naannoo tokko jiraatanii (indeginoes) kan ilaalaman yoo ta'u waldhabbii hiikuuf

[85] Akkuma oliitti lakk. 83ffaafuula 28.
[86] Akkuma oliitti lakk. 85ffaa fuula 30.

[87] Akkuma oliitti lakk. 86ffaa fuula 28.
[88] http://www.netcare-ni.com/media/uploads/Practice%20and%20theory.pdf gaafa 09/08/2006 ALI ilaalame.

falaasama, aadaa fi duudhaa isaanitti dhimma bahaa turan.[89] Jaarraa 19ffaa keessa ummatichi bulchiisa kolonii jala erga galanii booda garuu, aadaan isaani waan cunqurfameef ummatichi rakkoo haqaa hedduu arge.[90] Rakkoo haqaa ummaticha, keessumattuu dargaggoota ummatichaa mudate hiikuuf, akkasumas aadaa ummatichaaf beekamtii kennuuf mootummaan biyyatti bara 1989 seera ummatichi aadaa isaan dhimmoota yakkaa daa'immanii fi dargaggotaan dalagaman hiikuu dandeesisu labse.[91]

Tumamuu seera kanaan booda sabni *Maori* dhimmota yakkaa daa'immanii fi dargaggoota ilaallatan bu'ura aadaa sabichaatin walitti dhufuun mari'atanii akka hiikan aangeffaman. Kunis daa'immanii fi dargagoonni umuriin isaanii 10-17 jiran yakka yoo raawwatan dhimmi isaanii jalqaba irratti gara qaamolee haqaa idilee deemun hafee maloota biraa dhimmichi ittin furamuf dursi kennamuu akka qabu agarsiisa.[92] Haaluma kanaan korri maatii(family group conference) dhimmoota kannen furuu irratti hirmaataa jira. Dhimmi dargaggootaa kunis poolisii ykn mana murtii dhimma dargaggotaa ilaalu(youth court) irraa gara kora maatii qajeeluu(refaral) danda'a. Poolisiin dargaggoo yakka raawwachuun shakkame himachuun dura, kora kana mariisisuu qaba. Dhimmichi korichaan ilaalamee yoo furame kanumaan xumura kan argatu ta'a. Dargaggoon yakka hojjate jedhame mana murtii dargaggootatti erga dhiyaateen booda yakka ittin himatame yoo hin haalle manni murtichaa jecha amantaa isaa galmeessuun osoo hin barbaachisin gara Korichaatti erga. Dargaggichi haala kanaan kora maatitti ergame mirgi yakka ittiin himatame amanuu fi haaluu isaa akkuma eegametti ta'ee yoo amane, furmaatni marii meseensota korichaatin argame walta'iinsa mana murtii fi korichaan kan raawwatu ta'a. Dargaggoon adeemsa kora miseensaota maatii (Family Group Conference) tasifameen yakka itti himatame kan hale yoo ta'e manni murtii dargaggootaa dhimmicha adeemsa idilee falmii dhaga'aa yakkaa jiruun akka xumuramu godha. Falmiin adeemsa idileetin ilaalamaa jiraatu illee manni murtichaa faayidaa qaba jedhee itti amannan dhimmichi gutummaan ykn walakkaan mala aadaatin fala akka argatu ajajuu danda'a. Niwuuzilaandi milkaa'ina dhimma dargaggoota yakkaa raawwatanii maloota aadaatin hikuu irratti argatte gara namoota ga'eessotaattis bal'isuun dhimmota yakkaa

[89] http://www.restorativejustice.org.nz/cms/LinkClick.aspx%3Ffileticket%3DcAxpG%252B1zDbE%253D kan ilaalame gaafa 12/09/2006 ALH.
[90] http://rethinking.org.nz/assets/Maori%20and%20the%20CJS/Maori%20chapter%2012%202007.pdf gaafa 02/10/2006 ilaalame.

[91] Children, Young Persons and Their Families Act 1989.
[92] Section 208(a) of Children, Young Persons and Their Families Act 1989.

mala aadaatin hiikuu sirna idilee faana itti fayyadamaa jirti. Seerri biyyattii dhimmootni yakkaa mala aadaatiin furmaata yoo argatan murtee kennamu keessatti ilaalchi godhamuu akka qabu ibsa.[93] Jalqabarra yakkootni sasalphoon qofti mala aadaatiin kan ilaalamaa turan ta'us, yeroo dhiyoo kaasee garuu fedhii fi faayidaa argame irraa ka'uun, yakkoota ciccimoo kanneen akka hannaa, saamichaa cimaa, miidhaa qaamaa cimaa fi kan biroo illee mala aadaatiin akka xumuraman ta'aa jira.[94] Niwuuzilaand biyya sirna seera koomon loo hordoftu taatullee dhimmoota dargaggoota yakka raawwatanii keessuummeessuu fi tarkaanfii sirreeffamaa fudhatamu irratti muuxannoo gaarii biyya keenyaaf akkasumas naannoo Oromiyaaaf ta'uu dandeessi. Ummatni Oromoo akkuma saba *Maor* ummata jireenya gamtaa jiraatuu fi waldhabbiiwwan hiikuuf duudhaa fi aadaa isaatti fayyadamuudha. Gama biraan immoo seera yakka Itoophiyaa keessatti dargaggoonni yakka yoo raawwatan addabbi idileen ala tarkaanfiiwwan dargaggichaa sirreessuu fi barsiisu fudhatamuu akka qabu ni akeeka. Qamoleen haqaa, keessattuu manni murtii dhimmoota dargaggoota yakka raawwatanii murteessuun dura qaamolee adda addaa irraa odeeffannoo barbaachisu argachuu akka qaban ni ibsa. Murtii manni murtii dabarsu kana raawwachiisuuf qaamoleen hawaasummaa fi mootummaa sirreeffamtoota dargaggootaaf ta'an barbaachisoodha. Haala qabatamaa amma jiruun biyya keenya keessatti giddugaleessii sirreeffamtoota dargaggoota yakka raawwatan irratti tajaajila kennan baay'inaan hin argaman. Sababa kanaaf dargaggootni yakka raawwatan bu'uura seerrri jedhuun sirreeffamaa akka hin jirre hubachuun ni danda'ama. Jaarmiyaaleen hawaasummaa beekumsaa fi aadaa ummataa irratti hundaa'an dhimmota dargaggoota yakka raawwatanii hiikuun gahee olaanaa akka taphatan muuxannoo biyya Niwuuzilaand irraa hubachuun ni danda'ama.

### 2.5. Akka ummata Oromootti jaarmiyaalee dhimma yakkaa mala aadaan xumuranii fi maalummaa isaanii

Nagaan ummata Oromoo biratti dhimma angafaa fi jireenya ilma namaaf barbaachisummaa olaanaa qabuudha.[95] Yaad-rimeen Oromoon nageenya irratti qabu bal'aa kan nama dhuunfaa, hawaasa, naannoo fi samii of keessatti kan hammatudha.[96] Ilaalchi fi xiyyeeffannoon ummatichi

[93] Section 284(1)(f) of children, young persons and their families act 1989.
[94] http://www.iirp.edu/article_detail.php?article_id=NDIy gaafa 02/08/2006 ilaalame.
[95] Tena Dewo the concept of peace among Oromo p.178-179.
[96] Akkuma oliitti lakk.95ffaa.

nagaaf qabu immoo kadhannaa, eebba, sirba, ayyaana, haasawaa, afoola, haala bulchiinsaa, sochii jiruu fi jirreenya ummatichaatin kan ibsamuudha.[97]

Waldhabbiin immoo wantoota nageenya kana booressan keessaa isa tokkoodh. Ummata Oromoo biratti gochi yakkaa miidhaa nama dhuunfaa qofa irratti raawwatu osoo hin taane, hariiroo hawwasaa kan jeequ akka ta'etti hubatama.[98] Ummattni Oromoo nageenyi akka hin hin boorofne eeguuf ykn waldhabbiin erga uumame booda nageenya boora'e iddootti deebisuuf sirnaa fi seera aadaa ofii isaa cimaa ta'e qaba.

Adeemsi nageenya eeguu fi waldhabbiin erga uumamee booda furmaatni itti laatamu kun qaama sirna siyaasaa fi hawaasummaa Oromoo kan ta'e sirna Gadaatiin. Sirni Gadaa jaarmiyaalee gurguddaa sadii of jalatti hammatee jira.[99] Isaanis Gumii Gadaa (Adulaa), Gumii Gaayyoo fi Qaalluu jedhamu. Qaamoleen kunneen sadeen wal ta'uudhaan waldhabbii hawaasa keessatti ka'u adeemsa aadaa fi duudhaa hawaasichaan hiikanii nageenyi ummatichaa akka eegamu godhu.[100]

Adeemsa waldhabbii ittiin hiikan ilaalchisee ummata Oromoo naannoo gara naannotti sababa bal'ina ummatichaa fi laafaa deemuu sirna Gadaatiin garaagarumman mul'achuun isaa kan hin oolleedha. Qorattootni akkaata ummatni Oromoo mala aadaatiin waldhabbii hiiku qoratan maloota kana haala gurmaa'een qooduuf yaalii godhaniiru. Fakkeenyaaf, qorataan Asaffaa Abbabaa jedhamu akkataa ummattni Oromoo waldhabbii itti hiiku iddoo afuritti qooduun ilaale.[101] Isaaniis: ilaa fi ilaamee, jaarsummaa, mala sirna Gadaa fi mala amantii Waaqefannaa jechuudhan adda baasera. Malootni kunneen hundi hawaasa hirmaachisuun waldhabbii uumameef fala kaa'u waan ta'eef yaad-rimee dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan 'Restorative justice' of keessaa kan qabaniidha. Ummata Oromoo biratti jaarmiyaaleen dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuranis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

## I. Gumaa

[97] Akkuma oliitti lakk. 96ffaa.
[98] Akkuma oliitti lakk.97ffaa.
[99] When the Gadaa democracy rules in federal state: master thesis university of tromso by Zelalam Tesfaye fuula 73-81.
[100] Asmaroom laggasaa Gadaa Oromoo democracy fuula 94-132.
[101] Indigenous Mechanisms for the Prevention and Resolution of Conflict: The Experience of The Oromo in Ethiopia Asaffaa Abbabaa fuula 2.

Gumaan adeemsa fi jaarmiyaa ummatni Oromoo nama lubbuu namaa baasee fi warraa namni jalaa ajjeeffame walittii fiduun nageenya itti buusaniidha.[102] Oromoo keessatti namni tokko nama biraa yoo ajjeesse itti gaafatamummaan isaa kan nama ajjesee qofa osoo hin taane kan fira isaas ni ta'a. Sababni firoonni isa nama ajjesee ittigaafatamummaa fudhatuuf, ajjeechaan gochaa miira dallansuu hamaa uumu waan ta'eef bitaa mirgi haaloo ba'uuf gaaga'ma lubbuu fi qabeenyaa akka hin geesifne mala ittiin qabbaneessanidha.

Gumaan sirna itti raawwatamu kan qabu ta'ee; sirna kana keessatti dubartootni, maatii fi firoonni warra gumaa (warra wal-ajjeese) hawaasni fi dhuma irrattis namni ajjeechaa raawwate walitti dhufuun nagaa tooftaa itti buusanidha.[103] Sirna gumaa keessatti nama namni jalaa du'eef beenyaa kanfaluun dhimma ijoodha. Gumaan kan kanfalamu horii kennun ykn maallaqa kanfaluuniidha. Gumaan erga raawwatee booda namoonni namni jalaa du'ee fi inni ajjeese ykn firoonni isaa/ishee/ nagaa buusani waliin jiraachuu jalqabu. Walumaa galatti gumaan akkataa ummattni Oromoo waldhabbii itti hiiku keessa tokko ta'ee, qajeeltowwan restorative justice keessa jiran kan guutudha.

## II. Jaarsummaa

Ummatni Oromoo waldhadeen yoo uumame haalota waldhabbii itti hiiku keessaa jaarsummaan tokkodha. Jaarsummaan ummata Oromoo keesstti mala beektotni ykn jaarsi biyyaa filataman waldhabbii uumame araaraan itti furanidha. Jaarsummaan adeemsa namootni (jaarsoliin) filataman waldhabee namoota dhuunfa fi garee gidduutti uumamu araaraan itti hiikanidha.[104]

Adeemsi jaarsummaa raawwachuuf namootni garee waldhaban kamiifuu hin loogne, jaarsi araaraa filatamuu ykn jiraachuu qabu. Namootni kun namoota waldhaban (nama miidhame fi miidhaa geessise) walitti fiduun mari'achiisanii akka waliigalan ni godhu. Yoo waliigaluu baatanis jaarsoliin araaraa kunneen yaada furmaata dhiyyeessun bitaa mirgi yaada dhiyaate irratti akka waliigalan taasisu. Jaarsummaan waldhabbii hiikuuf maloota filannoodhaan dubbii

[102] Exploring Gumaa as an indispensable psycho-social resolution of conflict and justice administration: Temena Kenani fuula 42.
[103] Some Aspects of Conflict and Conflict Resolution Among Waliso Oromo of Eastern Macha, With Particular Emphasis on the Guma Addis Ababa University thesis , Dejene Gemachu 2002.
[104] Indigenous conflict resolution system in Oromia Ethiopia fuula.152.

xumuruuf oolaan kan akka araara (concilation), walitti fiduun dubbii hiikuu (mediation) jaarsaan murteessuu (arbitration) akkuma haala isaatti walfaana fayyadamu.[105]

Ummata Oromoo keessatti waldhabbiiniin mala aadaatiin yoo xumuramu dhugaa fi duudhaan hawwasichaa iddoo olaanaa qaba. Ummaticha biratti waldhabbiin taatee namaa fi nama gidduutti uumamu qofa osoo hin taanee duudhaa waliin walitti bu'uudha. Kanaaf, namoota waldhaban araarsuun araara namootaa qofa osoo hin taanee araara duudhaa waliinis akka ta'etti hubatama. Sirna haqaa idilee keessatti waldhabbiin kan hiikamu falmii ragaadhaan deeggarame qofa irratti kan hundaa'e waan ta'eef duudhaa hawaasichaatiif iddoo hin kennu. Qamoleen falmii sirna haqaa yakkaa keessatti hirmaatanis kaayyoon isaanii inni guddaan falmicha mo'achuu malee nageenya buusuu miti.[106]

### III. Ilaa fi ilaamee

Adeemsi kun akkataa namootni waldhaban walitti dhufuunii waa'ee waldhabbii isaaniif furmaata irra gahaniidha.[107] Ilaa fi ilaameen waldhabbii dhimmota xixiqoo irratti mudatu hiikuuf kan oolu yoo ta'u, namootniwaldhaban walitti dhufuunii walii wajjin dubbatanii dhuunfaa isaaniitiin lola isaanii furatu. Dhimmootni adeemsa kanaan xumuramanis wantoota iccitii ta'aniidha.

### IV. Qaalluu

Hawaasa Oromoo keessatti jaarmiyaalee waldhabbiin akka aadaatti ittiin hiikamu keessaa qaallun isa tokkodha.[108] Adeemsi qaallun waldhabbii itti hiikan gochoota afuura fi ayyanaa irratti kan hundaa'eedha. Qaalluun akkuma jaarsummaa namootni waldhaban dhiimma waldhaban irratti akka waliigalan walitti fiduun ni haasofsisu. Yoo waliigaluu baatan murtii laatu. Murtiin kenname raawwachiisuudhaaf abaarsi fi balaaleffannan meeshaa guddaadha. Qaallun dhimmota jaarsummaa fi ilaa fi ilaameen xumuramuu hin dandeenyeef akka qaama ol'iyyannootti tajaajila. Yakkoota ykn dhimmota namni balleesse hin argamne yokiin ragaan hin jirre miidhamaan dhiyeeffachuu ni danda'a. Qallunis ayyana isaanii kennameen nama balleesse ni abaaru. Abaarsis namticha ni gaha jedhameetu amanama.

---

[105] Alemayo disasa jaarsummaa among Arsi Oromo, Assefa Abebe wabeeffachuun fuula 8.
[106] Cultural heritage contemporary change serious 2 African volume 15 fuula 160.
[107] Akkuma oliitti lakk.102 fuula 69.
[108] Akkuma oliitti lakk. 107ffaa fuula 76.

Maloota aadaa kanneen armaan olitti ibsamanitti fayyadamuun waldhabbiiwwan yakkaa mala aadaatiin ummatni Oromoo furachaa kan turee fi ammallee kanneenitti fayyadamaa kan jirudha. Keessattuu ummatoota sirni haqaa mootummaan diriirse dhaqqabamaa hin taaneef biratti jireenya guyyaa guyyaa isaanii kan ittiin gaggeessanii fi waldhabbii isaanii kan isaan ittiin furatan ta'uun isaa ni beekkama.

Akkaataa fi kaayyoon ummatni Oromoo mala aadaatiin dhimmoota xumuru kun amaloota 'Restorative justice' kan qabuu fi dhimmi kun yeroo ammaa akka addunyaatti fudhatamummaa guddaa kan qabu ta'uu isaa armaan dura ilaalleerra. Amma immoo dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan biyyoonni guddatanis ta'e guddachaa jiran, seeronni isaaniillee seerota biyya kanaaf bu'uura ta'an haguuggii seeraa dhimmichaaf kennanii itti fayyadamaa jiran kana Heeraa fi seerota biyya keenyaa keessatti maal akka fakkatu ilaalla.

## 2.6. Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruu: Heeraa fi seerota Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa keessatti

Aadaan adda addaa iddoo jirutti seerotni gara garaa, seerota hammayyaatti dabalaan kan hawaasni biyyicha keessa jiraatu ittiin bulan seerota aadaatiif bakka kennuun barbaachisaa akka ta'etti amanama.[109] Biyyi ummatootni amantaa, aadaa fi duudhaa garagaraa qaban keessa jiraatan, akka aadaa isaaniitti waldhabbiiwwan hariiroo hawaasaas ta'e kan yakkaa akkaataa ittiin furan kan mataa mataa isaanii uummata qabaniidha.[110] Naannolee biyyattii baay'ee keessatti seerri aadaa, seera hammayyaa caalaa jireenya ummataa irratti dhiibbaa kan uumuu fi jireenyi guyyaa guyyaa ummatichaa kan ittiin bitamuudha.[111] Kanaafuu, biyya keenyaaf dhimmi seerota aadaatiif beekamtii kennuu dhimma murteessaa akka ta'e ogeessota seeraa baay'ee keessaa kanneen akka Abarraa Dagafaa, Asaffaa Fissahaa ni ibsu.[112] Dhimma akkasitti hawaasni biyyattii harki caalu jireenya isaa ittiin gaggeeffatuu fi waldhabbii isaa ittiin furataa turee fi jiru kun Heeraa fi seeerota biyyattiin hangam bakki kennameefii jiraa kan jedhu dhimma ilaalamuu qabuudha.

---

[109] Aberra Degefa Legal Pluralism in Multicultural Setting (2013).
[110] AYALEW GETACHEW ASSEFA DECEMBER,2012 WORKING PAPERRESEARCH PARTNERSHIP PROGRAMME DANISH INSTITUTE FOR HUMAN RIGHTS (DIHR) page 9.
[111] Akkuma oliitti lakk. 110ffaa fuula 9.
[112] JLSRI Law and Development Series No. 1 (2013) page 134.

### 2.6.1. Heera Mootummaa Federaalawaa Dimookraatawaa Itoophiyaa

Itoophiyaan bara 1995, Heera mootummaa kan caaseffama mootummaa federaalaa fi naannoo sabummaa fi afaanii hordofuun caaseffame hundeessite.[113] Heerri kun seera olaanaa biyyattii akka ta'eefi seeronni, duudhaan, barmaatilee fi murtiin qaamolee murtii keennanii Heera kanaan faallaa ta'e raawwatamummaa akka hin qabne Heera mootumma keewwata 9(1) irratti ibsameera. Kanarraa hubachuun kan danda'amu seerota aadaaf beekamtiin kennamuu isaati.

Itti fufee Heerri kun dhimmoota dhuunfaa fi dhimma maatii irratti waldhabbii ka'u qaamoleen waldhaban dhimma isaani yoo waliigalan karaa aadaa yokaan amantaa isaanii xumurachuun akka hin dhorkamne kaa'eera.[114] Akkasumas Heera kan keewwata 78(5) irratti manni marii bakka bu'oota ummataa fi caffeen naannoo dhimma dhuunfaa fi kan maatii irratti mana murtii aadaa fi amantaa hundeessuu ykn beekamtii kennuufii akka danda'u ibsamee jira.

Keewwatoota Heera mootummaa armaan olitti caqafaman irraa kan hubannu; Heerichi seerotni adda addaa (legal pluralism)'n biyyattii keessatti hojiirra ooluu akka danda'aniif karaa kan bane ta'uu isaati. Ta'us seerota hawaasaa (public law): dhimma yakkaa, Heera, hojjetaa fi hojjechiisaa fi kkf irratti sirni bulchiisa seera mootummaa kan dhuunfatee qabate fakkaata.[115]

Heera biyya keenyaan yaad-rimeen 'piluraalizimii' kan jiru yoo ta'eyyuu, mala aadaatiin dhimmoonni xumuramuu danda'an kan maatii fi dhimmoota dhuunfaatti daangessun; dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuramuu ifatti osoo dhorkuu baates callisuun darbeera.

### 2.6.2. Immaammata yakkaa Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa

Biyyi Itoophiyaa baroota dheeraadhaaf imaammata yakkaa osoo hin baafatiin turtee waggoota sadan darban keessa baafachuun ishee ni yaadatama. Imaammata yakkaa kana baasuunis kan barbaachiseef seensa imaammatichaa keessatti akka kaa'ametti:-seerotni hojiirra jiran boodatti hafoo, baasii baay'eef kan saaxilanii fi adeemsa walxaxaa kan hordofu waan ta'eef; Sirna haqa yakkaa cimaa, bu'a qabeessaa fi dhaqqabamaa ta'e uumuuf akka ta'e dubbisa seensa imammatichaa irraa ni hubatma.[116] Imaammatichi, karaa tokkoon ka'umsa yakkaaf sababa kan ta'an dhabamsiisuu yokiin hir'isuu; gama biraan immoo yakkoota raawwataman karaa bulchiinsa

[113] Constitution of the Federal Democratic Republic of EthiopiaProclamation No. 1/1995 Article 1.
[114] Akkuma oliitti lakk.113ffaa keewwata 34(5).
[115] Akkuma oliitti lakk. 111ffaa fuula 10.
[116] Imaammata yakkaa itoophiyaa Guraandhala 2003.

sirna haqaa idilee fi mala biraa fayyadamuun furmaata itti fufiinsa qabu fiduuf akka ta'e seensa imaammatichaa irratti kaa'ameera.

Kanarraa wanti hubatamu bulchiinsa sirna haqaa idilees ta'e; filannoo biraan dhimmicha itti fufiinsaan furuu danda'u fayyadamuun dhimma yakkaaf furmaata kennuun akka danda'amuudha. Kanaafuu, imaammanni kun dhimma yakkaa furuuf bulchiinsi sirna haqaa idileen qofti gahaaa akka hin taanee fi filannoo biraa fayyadamuun sirna haqaa ariifataa, furmaata warra yakkaan miidhameef kennuu danda'u uumuun barbaachisaa akka ta'e akeeka.

Dhimma yakkaa irratti himata dhiyeessuun adabasiisuuf dirqama kan qabu abbaa alangaa ta'ullee, akkaataa imaammatichaatti dhimma cimaa ta'e irrattillee sababni yakkicha gidduu miidhamaa yakkaa fi shakkamaatti uume mala aadaatiin yoo xumurame furmaata itti fufiinsa qabu argata jedhamee kan amanamu yoo ta'e, abbaan alangaa dhimmichi karaa aadaatii akka xumuramu gochuu akka qabu imaammatichaan kaa'ameera.[117] Itti dabalaan adeemsa sirna haqaa bu'a qabeessaa, haqa qabeessa, akkasumas ariifataa taasisuun yakkoota adeemsa seeraa irratti dhiibbaa geessisaa jiran akka hir'atu gochuun barbaachisaa akka ta'e imaammatichi ni ibsa. Sirnaan keessummeessuun akka danda'amutti tarkaanfiwwan haqaa filannoo biraa fudhachuu fi sirna isaa diriirsuun akka barbaachisu imaammaatni yakkaa lakk.4.1 (d) jalatti kaa'eera.

Galmi imaammatichaas hawaasa bal'aa sirna haqaa keessatti hirmaachisuudha.[118] Kana gochuuf immoo maloota waldhabbii yakkaa ittiin furan kan aadaa yoo ilaalle kan miidhee fi miidhame walitti fiduu irra darbee hawaasni naannichaas sirnicharritti ni hirmaata waan ta'eef tooftaan ittin galma imaammatichaa bira gahan inni tokko mala aadaatiin dhimmoota yakkaa xumuruudha. Kanaafis imaammatnni yakkaa biyyattii dhimma yakkaa karaa filaannoo biraatiin xumuruun haguuggii seeraa argachuu akka qabu lakkoofsa 4.6.1 irratti kaa'ee jira. Akka waliigalaatti dubbisa imaammatichaa irraa kan hubatamu imaammatichi dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruuf bakka kenneera jechuu kan nama dandeessisu ta'uu isaati.

[117] Akkuma oliitti lakk.116ffaa Lakk. 3.12(c).
[118] Akkuma oliitti lakk. 117ffaa lakk. 1, 3(d).

### 2.6.3. Seera yakkaa Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa

Seerri adaba yakkaa seera gochootni akkamii yakka akka ta'anii fi gochoota sana akkaataa mootummaan itti adabu ibsudha.[119] Karaa biraatiin seerri adaba yakkaa gochoota yakka ta'an adda baasa, hiikkaa itti kenna, gochoota ittisuu barbaadu yakka akka ta'e ibsuun gochichi yoo raawwatameeef addabbii eeggatu tarreessee kan kaa'udha.[120] Seerri yakkaa biyyattii qaama seeraa kan idileen dhimma yakkaa ilaalu ta'ee; Kaayyoo faayidaa waliigalaatiif jecha nageenya, tasgabbii, sirna, mirgaa fi faayidaa mootummaa, ummataa fi jiraattoota biyyattii eeguu fi mirkaneessuudha.[121]

Sirni haqaa biyyattii seerri yakkaa yoo darbame dhimmicha walitti dhufeenya namootaa fi hawaasa akka waliigalaatti kan balleessuutti ilaaluurra; adda dureen akka dhimma mootummaatti fudhata.[122] Kanaafis, qaamni miidhamaa yakkaa ta'e mootummaa akka ta'etti waan ilaaluuf yakkaafis kan deebii kennu isuma jechuudha.

> *"The Code aims at the prevention of crimes by giving due notice of the crimes and penalties prescribed by law and should this be ineffective by providing for the punishment of criminals in order to deter them from committing another crime and make them a lesson to others, or by providing for their reform and measures to prevent the commission of further crimes."*[123]

Keewwata kana irraa hubachuun kan danda'amu seerri yakkaa Itoophiyaa, yakka ittisuuf dursee waa'ee yakkaa hubannoo akka kennu; hubannoo kenname sana irra darbamee yakki raawwatamee yoo arge, nama yakka raawwate adabuun namoota biroos ta'e isuma yakka raawwate sodaachisuu, akka lamuu yakka hin raawwanneef dandeetti dhabsiisuu, akka amala jijjiirratu gochuu akka ta'eedha. Kaayyoon adabbii nama yakka raawwate haaressuun hawaasatti deebi'ee yeroo makamu nama seera eegee jiraatu akka ta'uufidha. Gama biraatiin adabbii karaa sirna haqaan ta'utti dabalaan tooftaan biraa dhimmi yakkaa yoo xumurame kaayyoo adabbii kana fiixaan baasu irratti wanti seerri yakkaa kun kaa'e hin mul'atu. Adeemsa sirna haqaatiin yakki

---

[119] Noel Cross 2010, CriminalLaw &CriminalJustice An Introduction.

[120] Mrs. Glory Nirmala K.Ato Serkaddis Zegeye (2009) Criminal Law I Teaching Material.

[121] Seera Yakkaa Rippaabiliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa bara 1996 keewwata 1.

[122] Akkuma oliitti lakk 41ffaa.

[123] Criminal Code of the Federal Democratic Republic of Ethiopia, 2004, *Federal Negarit Gazeta,* Proclamation No.414/2004,Article 1 secpnd pharagraph.

raawwatame yoo xumuramu gochoota yakkaa irratti xiyyeeffachuun, hirmaannaa shakkamaan ittigaafatamummaa yakkaa fudhachuu keessatti qabaachuu qabu cinatti dhiisuun ittigaafatamummaa dirqamaan akka fudhatu/ttu/ kan taasisuuudha.[124]

Dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan seera yakkaa biyya keenyaa keessatti hin mul'anne yoo ilaallu, miidhaa sababa gochoota sanaan ga'an bakka buusuu fi nama yakka raawwates gocha isaa/shee/ akka itti qaana'u gochuun, miidhaa gahetti gaabbee nama sababa gocha sanaatiin miidhame akka kiisu kan taasisuudha.[125] Dhimmi kun seera yakkaa keessatti jiraatus haalli itti ilaalamu namni yakka raawwate gocha isaatti gaabbuun erga yakka raawwatee gargaarsa inni miidhamaa yakkaatiif taasise irratti hundaa'uun adabbiin salphachuufii kan danda'u ta'uu irraa kan hafe, akka isa mala aadaatiin dhimmicha xumuruu namni yakka raawwate, kan irratti raawwatamee fi hawaasni naannoo irratti hirmaatanii haala waliin jireenya namootaa gara fuula duraa irratti mariin ta'u waan hin jirreef jarreen walitti fayyisa jechuun rakkisaadha. Kanaafuu, seera yakkaa biyyattii keessatti keewwattoota tokko tokko amala 'Restorative justice' of keessaa qabaniin ala dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruun haguuggii seeraa qaba jechuun rakkisaadha. Iddoon itti seerri yakkaa biyyattii miidhamaa yakkaaf bakka kenne yoo jiraate, dhimmichi kan miidhamaa dhuunfaa qofa yoo ta'edha. Dhimmoota akkasii irratti miidhamtoonni yakkaa karaa aadaan dhimmicha yoo xumuratan himanni akka dhiyaatuuf iyyata dhiyeeffachu dhiisuun ni danda'ama.[126] Keewwattoota amala kana of keessaa qaban akka fakkeenyaatti yoo ilaalle: - miidhaa sababa yakkaan miidhamaa yokiin namoota miidhamaa sana irraa mirga qabaniif beenyaan akka kanfalamuuf mana murtii gaafachuun akka danda'u kaa'amee jira.[127] Dhimmi kun miidhamaaf mirga hariiroo hawaasaa dhimma yakkaa waliin akka ilaalamuuf hakennu malee dhimmichi hojiirra oolmaa irratti kan hin mul'anneedha. Sababni isaas seera adeemsa falmii yakkaa keessatti abbaan alangaa himata yakkaa waliin kan hariiroo hawaasaa dhiyeessuu akka danda'u kaa'uun garuu yoo dhimmichi kan yakkaa lafarra harkisa jedhamee kan yaadamu yoo ta'e hafuu akka danda'uudha. Karaa biraatiin hojiirra ooluu dhabuun hanqina tokko ta'ee, utuma hojiirra oolees akka isa kan mala aadaatiin ta'uutti hirmaannaa hawaasaatiin haala jireenya isaanii gara fuula duraa irratti kan xiyyeeffatu miti. Mo'aafi mo'atamummaan osoo hin jiraataanii fi haaloo walitti qabachuun hafee kan isaan walii galan irra

[124] Helsinki 2007 Restorative Justice Theory and Practice: Addressing the Discrepancy.
[125]UNITED NATIONS New York, 2006. UNITED NATIONS OFFICE ON DRUGS AND CRIME Vienna Handbook on Restorative Justice Programmes fuula 8.
[126] Akkuma oliitti lakk. 125ffaa keewwata 212.
[127] Akkuma oliitti lakk. 126ffaa keewwata 101.

dhimmichi kan gahu miti. Kun immoo dhimmicha akka kan aadaatti nageenya buusa jechuun rakkisaadha. Inni biraan keewwattootni amala ristooreetiev jastisii of keessaa qaban; Haalduree kaa'uun mana sirreessaatii gad-lakkisuu fi utuu yeroon adabbii kennamee hin xumuriin gad-lakkisuu fa'a. Lamaan isaaniiyyuu garuu akka isa mala aadaatiin ta'uutti miidhamaa fi yakkamaa walitti fiduun bifa itti waldhabbiin itti fufiinsaan furamu osoo hin taane haaromsa yakkamaa irratti xiyyeeffachuun, miidhamaa kan bakkeetti dhiise fakkaata. Sababni isaas namni adabame sun hangam akka sirraa'e ilaala malee miidhamaan hangam bakka isaatti deebi'ee? Jireenyi gara fuula duraa akkamiin nageenya hawaasa sana keessatti bu'uu danda'aa? Isa jedhuuf deebii kan kennu miti. Karaa biraatiin dhimma kana irratti hanqinni jiru namni yakka raawwatee mana sirreessaa keessa jiru tokko achi keessaa ba'uuf jecha wanta danda'ameef hunda kan raawwatu malee dhuguma akka kan utuu mana sirreessaa hin seeninii fedhiin dhuguma balleessaan itti dhaga'ameeti jechuun rakkisaadha. Gama dargaggoota yakka raawwataniin akka mana adabaa hin galleef tarkaanfiwwan fudhatamuu qabu jedhee seera yakkaa irratti taa'an kan amaloota 'Restorative justice' qaban ta'us hojiitti hiikuu irratti hanqinni ni mul'ata. Kanas qorannoo bara 2005 insitityuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qorannoo seeraatiin gaggeeffame argisiiseera.[128]

Akka waliigalaatti seerri yakkaa biyyattii mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruu (restorative justice) keewwatoota amala akkasii of keessaa qaban tokko tokko irra kan darbe haala ifaa ta'een dhimma yakkaa karaaa aadaatiin xumuruun haguuggii seeraa argateera jechuun hin danda'amu.[129]

### 2.6.4. Seera adeemsa falmii yakkaa Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa

Kutaa seeara yakkaa armaan olii keessatti ibsuuf akka yaalametti dhimma yakkaatiif giddugaleessi abbaa alangaadha. Sababni isaas Seerichaan haala addaan ifatti kan tumame yoo ta'e malee, dhimma kamiyyuurratti murtiin akka kennamuufi adabbiin akka murtaa'u taasisuuf himanni kan dhiyaatu abbaa alangaan ta'a. Karaa biraatiin abbaan alangaa ragaan shakkamaa adabsiisu hin jiru jedhee galmee kan cufu yoo ta'e dhimma miidhamaan dhuunfaa iyyata

[128] Abdi Tesfa (2005) Juvenile Justice System in Oromia Region The Law and the Practice.

[129] Akkuma oliitti lakk. 122ffaa .

dhiyeeffachuun qofa adabsiisu irratti miidhamaan akka himata dhiyyeeffatu aangessuu qaba.[130] Dhimma isaa/shee/ ti waan ta'eef miidhamaaf mirga kennuun barbaachisaadha jedhameetu amanama. Kana malee seera adeeemsa falmii yakka kan amma hojiirra jiru kana irratti iddoon biraa miidhamaan yakkaa dhimma isaanii irratti mirga qaban; himata yakkaa waliin miidhaa irra gaheef beenyaa shakkamaan akka kanfaluuf gaafachuu kan danda'amu ta'uu isaati.[131] Keewwattoota kunneen karaa naannawaan amala dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu qaban irraan kan hafe, waa'ee dhimma yakkaa mala aadaatin xumuruu seera kanaan bakki hin kennamneef. Inniyyuu kan eeyyamamu yoo adeemsichi falmii yakka kan dheeressu miti jedhamee itti amaname qofa.

Akka waliigalaatti Seera adeemsa falmii yakkaa biyyattii kan amma hojiirra jiru keessatti miidhamaa yakkaatiif bakki kenname xiqqaadha. Dhimmoota miidhamaa dhuunfaan yoo iyyanni dhiyaate qofa adabsiisan irratti malee miidhamaan yakkaa dhimma isaa/ishee/ tiif giddugaleessa hin taane jechuun ni danda'ama.

Seerri adeemsa falmii yakka inni haaraa bahuuf wixineen jiru kaayyoo, sirna haqaa keessatti ummata bal'aa hirmaachisuu, miidhamtoota yakkaaf mirga isaanii eeksisuu jedhu qaba.[132] Kaayyoo kanas galmaan gahuuf dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruuf bakki kennameera. Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruufis bakka kennuun kan barbaachise; shakkamaa haala salphaan gara hawaasatti akka makamu taasisuu, miidhamaa yakkaa fi kan yakka raawwate gidduu hariiroo jiru akka hin shaakarroofne taasisuu, namni yakka raawwate gocha sana fedhii isaatiin guutummaan guutuutti amanee itti gaafatamummaa akka fudhatu gochuu, manni murtii yeroo isaa dhimmoota karaa mana murtii qofa xumuraman irratti akka dabarsu gochuu fi irra deddeebiin yakka raawwachuu hambisuu fa'a.[133]

Qaamni seera kabachiisu dhimma yakkaa adeemsa seeraa idileen ala akka xumuramu gochuu fi tarkaanfiwwan barbaachisaa ta'an akka fudhatamu gochuu akka danda'u keewwata 19 (21) seera adeemsa falmii yakkaa isa haaraa bahuuf jiru irratti ibsameera. Gama biraatiin dhimmi yakkaa ragaan gahaan yoo jiraateyyuu, dhimmichi karaa mana murtii idilleerra filannoo biraatiin yoo

[130] The criminal procedure code proclamation 1961 article 44(1).
[131] Akkuma oliitti lakk. 130ffaa keewwata 154.
[132] Seera adeemsa falmii yakkaa mootumaa federaalawaa dimokraatawaa itoophiyaa kan haaraa bahaa jiru labsii lakk_____/2002 Kewwata 3 (3)(4).
[133] Akkuma oliitti lakk. 132ffaa keewwata 212.

xumurame itti fufiinsaan dhimmichi furmaata argata jedhee yoo amane abaan alangaa dhimmichi karaa filannoo biraan akka xumuramu gochuu akka danda'u seerichi teechiseera.[134]

Dhimmichi gara mana murtiitti kan dhiyaate yoo ta'es yakkoota giddugaleessaa fi salphoo ta'an irratti dhimmichi kaka'umsa mana murtii, gaaffii abbaa alangaa yokiin gaaffii himatamaan karaa filanno biraan akka xumuramuu gochuun kan danda'amudha.[135]

Walumaagalatti yakka raawwatame ulfaatina isaa, haala raawwii, nama yakkicha raawwatee fi hanga itti gaabbuu nama yakka rawwatee irratti hundaa'uun, dhimma yakkaa mala aadaatiin furuun akka danda'amuu fi dhimmichi mana murtiitti kan dhiyaate yoo ta'ellee utuu murtiin hin kennamin yeroo kamittuu himaticha gidduutti dhaabachiisuun mala aadaatiin akka xumuramu gochuun kan danda'muudha.[136]

Seera adeemsa falmii yakkaa kan amma hojii irra jiru irratti dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruuf bakki gahaan kennamuufii baatus, gara fuula daraatti kan ni baha jedhamee yaadamu seera adeemsa falmii yakkaa wixineen jiru irratti haala gaarii ta'een hammatamera. Qaama dhimma yakkaa mala aadaatiin xumurus hundeessuun akka danda'amu dubbisa keewwaata (222) seera adeemsa falmii yakkaa isaa haaraa bahuuf jiru irraa hubachun ni danda'ama.

Akka waliigalaatti seera adeemsa falmii yakkaa wixineen jiru keessatti; rakkoo dhimma yakkaa karaa seera idileen qofa xumuruun qabuu fi faayidaa inni idileen alaa qabu hubatamee haguuggii seeraa akka argatu yaadamee kan jiru ta'uu isaati.

## 2.7. Faayidaa dhimmoota yakka mala aadaan xumuruu

Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun qaamolee adda addaa; kan akka miidhamaa yakkaa, isa miidhaa geessise, hawaasa waliigalaa fi sirna haqaatiif faayidaa heedduu qaba. Qaamolee kana hundaafuu hawaasni waliin akka jiraatu gochuu, baasii xiqqeessuu, hirmaachisummaa, dhaqqabamummaa fi kkf irratti bu'aan isaa guddaadha.

Sirna haqaaf faayidaa inni qabu; adeemsa sirna haqaa idilee kan nama yakka raawwate ofiin itti gaafatamummaa akka fudhatu hin afeerre kanaaf haala mijeessuun itti gaafatamummaa akka fudhatu taasisa. Ofiin itti gaafatamummaa kan fudhatu yoo ta'e immoo namni deebi'ee yakka

[134] Akkuma oliitti lakk. 133ffaa keewwata 193(2) d.
[135] Akkuma oliitti lakk. 134ffaa Kewwata 224.
[136] Akkuma oliitti lakk. 135ffaa Kewwata 214

raawwachuun isaa/ishee/ akka hir'atu kan godhu waan ta'eef kaayyoo sirna haqa yakkaa, kan yakka hir'isuu ta'e sanaaf deeggarsa godha jechuudha.

Sirni haqaa idilee shakkamaan gocha isaa yeroo amanullee namicha adabuu irratti kan xiyyeeffatu malee akkaataa shakkamaan itti gocha isaatti gaabbee waan balleesse bakkatti deebisuuf haala kan mijeessu miti.[137] Himatamaan/tuun/ yakka jedhame raawwachuu guutummaatti yoo amane/te/ adabbiin akka salphatuuf gochuurra kan darbe, nama yakka raawwatee fi kan miidhame jireenya gara fuula dura irratti sirni haqaa idilee ilaalchi kennu hin mullatu. Kanaafuu, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun sirna haqaa idilee kan inni of keessaa hin qabne akka horatu gochuun sirnichi bu'a qabeessa akka ta'u taasisuu danda'a. Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dargaggoota yakka raawwataniif faayidaan isaa ol'aanaadha. Balleessitoota dargaggoo kana gara mana sirreessaatti geessuun rakkoowwan akka xiinsammuu, diinagdee, hawaaasummaa kan irraan geessisu ta'uutti dabalee amaloota mana sirreessaa keessatti mul'atan namoota achi jiraatan argaman irraa baratanii gara fuula duraatti amaloota sanniin akka hin baranneef kan gargaarudha.

Namni yakki irratti raawwwatame miidhawwan adda addaa kan akka miidhaa sammuu, qabeenyaa fi kan kana fakkaatan akka irra ga'u ni beekama. Miidhawwan nama yakkaan miidhame irra ga'an kana furuun miidhamaa yakkaa bakka isaa duraatti deebisuun barbaachisaadha.[138] Dhimma yakkaa karaaa aadatiin xumuruun dhimmoota jedhaman kana uumuuf gahee guddaa qaba.

Sirna aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun miidhamaa yakkaatiif faayidaan qabu inni guddaan, namni yakkaan miidhame dhimma isaa irratti kallattiin hirmaatee yaadaa fi miidhaa isa/shee/ irra ga'e; gara fuula duraatti nageenyaan jireenya gaggeeffachuuf maal godhamuufii akka qabu ibsachuun furmaata itti quufinsa qabu akka argatan godha.[139] Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun, miidhamtoota yakkaatiif carraa akkaataa miidhaan irra ga'e itti furamuufii qabu irratti mari'achuun dhimmichaaf furmatni fulla'aa akka kennamuuf dhimma isaanii irratti hirmaannaa kallattii akka taasisan kan gargaaruudha.**[140]** Kunimmoo miidhamtootni yakkaa miidhaa isaan irra ga'e ibsachuun akka dhaqqabamanii fi gara fuula duraattillee nageenyi isaanii akka eegamuufii

[137] Akkuma oliitti lakk. 18ffaa fuula 20.
[138] Professor Madigan Final Paper Spring (2005), Mediation in the Criminal System: an Improved Model for Justice.
[139] http://www.justice.govt.nz/publications/publications-archived/1996/restorative-justice-a-discussion-paper-1996/chapter-5-the-benefits-and-risks-of-restorative-justice kan ilaalame Bitootessa,2006 ALH.
[140] http://www.justiceaction.org.au/cms/prisons/alternatives/restorative-justice kan ilaalame Guraandhala 2006 ALH.

dand'utti waan itti dhaga'amuuf haaloo gidduu isaaniitii baasuun jireenya isaanii nageenyaan gaggeffachuu akka danda'an isaan taasisa. Kana gochuunis nageenyi sammuu miidhamaa/mtuu/ tti akka dhaga'amu godha. Gama tokkoon fedhii miidhamaa bakkatti deebisaa gama biraan ammoo isa yakka raawwate gocha isaa/ishee/ amanuun fudhatee/ttee/ balleessaa isaa/ishee/tti gaabbuun akka amala jijjiiru taasisuu irratti mala aadaatiin dhimmoota xumuruun gaheen isaa guddaadha.

Hawaasni nageenyaan waliin akka jiraatu gochuun faayidaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu isa biraati. Mala aadaatiin dhimmoota yakkaa xumuruun hawaasni nageenyaan akka waliin jiraatu gochuu irratti gaheen inni qabu baay'ee guddaa akka ta'e argannoon qorannoo dhaabbata 'justice action' jedhamuun gaggeefame ni agarsiisa.[141]

Dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan idileerraa adda kan godhu tokko, namni yakka raawwate fedhii isaa/ishee/ tiin miidhaa dhaqqabeef beenyaa kaffaluurra darbee dhiifama nama miidhaan sababa yakkaan irra ga'e gaafachuun akka waliif dhiisan taassisa. Kun immoo jireenya hawaasummaa namoota sanaa fi hawaasa akka walii galaatti kan fooyyeessuudha.

Faayidaan dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu inni biraan, adeemsi isaa kan karaa seera idileerra salphaa, hawaasa heedduuf dhaqqabamaa fi hawaasni rakkina isaa ofiin akka furatu kan dandeessissu ta'uudha. Ummatni harki caalu seera idilee akka kan warra alaatti ilaaluu irra darbee, akka kan aadaa isaaniitti hubannaa isaa hin qaban. Kanaafuu, dhimmoota mala aadaatiin xumuruun haala salphaan kan hubatamuu fi kan aadaa hawaasichatti toludha.[142] Akkas taanaan immoo itti quufinsi namootni dhimma isaanii mala aadaatiin yeroo xumuratan qaban gaarii ta'a.

Dhimmi yakkaa mala aadaatiin yoo xumurame, nama midhaan sababa yakka sanaan irra ga'e bayyanachiisuu, nama yakka raawwate sana deebi'ee akka yakka hin raawwanne ittisuu fi kan yakka raawwatee fi irratti raawwatame hawaasatti makuun guddina dinagdeetiif akka gumaachan taasisa.[143]

Dhaqqabamummaan faayidaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan biraati. Naannoodhuma namoota miidhaan irra ga'eetti dhiyeenyaan waan ta'uuf (geographically) akkasumas tolaan yokiin immoo baasii namoota waldhabbicha furachuu barbaadaniif danda'muun rakkinicha waan hiikaniif dhimma mala aadaatiin xumuruun dhaqqabamaadha.[144]

[141] Akkuma oliitti lakk. 140ffaa.
[142] Akkuma oliitti lakk. 22ffaa fuula 16.
[143] Akkuma oliitti lakk.142ffaa fuula 17.
[144] Akkuma oliitti lakk. 143ffaa fuula 19.

Sirni haqaa idilee bakka bu'uuraaleen misoomaa guutuu hin taanetti akka hojjetan beekamaadha. Kanaafuu, namoota hundaaf dhaqqabamaa ta'a jechuun ni rakkisa. Iddoo sirni haqaa idilee dhaqqabamaa hin taaneetti durii calqabee dhimmotni kan ittiin furmaata argachuun nageenyi bu'aa ture mala aadaatiin waan ta'eef mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhaqqabammaa akka ta'etti amanama. Haqa Kanneen hiyyeeyyii ta'aniif dhaqqabamaa taasisuu, akkasumas namootni sirna haqaa keessatti akka hirmaanna qabaatan gochuuf karaa aadaan dhimmota ilaaluun carraa gaarii kan uumudha.[145]

Faayidaan dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu inni biraan baasii xiqqeessuudha. Gama baasiitiin sirni haqaa idilee fi kan karaa aadaa yoo walbira qabamu inni kan aadaa bu'a qabeessa akka ta'etu ibsama. Akkasumas baasii xiqqaan haqa kan kennu ta'uu isaa, qorannoon bara 2001 dhaabbata '**Chilliwack Restorative Justice & Youth Diversion Association'**Jedhamuun; Iglaand, Kolombiyaa fi Kanaadaa keessatti gaggeeffame kan agarsiisu; adeemsi sirna haqaa idilee gara kan mala aadaatiin xumuramuutti reeshoon dolara 2649 gara 80 akka ta'eedha.[146]

Baasiin kun kan hammatu yeroo fi qabeenya dhimmoota yakkaa furuuf manneen murtii, waajjirri haqaa fi poolisiin dhimmoota irratti dabarsu ta'uu danda'a.

Waldhabbii mala aadaatiin furuun baasii adeemsa murtii kennuu keessatti bahutti dabalaan mannen amala sirreessaa baasii nyaataa fi kunuunsa sirreeffamtootaaf bahu hambisuun akka isaan baasiif hin saaxilamne taasisa.[147]

Rakkoo uumameef furmaata ariitiin kennuunis faayidaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu isa biraati. Hawaasni naannoos mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruu rakkina hawaasa sana keessa jiruuf furmaata sirrii kenna jedhee amanama waan ta'eef, aadaa sanaaf bakka kennuun yakka lammata raawwachuu irraa of qusatu, haaloo walitti qabachuunis ni hafa.

Amalli addaa mala aadaatiin waldhabbii hiikuu, namootuma waldhaban gidduutti murtii keennuu qofa osoo hin taane waldhabbiis hiikuu fi nageenya hawaasaa bakkatti deebisuudha.[148]

Kun immoo faayidaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruun qabu keessaa isa addaati. Waldhabbiiwwan karaa aadaan hiikuun akka isa karaa sirna haqaan ta'uu miira mo'aa fi

[145] Akkuma oliitti lakk. 109ffaa.
[146] Akkuma oliitti lakk. 137ffaa fuula 21.
[147] Akkuma oliitti lakk. 143ffaa fuula 18.
[148]Customary Dispute Resolution Mechanisms and the Rule of Law Areas of Convergence, Divergence and Implications *Aseffa Fiseha,Law and development, and legal pluralism in Ethiopia published by justice and legal system research institute(2013) fuula 122.*

mo'atamaa kan uumu waan hin taaneef xiiqii qabachuun hanga danda'ametti ol'iyyataan dhimmicha jijjiiruuf osoo yeroo hin balleessiin nageenya hawaasaa mirkaneessa.[149]

Adeemsa haqa kennuu keessatti inni karaa aadaa murtii abbootiin dhimmaa fi dhimmamtootni itti waliigalan dabarsa waan ta'eef nageenya fiduu irratti gaheen isaa guddaadha. Kanaafuu, nageenya buusuun faayidaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu isa guddaadha. Akka waliigalaatti mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun faayidaawwan akka:-nageenya buusuu, baasii xiqqeessuu, yeroo qusachuu, dhaqqabamaa ta'uu, sirna haqaa idileef deeggarsa gochuun yakka ittisuu fi amala nama yakka raawwateellee kan jijjiiru akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

## 2.8. Daangaa dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu

Sirni haqa yakkaa adeemsa haqa barbaaduu keessatti miidhamtoota yakkaa giddu galeessa kan godhate miti. Keessattuu, abbaan alangaa yeroo waliigaltee balleessummaa 'plea-bargaining' shakkamaa waliin gaggeessullee miidhamtoota yakkaa qunnamuu dhiisuun, midhamtootni yakkaa sirna haqa yakkaa idileef giddugaleessa akka hin taane namatti agarsiisa.[150]

Yeroo tokko tokko haqni karaa mana murtiin argamuu dhabame mala aadaatiin dhimmichi utuu ilaalamee xiqqaatu miidhamtootni yakkaa furmaata ni argatu amantaa jedhutu jira. Akka fakkeenyaatti 'George Zimmerman' bilisa jedhamuun hawaasni amantaa seera irratti qabu xiqqeessuurra darbee, utuu mala aadaatiin xumuramee yoo xiqqaate maatiin isa du'ee fi hawaasni tasgabbii argata ta'innaa? nama jechisiisa.[151] Kun kan argisiisu mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun yeroo itti barbaachisu akka jiruudha.

Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun akka filannootti kan fayyadu malee sirna haqaa idilee guutummaan guutuutti kan bakka bu'uu miti.[152] Akka qajeeltoowwan restorative justice kan **declaration Leuven** irratti ibsametti; miidhamaa fi kan miidhaa geessise dhimma isaanii mala aadaatiin xumuruuf yoo fedhii qabaatan qofa. Yeroo qaamni lamaan waliif hin galletti seerri idileen jiraachuun dirqama jechuudha.

Kun kan agarsiisu gama tokkoon dhimoootni karaa aadaatin xumuramuuf, fedhiin kan miidhaa geessiisee fi sababa yakkaan miidhaamee jiraachuu kan qabu yoo ta'u; gama biraan dhimootni

[149] Akkuma oliitti lakk. 148ffaa *fuula 122.*
[150] Akkuma oliitti lakk. 146ffaa fuula 3.
[151] http://www.restorativejustice.org/press-room/07kindscrimes/violent-crimes kan ilaalame Bitootessa 2006 ALH.
[152] Akkuma oliitti lakk. 151ffaa fuula 10.

yakkaa mala aadaatiin yoo xumuraman kaayyoo dhimmoota yakkaa karaa adaatiin xumuruu fiixaan hin baasne waan jiraaniif dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun daanga qabaachu akka qabuudha.

Namni 'ACC Garry Shewan' jedhamu daangaan dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu maal ta'uu qabaa? Kan jedhuuf foormulaan salphaan yakkoota mala aadaatiin xumuramuu qabanii fi hin qabne haala salphaan tarreessee kaa'uu hin jiru; jechuun dhimmoota mala aadaatiin xumuruun haala dhimmichaa irratti hundaa'uun ta'uu qaba jedha.

Yakkootni miidhaan isaaniin gahe xiqqaa ta'ee fi ilaalcha hawaasaatiin baay'ee hin balaalleffatamne yakkoota akka aadaatti ollaan mariin furuu danda'uudha.[153]

Yeroo jalqabaa mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruu, kan 'restorative justice' jedhamu yakkaa dargaggoota irra deddeebiin yakka hin raawwatinii fi yakkoota sassalphoo ta'aniif fayyadamaa ture. Yeroo keessa garuu, dhimmoota yakka ciccimoo ta'anis ta'e kan gaheessotaan raawwataman furuuf itti fayyadamuun calqabamera. Yakkoota ciccimoo ta'anii ulfinni isaanii hangas mara hin taanerratti; yoo miidhamaa fi inni yakka raawwate walii galanii dhimma isaanii furatan manni murtii akka adabbiitti yeroon fudhatu kan jiru yoo ta'u; kanneen adabbiin kennamuun murteessaa ta'e irrattillee bifa adabbii salphisuun waliigaltee irra gahameef beekamtii kenna.[154]

Akka fakkeenyaatti yakkootni ulfaatoo fi mirga dhala namaa irratti raawwatamanii mala aadaatiin akka filannootti furaman; kan Afrikaa Kibbaa fi Ruwaandaa fudhachuun ni danda'ama. Kunis, nageenya gara fuula duraaf dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruun yeroo itti barbaachisu akka jiru namatti argisiisa. Keessattuu dhimmoota siyaasaa irratti biyyootni heedduun furmaata kan itti kennan jaarsummaatti fayyadamuuniidha. Kanumaafis yeroo ammaa biyyootni addunyaa waldhabbii isaanii humna fayyadamuu caalaa karaa mariin furachaa jiru.

Dhimmootni yakkaa hammeenyummaan raawwataman karaa aadaan hafuraman jechuun rakkisaadha. Miidhamtootni yakkaas ta'e hawaasni dhimmicha keessatti hirmaachuu hin barbaadu waan ta'eef, dhimmoota akkasii karaa aadaan xumurra jedhanii miidhamaa fi kan

[153] http://www.theguardian.com/local-government-network/2011/oct/28/restorative-justice-neighbourhood-resolution-panels kan ilaalame Bitootessa 2006 ALH.

[154] http://www.restorativejustice.org/press-room/07kindscrimes

yakka raawwate walitti fiduun, madaa duraan jiru sana akka irra deebi'anii madeessuutti ilaalama.[155] Kanaafuu dhimmoota akkasii karaa seeraan xumuruutu filatama.

Karaa biraatiin yakkootni mala aadaatiin yoo xumuraman kaayyoo dhimma yakkaa mala aadaatiin furuu galma hin geessisne tokko tokko ni jiru.[156] Isaanis, yakkoota addatti namni miidhame hin jirre; kan akka galii dhoksuu (tax evasion), qarshii sobaa oomishuu fi kanneen biroo miidhamaan yakkichaa addatti hin beekamne; qaama nageenyi gidduutti akka bu'u barbaadamus hin jiru waan ta'eef, dhimmichi karaa seera jiruun xumuramuu qaba. Yakkoota akkasii furuuf sirni haqaa idilee jiraachuun dirqama. Dhimmootni akkasii karaa aadaan yoo xumurames kaayyoo dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu galmaan hin ga'u. Akka waliigalaatti kan armaan olii irraa wanti hubannu dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun daangaa qabaachuu akka qabudha. Keessattuu dhimmota yakkaa namni addatti miidhame hin jirree fi kaayyoo nageenya buusuu isa jedhu fiixaan hin baasne irratti. Akkasumas yakkota nageenya biyyattii irratti raawwataman, dhimmoota akka addunyaatti ta'e akka biyyaatti xiyyeeffannoo qaban kan akka yakkoota daa'immanii fi dubartoota irratti raawwatamanii akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

[155] Akkuma oliitti lakk. 129ffaa.
[156] Akkuma oliitti lakk. 155ffaa.

# Boqonnaa sadii

## Xiinxala faayidaa dhimmoota yakkaa mala aadaan xumuruu fi daangaa raawwii isaa akka naannoo Oromiyaatti

### Seensa

Waldhabbiin jiruu fi jireenya dhala namaa keessatti yoomiyyuu kan hafuu miti. Waldhabbiiwwan kunis kan hariiroo hawaasaa yokiin kan yakkaa ta'uu danda'u. Waldhabbiin yoo jiraate ammoo hanga waldhabbichi hin hiikamnetti jiruu fi jireenyi hawaasichaa boora'ee akka jiraatu beekamaadha. Kanaafuu, akkuma waldhabbiin uumameen dhimmicha hiikuun, hawaasichi nageenyaan akka waliin jiraatu taasisuu irratti gahee isaa guddaadha. Seerotni biyya keenyaa waldhabbiiwwan hariiroo hawaasaa irratti mala aadaatti fayyadamuun akka hiikamuuf kan jajjabeessu yoo ta'u, dhimmota yakkaa akka kan mootummaatti ilaala waan ta'eef mala aadaatiin akka xumuramuuf kan jajjabeessu miti. Waldhabbiiwwan kunis maloota aadaa fi karaa seera idileen furamuu kan danda'an ta'ee, mala aadaatiin waldhabbii furuun nageenya hawaasa waldhabe sana keessatti buusuu irratti gaheen inni qabu guddaa ta'uu isaati.

Boqonnaa lammaffaa keessatti mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun akka addunyaatti maal akka fakkaatu, faayidaa akkamii akka qabu, biyyootni ambaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu irratti muuxannoo akkamii akka qabanii fi daangaan isaa maal akka ta'e ilaalleerra. Boqonnaa kana keessatti immoo dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun faayidaa akkamii akka qabuu fi daangaaan isaa maal ta'uu akka qabu irratti ragaan walitti qabame xiinxalameera. Qabxiiwwan xiinxalli irratti gaggeeffames gaaffilee qorannichi deebisuuf qabatee ka'e irratti hundaa'uun gabatee sadiitti kan qoodaman ta'ee, gabatee tokkoffa fi lammaffaan faayidaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu kan ibsan yoo ta'u, qabxiileen xiinxalichaaf fayyadaman baay'ee waan ta'eef gabatee lamatti qoodamaniiru. Gabateen inni sadaffaan gaaffilee qorannoo daangaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu fi hanga hojiirra oolmaa dhimma yakkaa mala

aadaatiin xumuruu hanga ammaatti jiru deebisuuf xiinxala gaggeeffameedha. Gaaffileen qabxicha deebisuuf gaafatama muraasa waan ta'eef gabatee tokko keessa kaa'amaniiru. Haaluma kanaan gabateewwan itti aanan lamaan keessatti faayidaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu fi miidhaa dhimmichi seera keessatti hammatamuu dhabuun qabu erga xiinxalamee booda gara daangaa isaa fi hanga hojiirra oolmaa isaatti kan darbinu ta'a.

**Gabatee 3.1. Gabatee xiinxala faayidaa dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu fi daangaa raawwii isaa akka naannoo Oromiyaatti agarsiisu.**

| Lakk. | Safartuulee | Baay'ina namoota | Qabxii kenname | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ol'aanaa | giddugaleessa | Gad'aanaa |
| 1 | Faayidaa dhimmoota yakkaa mala aadaan xumuruun qabu | 125 | 50 (40%) | 65 (52%) | 10 (8%) |
| 2 | Nagaa fi tasgabbii hawaasa keessatti buusuu | 125 | 89 (71.2%) | 30 (24%) | 4 (3.2%) |
| 3 | Heddummina dhimmaa hir'isuu irratti | 125 | 39 (47.2%) | 50 (40%) | 14 (11.2%) |
| 4 | Dhaqqaabamummaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu | 125 | 43 (34.4%) | 50 (40%) | 26 (20.8%) |
| 5 | Irra deddeebiin yakka raawwatamu hir'isuu | 125 | 39 (31.2%) | 58 (46.4%) | 26 (20.8%) |

HUB. Xiinxala kana keessatti ragaaleen mala af-gaaffi marii gariitiin walitti qabaman dhimmootuma bar-gaaffiin walitti qabaman yaada deeggaruu fi hin deeggarre sababa isaa waliin kaa'uun malee akka bar-gaaffiitti kophaatti kan xiinxalaman miti.

### 3.1. **Faayidaa dhimmoota yakkaa mala aadaan xumuruu**

Dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun faayidaa hedduu akka qabu hogbarruuwwan dhimma kana irratti jiran ni ibsu. Dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun faayidaa qabaachuu fi dhiisuu isaa akka naannoo keenyaatti xiinxaluuf bar-gaaffii, af-gaaffii fi marii gareetiin ragaan walitti qabameera. Haaluma kanaan namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni 50 (40%) olaanaa, namootni 65 (52%) giddugaleessa kanneen kennanidha. Namootni 10 (8%) warra mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun faayidaan isaa gad-aanaadha jedhaniidha. Dhimmuma kana xiinxaluuf af-gaaffii qaamolee adda addaa waliin taasifameenis mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun faayidaa hedduu akka qabu ibsaniiru. Fakkeenyaaf af-gaaffii jaarsolii araaraa waliin taasifamerraa kan hubatamu; dhimmi yakkaa mala aadaatiin yoo xumuramu akka sirna haqaa idileetti tokko mo'aa kaan mo'atamaa waan hin taasisneef haaloo gidduu namootaatii balleessuun nageenyi akka bu'u kan taasisuudha jedhu.[157]

Gama biraatiin miidhamtootni yakkaas dhimma isaanii mala aadaatiin yoo xumuratan jireenyi hawaasummaa isaanii bakkatti akka deebi'uu fi nageenyaan waliin jiraachuu irratti gaarii akka ta'e ibsu. Jireenya hawaasumaa miidhamtootaas rakkoo irra gahe dafee bakkatti waan deebisuuf dhimmi isaanii mala aadaatiin yoo furameef gaarii akka ta'e ibsu.[158] Dhimmuma kana irratti hoggantoota qaamolee haqaa waliin af-gaaffii taasifameenis mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun faayidaawwan adda addaa akka qabu ibsuun, kaayyoo seera yakkaa isa hangafa kan ta'e nageenya buusuu irratti faayidaan isaa baay'ee guddaadha jedhaniiru.[159] Nageenya buusuu irratti dabalaan mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhimmoota yakkaa kanneen karaa mana murtii sababii ragaa dhabuutiin furmaata argachuu hin dandeenyee dhugaa isaa kan baasu waan ta'ef dhugaa baasuun faayidaawwan dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu keessa isa kan biraati jedhaniiru.[160] Kana malees faayidaan dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu inni biraan aadaa ummata keenyaa kan duriyyuu ittiin beekamu jajjabeessuun hawaasichi dhimma isaa ofiin furachuu akka danda'u kan taasisu waan ta'eef, hawaasni dhimma isaanii ofumaan furachuu gaafa danda'an ofitti amanamummaan isaanii akka dabalu taasisa jechuun dhimmichi faayidaan

[157] Af-gaaffii Alii Abdinuur jaarsa araaraa Godinaa Booranaa Aanaa Moyyaalee, 23/3/2006, Ittafaa Camadaa fa'a jaarsolii araaraa Aanaa Iluugalaan fi Aanaa Daannoo gaafa11/4/2006.
[158] Af-gaaffii Dirribsaa Gammachuu fa'a miidhamtoota yakkaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo fi Tokkeee Kuttaayee gaafa 9/4/2006.
[159] Af-gaaffii Bojaa Taaddasee ittaanaa prezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, gaafa 20/5/2006, Wadaajaaa Kumsaa prezidaantii Mana Murtii Aanaa Tokke Kuttaayee, Nuuraddin Jamaal ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Tokkee Kuttaayee gaafa 9/4/2006.
[160] Af-gaafii Tamasgeen Zarihun, itti gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Moyyaalee gaafa 23/3/2006.

isaa guddaa ta'uu ibsu.[161] Inni biraan mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun yakka hir'isuu irratti gahee guddaa akka qabu af-gaaffii qaamolee adda addaa waliin taasifameen hubachuun danda'ameera. Mala aadaatiin dubbiin gaafa xumuramu qaamoleen lamaan walitti araaramuu irra darbee firootni warra waldhabanii kan yakkaaf wal eeggatan diinummaan gidduu isaaniitii ni bada waan ta'eef yakki akka hin raaawatamne taassisa jechuun ibsaniiru.[162]

Akka waliigalaatti xiinxala kana irraa kan hubatamu mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun; namoota waldhaban gidduu diinummaa jiru balleessuun kan yakkaaf wal eeggatan walitti araarsee yakki akka hin raawwatamne taasisa, hawaasni dhimma isaa ofiin furachuu akka danda'uuf kan aangessu waan ta'eef ofitti amanamummaan hawaasicha akka dabalu taasisa, kun immoo karaa biraan nagaa fi tasgabbiin hawaasa keessatti akka jiraatu kan taasisuu fi rakkoo hawaas-diinagdee biyyaa miidhu furuun namni hundinuu gahee ofii isaa guddina biyyattii keessatti akka gumaachu kan taasisu waan ta'eef faayidaan isaa guddaa akka ta'eedha.

### 3.2 Nagaa fi tasgabbii hawaasa keessatti buusuu

Nagaa fi tasgabbiin mootummaa biyya tokkoof akkasumas hawaasa akka waliigalaatiif dhimma hundee ta'eedha. Yakki ammoo nagaa fi tasgabbii hawaasaa akka booressu beekamaadha. Kanafuu, dhimma nagaa booressu kana dafanii furuun barbaachisaadha. Furmaata itti kennuun barbaachisaa erga ta'ee dhimmichi karaa aadaatiin yoo xumurame nagaaf tasgabbii buusuu irratti maal akka fakkaatu xiinxaluuf ragaaan qaamolee adda addaa irraa bifa bar-gaafii, af-gaaffii fi marii gareetiin walitti qabameera.

Gabatee 3.1 armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun nagaa fi tasgabbii hawaasa keessatti buusuu irratti maal akka fakkaatu xiinxaluuf namoota bargaaffii guutan 125 keessaa namootni 89 (71.2%) olaanaa, namootni 30 (24%) giddugaleessa jechuun mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun nagaaf tasgabbii buusuu irratti gaarii ta'uu isaa ibsaniiru. Itti dabalaanis bakka yaada isaanii bal'inaan akka ibsaniif hafe irrattis yaada isaanii yoo ibsan, inni karaa aadaa, akka kan adeemsa mana murtiin ta'uu; mo'aa fi mo'atamaa hin taasisu waan ta'eef nageenya gidduu miidhamaa fi isa yakka raawwatee akkasumas hawaasa

[161] Af-gaaffii Bafiqaaduu Wandimmuu prezidaantii Mana Murtii Aanaa Ciroo gaafa 2/4/2006.
[162] Af-gaaffii Silashii Kumsaa ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Mi'eessoo gaafa 3/4/2006, Kadir Hasan ittigaafaramaa waajjira haqaa aanaa Yaaballoo 26/3/2006, Bobbee Hulluuqaa B/b prezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa gaafa 26/3/2006.

keessatti akka bu'u taasisa. Dhimmuma kana ilaalchisee af-gaaffii taasifameenis dhimmi yakkaa mala aadaatiin yoo xumuramu namootni waldhaban lamaanuu wal-qixa gammadanii waan galaniif miirri mo'aa yokaan mo'atamaa akka itti hin dhagahamne ibsu. Kun immoo karaa biratiin haaloo walqabatanii akka gara fuula duraatti yakki hin raawwatamne waan taasisuuf nageenya amansiisaa fida kan jedhu irratti waliigalu.[163] Keessattuu yakkoota gosaa fi gosa gidduutti raawwatamu irratti mala aadaatii yoo hin xumuramne nageenyi bu'uu akka hin dandeenyetti amanu. Sababni isaas namni yakka raawwate adabames adabamu baates gosti biraan gosa yakka raawwate san yeroo biraa eeggatee yakka walfakkaataa yokiin yakka biraa akka irratti raawwatu ibsuun, dhimmichi mala aadaatiin yoo xumurame garuu haaloo gidduu gosaatii waan baasuuf nageenyi ni bu'a jedhaniiru; keessattuu Gumaan dhimmichaaf furmaata kan kennuu fi hawaasni akka walitti araaramu waan taasisuuf nageenyi ni bu'a kan jedhu deeggaruun yaada isaanii kennaniiru.[164]

Naannolee waldhabbiin gosaa itti baay'atu kan akka Boorana, Gujii fa'a keessatti dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun nageenya naannichaa mirkaneessuu keessatti gahee inni qabu guddaa akka ta'e ibsuun; naannichi durii eegalee aadaan kan beekamuu fi aadaafis bakka guddaa waan kennuuf dhimmi karaa aadaan yoo xumurame nageenya akka fidu ibsu.[165] Kanumaan walqabatee namootni dhimmi isaanii karaa seera idileen yoo xumura argatellee gaafa mana sirreessaatii bahanis ta'u mana sirreessaa keessa utuu jiranii miidhamtootaa fi hawaasa waliin osoo hin araaramiin deebi'anii nagaan jiraachuun rakkisaa waan ta'uuf mala aadaatiin dhimmichaaf furmaata kennuun dhimma murteessaadha akka ta'e ibsu.[166] Karaa biraatiin faayidaa dhimma kanaa yeroo ibsan yakkoota dhokataa, kan qaamoleen haqaa baasuu hin dandeenyellee baasuun hawaasni haqa akka argatu waan taasisuuf mala aadaatiin dhimma yakka

[163]Af-gaaffii Mangashaa Guddataa B/b Waajjira Haqaa Godhina Booranaa, inspector Guyyoo Salleessaa Hogganaa Waajjira Poolisii Aanaa Yaaballoo gaafa 26/3/2006, Fayyeeraa Aangoo fa'a jaarsolii araaraa Aanaa Ambootti Bokkuu Cittuu gaafa 13/4/2006.

[164] Af-gaaffii Inspector olaanaa Taarikuu Laggasaa, Abbaa adeemsa hojii qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Waajjira Poolisii Godina Booranaa, Kadir Hasan ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo gaafa 26/3/206.

[165] Af-gaafii Tamesgeen Zarihun ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Moyyaalee, gaafa 23/3/2006, Diidoo Guyyoo Jaarsa araaraa Godina Gujiitti gaafa 18/3/2006.

[166]Af-gaaffii Caalaa Soorii, gorsaa aabbaa gadaa tuulamaa gaafa 24/5/2006, Naasir Faaris abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa MM Waliigala Oromiyaa Gaafa 19/5/2006, Bobbee Hulluuqaa prezidaantii MM Aanaa Yaaballoo gaafa 26/3/2006.

xumuruun nageenya buusuuf kan adeemsa seera idilee akka caalu af-gaaffii qaamolee haqaa adda addaa fi jaarsolii araaraa (dhimma yakkaa mala aadaatiin ilaalanii) waliin taasifamerraa hubachuun danda'ameera.[167]

Gabatee armaan olii irraa hubachuu akka danda'amutti namoota mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun nagaaf tasgabbii buusuu irratti gaariidha jedhanii baay'achuu baatanis, dhimmichi nagaa fi tasgabbii buusuu irratti gaarii miti kan jedhanis kan jiran ta'uu isaati. Haaluma kanaan namoota bar-gaaffii guutan keessaa namootni 5 (4%) kanneen mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun nagaafi tasgabbii buusuu irratti gad-aanaa kan jedhaniidha. Dhimmuma kana ilaalchisee af-gaaffii taasifameenis naannowwan mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun baay'inaan itti hin beekamnettii fi aadaan waldhabbii xumuruu caalaa karaa seeraa filatanitti rakkisaa ta'uu danda'a; namni yakka raawwate tokko karaa seeraan yoo hin adabamne dhimmichatti hin quufan jechuun ibsu.[168]

Akka waliigalaatti xiinxala kanarraa kan hubatamu namootni mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun nagaa fi tasgabbii buusuu irratti hir'ina qaba jedhani kan jiran ta'us harki caalaan qaamolee haqaa kanneen bargaaffii guutan mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun nageenya hawaasa keessatti buusuu irratti gaarii ta'uu isaati.  mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun nagaafi tasgabbii hawaaasa keesatti buusuu irratti gaarii akka ta'e warri deeggaran kanneen bar-gaaffii guutan keessaa harka caaluurrayyuu, sababa isaa yoo dhiyeessan murtii qaamoleen miidhaa walirraan geessissan itti waliigalanii fi rakkoo gidduu isaaniitti uumameef sababa kan ta'e irratti mari'achuun hundeerraa waan furaniif, akkasumas rakkoo ragaa dhabuudhaan qaamni yakka raawwate tokko bilisaan gaggeeffamee gadoo walitti qabachuu uumu sana kan hambisu waan ta'eef nagaa fi tasgabbii kan buusu ta'uu isaati. Kanaafuu, nagaa fi tasgabbii hawaasa keessatti buusuu irratti mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun gaarii akka ta'e xiinxala armaan olii irraa hubachuun danda'ameera.

[167] Af-gaaffii Qajeelaa Waatiroo fa'a jaarsolii araaraa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddooo Kombolchaa gaafa 22/4/2006, Fayyeeraa Aangoo fa'a jaasolii araaraa Aanaa Ambootti Bokkuu Cittuu gaafa 13/4/2006, Tamesgeen Zarihun ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Moyyaalee, gaafa 23/3/2006.

[168] Af-gaafii Amsaaluu Olaanii prezidaantii MM Olaanaa Shawaa Lixaa, gaafa 7/4/2006.

### 3.3 Heddumminna dhimmootaa hir'isuu

Heddumminni dhimmootaa qulqullina murtii irratti wantoota dhiibbaa qaban keessaa isa tokko akka ta'e qorannoon qorattootni Inistitiyuutii Leenjii Ogessoota Qaamolee haqaa fi QorannooSeeraa Oromiyaatiin mata duree 'Qulqullina murtii manneen murtii naannoo Oromiyaa' jedhu irratti gaggessan ni argisiisa.[169] Dhimmuma kana akka naannoo Oromiyaatti maal akka fakkaatu xiinxaluuf ragaaleen bar-gaaffii, af-gaaffii fi marii gareetiin walitti qabameera. Haaluma kanaan Gabatee 3.1 armaan olii irraa akkuma hubatamu, dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun heddummina dhimmootaa ni hir'isa jechuun olaanaa fi giddugaleessa kan jedhan namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa wal-duraa duubaan namoota 39 (47.2%) fi namoota 50 (40%) kan ta'aniidha. Namootni 14 (11.2%) ammoo dhimmichi heddumminna dhimmootaa hir'isuu irratti gad-aanaadha kanneen jedhaniidha. Dhimmuma kana ilaalchisee af-gaaffii taasifameen mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun heddumina dhimmaa hir'isuu irra darbee, gama tokkoon qaamoleen haqaa dhimmoota xiyyeeffannoo barbadan; keessattuu yakkoota nageenya biyyattii irratti raawwataman irratti xiyyeeffachuun bifa qulqullina qabuun akka hojjetan kan taasisu waan ta'eef mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun heddummina dhimmoota ni hir'isa jedhaniiru.[170] Karaa biraatiin rifoormiiwwan qaamolee haqaa kessaatti gaggeffamaa turan illee heddummina dhimmaa irraan kan ka'e murtiin daddafee akka hin kennamne ta'aa waan tureef amantaan ummatni sirna haqaa irratti qabu gadi bu'aa akka ture ibsuun, amantaaa ummatni sirna haqaa irratti qabu dabaluuf akkaataa hedduminni dhimmaa hir'achuu danda'u irratti kan hojjetamaa ture ta'uu isaati. Tooftaa ittiin heddumminna dhimaa hir'isan keessaa inni tokko dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuramuu danda'an karaa aadaan furmaata itti kennuudhaan akka ta'e namootni af-gaaffiin taasifameef ni ibsu.[171] Kanaafuu dhimmoota yakkaa kan ta'an hunda karaa seera idileen xumuruun yeroo fi qabeenya qisaasessuurra darbee, dhimmootni akka heeddummatan kan taasisu ta'uu ibsaniiru. Baay'achuun dhimmootaa karaa biraatiin dhimmoota xiyyeennoo barbaadan, kan ummatni bal'aa fi mootumaan miidhamaa ta'an irratti xiyyeeffannaan akka hin hojjetamne taasisa waan

[169] Tafarii Baqqalaa fi Alamayyoo Waaqgaarii (2005) madaaallii qulqullina murtii manneen murtii naannoo Oromiyaa fuula 90.

[170] Af-gaaffii Bojaa Taaddasee ittaanaa Prezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, 20/5/2006, Mulugeetaa Shibbiruu prezidaantii MM Aanaa Liiban 18/3/2006, Amsaaluu Olaanii prezidaantii MM Olaanaa Godina Shawaa Lixaa 7/4/2006, Baatirii Fufaa ittigaafatamaa Wajjira Haqaa Godina Shawaa Lixaa 8/4/2006,

[171] Af-gaaffii Bafiqaaduu Wandimmuu, prezidaantii MM Aanaa Ciroo 2/4/2006, Tamasgeen Zarihun ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Moyyaalee 23/3/2006, Baatirii Fufaa ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Shawaa Lixaa 8/4/2006.

ta'eef dhimmoota hawaasni ofumaan xumurachuu danda'an irratti seeraan haguuggiin kennamee osoo karaa aadaan akka xumuramu ta'ee heddumminni dhimmaa hir'achuu akka danda'u yaada isaanii kennaniiru.[172]

Akka waliigalaatti xiinxala armaan olii irraa kan hubatamu dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun heddummina dhimmaa hir'isuu irratti gahee inni qabu guddaa akka ta'eedha. Sababiin isaan dhimmi yakkaa mala aadaatiin kan xumuramu yoo ta'e dhimootni hawaasuma naannootiin furmaatni itti kennamuu danda'u gara qaamolee haqaa osoo hin dhufiin achumatti ummatichaan xumurama waan ta'eef dhimmootni akka hin heddummanne kan taasisu ta'uu isaati. Kana malees dhimmootni gara qaamolee haqaa yoo dhufanis kanneen mala aadaatiin xumuramuu danda'an gara qaamolee dhimmicha karaa aadaan ilaalaniitti erguun waan danda'amuuf heddumminni dhimmaa ni hir'ata. Kanaafuu, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun gama tokkoon dhimmootni akka hin heddummanne kan taasisu yoo ta'u gama biraan heeddummachuu dhabuun immoo dhimmoota xiyyeeffannoo addaa barbaadan kan akka yakka nageenya biyyattii irratti raawwatamanii fi yakkoota akka addunyaatti xiyyeeffannoo barbaadan xiyyeeffannoon akka hojjetaman kan taasisu ta'uu isaati.

### 3.4 Dhaqqabama ta'uu

Dhaqqabamummaa kuusaan jechootaa kan jechoota seeraaf hiikoo kennuun beekamu, *Black's Law Dictionary*, "an opportunity, or ability to enter, approach, pass to and from, or Communicate with jechuun hiika.[173] Kanarraa kan hubannu dhimma tokko argachuuf yokaan xumurachuuf itti dhiyeenyaan dhimmicha bakka itti xumurachuun danda'amu kan hammatu ta'uu isaati. Karaa biraatiin dhaqqabamummaan gonkuma jiraachuu dhabuu wanta barbadamuu osoo hin taane dhimma sana itti dhiyeenyaan argachuu danda'uu kan of keessaa qabuudha. Dhimmi yakkaa mala aadaan kan xumuramu yoo ta'e, miidhamaafis ta'e shakkamaaf, akkasumas hawaasa naannoo yakkichi itti raawwaame jiraataniif dhaqqabamaa ta'a. Kunis faayidaa mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun miidhamtoota yakkaatiif qabu keessaa isa guddaadha.

[172] Af-gaaffii Tasfaayee Wayyeessaa ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Amboo 8/4/2006, Nuuraddin Jamaal ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Tokkee Kuttaayee 9/4/2006
[173] Black's Law Dictionary, 8th ed.(2004),F.14.

Akka naannoo Oromiyaatti mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun hangam dhaqqabamaadha kan jedhu xiinxaluuf bar-gaaffiin, marii gareen, akkasumas af-gaaffiin ragaan barbaachisu walitti qabameera. Haaluma kanaan namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni43 (34.4%) olaanaa, namootni 50 (40%) giddugaleessa jechuun mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhaqqabamaa ta'uu irratti gaarii ta'uu argisiisaniiru. Namoota bar-gaaffii guutan keessaa kanneen 26 (20.8%) ta'an ammoo warra mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhaqqabamaa ta'uu irratti gaarii miti jechuun, dhaqqabamummaa dhimma yakkaa yeroo karaa aadaan xumuramuuf qabxii gad-aanaa kennaniidha. Dhimmuma kana ilaalchisee af-gaaffii taasifameen biyya harki caalaan ummataa baadiyyaa keessa jiraatuu fi bu'uuraaleen misoomaa iddoo hundatti hin babal'atiin jirutti; dhimmootni karaa seera idileetiin qaamolee seericha hojiitti hiikaniin qofa kan xumuramu yoo ta'e dhaqqabamaa dha jechuun rakkisaa akka ta'e ibsu.[174] Keessatuu, ummatni handhuura irraa fagoo durii eegalanii waldhabbii isaanii karaa aadaa isaaniitiin naannuma jiranitti furmaata itti kennaa akka turaniidha. Dhaqqabamummaanis dhimmicha itti dhiyeenyaan baasii baay'eef osoo hin saaxilamiinii fi fageenya baay'ee osoo hin deemiin haala dhimmichi itti furmaata argachuu danda'u akka ta'e hiika kuusaan jechootaa kennu irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu, dhimmi yakkaa mala aadaatiin yoo xumuramu naannuma miidhamtootni yakkaa jiranitti waan ta'uuf hiikkaa dhaqqabamummaa waliin kan deemu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kun immoo karaa biraatiin, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhaqqabamaa ta'uu isaa kan agarsiisudha. Dhimmootni yakkaa baay'een isaanii osoo mala aadaatiin hin qabaman ta'ee, yakkootni biroo baay'een dabalataan raawwatamuu kan danda'niidha.[175] Kana hambisuuf miidhamtootni yakkaa, kan yakka raawwatan, akkasumas jaarsoliin naannichaa ariitiin dhimmichi jaarsaan akka qabamu godhu. Kunimmoo jaarsoliin qaama yakka raawwates ta'e irratti raawwatameef itti dhiyeenyaan kan argaman ta'uu isaa irraan kan ka'eedha. Kanumaafis waldhabbiin yeroo uumannetti yakki biraa osoo hin raawwatamiin dhimmicha karaa aadattiin qabuun furmaata itti kennuu danda'un dhaqqabamummaa kan

[174] Af-gaaffii Godaanaa Dhaddachaa jaarsa araaraa Godina Gujii Aanaa Liiban gaafa 18/3/2006, Tamsgeen Zarihun ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Moyyaalee gaafa 23/3/2006, Damis Asaffaa ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Liiban, 17/3/2006

[175] Af-gaaffii Caalaa soorii gorsaa Abbaa Gadaa Tuulamaa fi barreessaa koree raawwachiiftuu Gadaa Tuulamaa gaafa 24/5/2006, Ittafaa Camadaa jaarsa araaraa Aanaa Iluugalaan gaafa 11/4/2006. Yakki tokko yoo raawate hawaasni naannoo sanaa deebii yakka sanaatiif yakkaan deebisuu waan barbaaduuf sana hambisuuf dhimmichi mala aadaatiin qabamuu akka qaabu ibsu.

argisiisu akka ta'e ibsu. Kanaafuu, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhaqqabamaa ta'uu isaa namootni af-gaaffiin taasifameef ibsaniiru.[176]

Xiinxala armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun miidhamtoota yakkaa, akkasumas hawaasa dhimmi yakkaa raawwatamee haqa argachuu isaa arguu barbaadaniif dhaqqabamaa akka ta'eedha. Kanas yakkootni yeroo raawwataman osoo qaamoleen haqaa bira hin gahiin dhimmichi akka furamuu fi nageenyi hawaasa sana keessatti akka bu'u kan taasisu dhimmicha mala aadaatiin jaarsoliin naannichatti argaman ariitiin waldhabbii sana furuunidha. Karaa biraatiin yakki biraanillee dabalamee akka hin raawwatamneef kan hojjetan waan ta'eef mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhaqqabamaa ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

### 3.5 Irra deeddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu

Hanqinoota sirna haqaa idilee kan akka miidhaa dhaqqabe dhidhiibuu dhabuu, miidhamaa yakkaaf iddoo kennuu dhabuu, nama yakka raawwatee fi irratti raawwatame walitti fiduun nageenya buusuu dhabuu akkasumas irra deddeebiin yakka raawwachuu hambisuu dadhabuun[177] adabbii karaa sirna haqaa idileen kennamuu sababoota dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan'Restorative justice' jedhamu akka dhufu taasise keessaa isa tokko akka ta'e hubatameera.Gabatee 3.1 armaan olii irra akka hubatamutti mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun irra deddeebiin yakka raawwachuu hambisuu irratti namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni 39 (31.2%) olaanaa, namootni 58 (46.4%) giddugaleessa jechuun dhimmichi irra deddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu irratti gaariidha jedhaniiru. Dhimmuma kana ilaalchisee af-gaaffii taasifameenis namoota dhimmi isaanii karaa aadaan xumurameirra deddeebiin yakka yeroo raawwatan akka hin mul'annee fi dhimmi isaanii yeroo mala aadaatiin xumuramu hawaasichaaf waadaa waan galchisiisaniif deebi'ee yakka raawwachuu irraa akka of qusatu ibsaniiru. Itti dabalees, beenyaan yeroo kanfalamu gosootni nama yakka raawwatee illee qarshii walitti buusanii waan kanfalaniif lamuu dhimmichatti yoo deebi'e akka gosa isaa/shee/ miidhuttillee yaada waan ta'eef yakkichatti akka hin deebine ibsaniiru.[178] Karaa biraatiin dhimmi

[176] Af-gaaffii Husen Aliyyii jaarsa araaraa Aanaa Liiban gaafa 17/3/2006, Umar Aliyyii fa'a jaarsolii biyyaaGodina Gujii Aanaa Gorodoolaa gaafa 17/3/2006.

[177] Akkuma oliitti lakk. 150ffaa pp.151.
[178] Akkuma oliitti lakk. 160ffaa.

yakkaa yeroo tokko mala aadaatiin kan erga xumurameen booda namumti sun yakka raawwatee yoo argame dhimmi isaa haala biraan akka ilaalamu waan ta'uuf, beenyaan kanfalamuus haala addaan kan ilaalamu waan ta'eef namni akka irra deebiin yakka hin raawwanne taasisa yaada jedhu qabu.[179] Dhimmuma kana ilaalchisenamoota bar-gaaffii guutan keessaa namootni 26 (20.8%) mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun irra deddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu irratti gad-aanaa jedhanii warra deebisaniidha. Isaani kun kan sababeeffatan dhimma yakkaa kanneen ciccimoo ta'an fa'a mala aadaatiin xumuruun namoota barsiisuu irratti hanqina qaba yaada jedhu qabatanii falmu. Gosatu baasa jedhee yakka raawwachuu irraa of qusachuu dhiisuu danda'a sodaa jedhu akka qaban ibsu.[180] Haata'u malee dhimma kana irratti af-gaaffii jaarsolii araaraa waliin taasifameen bakka namni yakka raawwate qabeenya hin qabnetti malee hangi beenyaa kanfalamuu hndi gosarraa guuramee akka hin taane ibsuun, yeroo gosa irraa guuramettis gosti sun nama yakka raawwate sana gochaa isaarraa akka of qosatuuf dhiibbaa kan uumu malee gosatti dhaadachuun yakka irra deebi'ee akka raawwatu kan taasisu miti jechuun yaada isaanii ibsu.[181] Gama biraatiin hawaasa aadaan dubbii xumuruun bal'inaan beekamutti dhimmoota dhoksaa illee baasuurratti gaheen inni qabu guddaa akka ta'eedha. Kunimmoo namni takkaa yakka raawwatellee hawaasuma nannoo, kan waa'ee isaa gad-fageessanii beekaniin waan ilaalamuuf akka yeella'uu fi ija hawaasichaa baachuu dadhabu waan taasisuuf irra deddeebiin yakka raawwachuu akka hambisu gochuu irratti gaheen dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu guddaa ta'uu isaati.

Akka waliigalaatti xiinxala armaan oliirraa kan hubatamu; mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun irra deddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu irratti gaarii akka ta'eedha. Namootni irra deddeebiin yakka raawwachuu hambisuu irratti mala aadaatiin xumuruun hir'ina qaba jedhan gosatu beenyaa yakkaa sana kaffala waan ta'eef gosatti dhaadachuun irra deddeebiin yakka raawwachuu mala kan jedhan yoo ta'u; harki caalaan ammoo dhimmi yakkaa mala aadaatiin kan xumuramu yoo ta'e duraani dhimmicha kan ilaalee furmaata itti kenne hawaasuma naannoo sanaati ammas deebi'ee yakka raawatee yoo argamu hawaasichaan nama badaa akka ta'ettan ilaalama jedhee waan sodaatuuf, itti dabalaanis akka karaa seera idileen ta'uu sobee illee jalaa bahuu kan danda'u waan hin taaneef irra deebi'ee yakka raawwachuuf ija jabaachuu akka hin

[179] Af-gaaffii Godaanaa Dhaddachaa jaarsa araaraa Godina Gujii Aanaa Liiban 18/3/2006, Caalaa Soorii gorsaa Abbaa Gadaa Tuulamaa fi barreessaa koree raawwachiiftuu Abbaa Gadaa Tuulamaa 24/5/2006

[180] Abdullaahii Shaafii prezidaantii mana murtii godina Gujii 17/3/2006.

[181] Af-gaaffii Qaamphicee Kunoo fa'a jaarsolii araaraa Godina Booranaa Aanaa Areeroo 24/3/2006.

dandeenyeedha. Kanaafuu mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun irra deddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu dhimma danda'u ta'uu isaati.

Itti aansuun ammoo ilaaluuf akka tolutti faayidaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu xiinxaluuf qabxiiwwan hafan muraasaa fi dhimmichi haguuggii seeraa ifaa ta'e dhabuun miidhaa inni qabu gabatee armaan gadii keessatti xiinxalameera.

**Gabatee 3.2 Gabatee xiinxala faayidaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu**

| Lakk | Safartuulee | Baay'ina namootaa | Qabxii kenname | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | Olaanaa | Giddugaleessa | Gad-aanaa |
| 6 | Kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu | 125 | 31(24.8%) | 70 (56%) | 24 (19.2%) |
| 7 | Fedhii hawaasaa yaada keessa galchuu | 125 | 55 (44%) | 51 (40.8%) | 19 (15.6%) |
| 8 | Miidhamtoota yakkaa dhimma isaanii irratti hirmaachisuu | 125 | 58 (46.4%) | 45 (36%) | 20 (16%) |
| 9 | Adeemsa miidhamtoonni ittiin dhimma isaanii xumurachuu barbaadan | 125 | 62 (49.6%) | - | 51 (40.8%) |
| 10 | Dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun haguuggii seerota dhabuun miidhaa inni qabu | 125 | 61 (48.8%) | 45 (36%) | 17 (13.6%) |

HUB: Miidhamtootni dhimma isaanii adeemsa kamiin xumurachuu barbaadu kan jedhu (lakk. 9ffaa) irratti deebiwwan filannoo kan karaa seera idileen, jedhuu fi karaa aadaa isaaniitiin jedhu yoo ta'u, warra karaa aadaa isaaniitiin jedhan dhimmicha kan deeggaran waan ta'eef ol'aanaa akka ta'etti fudhatameera. Kanneen karaa seera idileen jedhan ammoo dhimma yakkaa mala

aadaatiin xumuruu akka hin deeggerreetti waan ilaalamuuf gad-aanaa akka ta'etti lakkaa'ameera. Qabxii kana irratti giddugaleessi waan hin jirreef olaanaa fi gad-aanaatu waliin madaalamee xiinxalli irraatti gaggeeffamaa jechuudha.

### 3.6 kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu

Keewwata jalqabaa seera yakkaa Mootummaa Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa irraatti kaayyoon Seera Yakkaa, faayidaa waliigalaatiif jecha nageenya, tasgabbii, sirna, mirgaa fi faayidaa mootummaa, ummataa fi jiraattoota biyyattii eeguufi mirkaneessuu akka ta'e ibsameera. Kun kan nama hubachiisu karaa kamiinuu hojiin dhimma yakkaa ilaalchisee hojjetamu; adabbiin kennamu, tarkaanfiwwan garaa garaa fudhataman kaayyoo kana galmaan gahuu akka qabaniidha. Dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun kaayyoo seera yakkaa kana hangam galmaan gahaa? kan jedhu xiinxaluuf namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni 31 (24.8%) olaanaa, namootni 70 (56%) giddugaleessa kanneen jedhaniidha. Kanneen bar-gaaffii guutan keessaa namootni 24 (19.2%) ammoo mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu irratti gad-aanaadha warra jedhaniidha. Dhimmuma kana ilaalchisee af-gaaffii taasifameen, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu irratti gahee guddaa akka qabu ibsuun dhimmoota yakkaa keessattu kanneenn naannoo waldhabbiin gosaa jirutti uumaman irratti nageenyi bu'uu kan danda'u dhimmichi yoo karaa aadaan xumurame akka ta'e ibsu.[182] Kaayyoon seera yakkaas nageenya buusuu akka ta'e ibsuun dhimmi yakkaa mala aadaatiin yoo xumurame caalmaatti nageenyi kan bu'u waan ta'eef mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun kaayyicha akkuma seera idileen ta'uutti galmaan gahuu ni danda'a jechuun yaada isaanii ibsaniiru.[183] Yaaduma kana deeggaruun namoota mala aadaatiin dhimma yakkaa xumurani waliin af-gaaffii taasifameenis yakki akka hin raawwatamne ittisuu irrattillee dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun iddoo guddaa akka qabu ibsaniiru. Sababa isaas yoo ibsan yakki tokko yeroo raawwatamutti dhimmichi mala aadaatiin kan hin qabamne yoo ta'e firoonni isa yakki irratti raawwatamee haaloo bahuuf yakka

[182] Af-gaaffii Kadir Hasan ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo, Mangashaa Guddataa B/b Waajjira Haqaa Godina Boorana, Inispector Olaanaa Laggasee abbaa adeemsa hojii qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Waajjira Poolisii Godina Booranaa26/3/2006

[183] Af-gaaffii Bojaa Taaddasee ittaanaa prezidaantii MM Waliigala Oromiyaa 20/5/2006, Bafiqaaduu Wandimmuu prezidaantii MM Aanaa Ciroo 2/4/2006

biraa raawwachuu akka barbaadaniidha.[184] Mala aadaatiin yoo qabame garuu yakki biraa dabalamee akka hin raawwatamne ittisa waan ta'eef mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun kaayyoo seera yakkaa galmaan akka gahu yaada isaanii ibsaniiru.

Yeroo ammaa kana mootummaanillee dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu hawaasni karuma ofiin akka furataniif hawaasumti sun of keessaa namoota dhimma isaanii akka furataniif gargaarsa ni taasisu jedhanii filataman bifa poolisii hawaasummaa (community policing) jedhuun irratti hojjetamaa akka jiru ibsuun, dhimmichi yakka hir'isuu kan kaayyoo seera yakkaa keessaa tokkota'e fiixaan kan baasu ta'uu isaa argisiisa jechuun yaada isaanii kennaniiru.[185] Miidhamtoota yakkaa af-gaaffiin taasifameef dhimmi yakkaa mala aadaatiin yoo xumurame caalaatti nageenyi hawaasa keessatti akka bu'u ibsuun; karaa seera idileen yoo xumurame ma'aafi mo'atamaa ta'uun haaloo walitti qabatanii walii wajjin jiraatu waan ta'eef jireenya hawaasummaa keessatti waan xiqqoo irratti wal-eeggattanii yakka deebi'anii walirratti raawwatu jedhu. Inni mala aadaatiin furmaata argatu kan yakka raawwatee fi irratti raawwatame walitti kan araarsuu waan ta'eef waldhabbiiwwan mala aadaatiin hiikuun nageenya kan buusu ta'uu akeekaniiru.[186]

Gama biraatiin dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu irratti hanqina qaba kan jedhanis akka jiran gabatee armaan olii irraa hubachuun kan danda'muudha. Af-gaafii taasifameenis dhimmota yakkaa ulfaatoo ta'anii fi hammeenyummaan raawwataman irratti tarkaanfiin karaa seeraan yoo hin fudhatamne hawaasni akka hin tasgabboofne taasisa jechuun dhimmootni akkasii karaa seera idileetiin furmaata argachuu qaba yaadni jedhu ka'eera.[187]

---

[184] Af-gaaffii Qajeelaa Waatiroo fa'ajaarsolii araaraa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa 22/4/2006, Caalaa Soorii gorsaa Abbaa Gadaa Tuulamaa fi barreessa koree raawwachiistuu Abbaa Gadaa Tuulamaa 24/5/2006, Taakkalaa Dhinsaa fa'a jaarsolii araaraa Aanaa Daannoo fi Iuugalaan 11/4/2006.

[185] Af-gaaffii Saajin Olaanaa Ashabbir Gazzaanyi abbaa adeemsa hojii qorannaa yakka fi murtii haqaa kenniisiisaa Waajjira Poolisii Aanaa Mi'eessoo 5/4/2006 sababa poolisii hawaasummaa irraan kan ka'e yakkoonni akka hir'atanii fi dhimmonni heddummachuu akka xiqqaate ibsaniiru.

[186] Af-gaaffii Wayyeessaa Fayyisaa miidhamaa yakkaa Godina Lixa shawaa Aanaa Tokkee Kuttaayye 9/4/2006

[187] Af-gaaffii Amsaaluu Olaanii prezidaantii MM Olaanaa Godina Shawaa Lixaa 7/4/2006, Abdullaahii Shaafii prezidaantii MM Olaanaa Godina Gujii 17/3/2006 keessattuu yakkoota ciccimoo ta'an irratti yoo mala aadaatiin haxumuramu jedhamee namni yakka raawwate murtii hin argatu ta'e namoonni birootti sodaan hin uumamu waan ta'eef rakkoo ta'uu danda'a jedhu.

Namootni yaadicha hin deeggarre sababa yoo kaa'an kaayyoon seera yakkaa nageenya buusuu qofa osoo hin taane barsiisuu kan dabalatu akka ta'e ibsuun; mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun nama yakka raawwate barsiisuu irratti hanqina qaba jechuun kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu irratti hanqina qaba jedhaniiru.[188] Kanumaan walqabatee miidhamtoota yakkaa akkasumas jaarsolii araaraatiif af-gaaffii taasifameen dhimma yakkaa karaa aadaatin xumuruun barsiisuu irratti akkuma adabbii karaa mana murtiin kennamuutti barsiisaa akka ta'e ibsaniiru.[189] Adabbiin mala aadaatiin kennamu loon irraa fuudhuun yoo ta'u, akka waliigalaatti ummata Oromoo birattii fi keessattuu ummata horsiisee bulaa biratti loon bakka guddaa qaba waan ta'eef namni loon irraa fuudhamu baay'ee irraa barata jechuun yaada isaanii ibsu.[190] Gama biraatiin kanfaltii beenyaa mala aadaatiin dhimmi yakkaa yoo xumuramu raawwatamu caalaatti haalli raawwii isaanama yakka raawwates ta'e hawaasa yeroo araarri sun ta'u irratti hirmaatan kan barsiisu akka ta'e ibsu.[191] Keessattuu adeemsa gumaa baasuu keessatti nama gumaa baasu minii namni yeroo sirna raawwii isaatti hirmaatanillee lammata yakka raawwachuufillee akka hin yaadne akka taasisu akka ta'etti yaada isaanii ibsu.

Xiinxala armaan olii irraa kan hubatamu mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu irratti gaheen isaa guddaa akka ta'eedha. Sababni isaas dhimmi yakkaa mala aadaatiin yoo xumuramu nageenyi kan bu'u waan ta'eef kaayyoo seera yakkaa isa hangafa kan ta'e galmaan kan gahu ta'uu isaati. Karaa biraatiin dhimmi yakkaa mala aadaatiin kan xumuramu yoo ta'e kaayyoo seera yakkaa shakkamaa barsiisuu kan jedhu fiixaan hin baasu kan jedhame sanaaf, kan dhimmicha irratti hirmaatanii beekanii fi dhimma isaanii mala aadaatiin xumuratanii beekan waliin af-gaaffii taasifameen dhimmichi kan barsiisu ta'uun isaa hubatameera. Sirni raawwii dhimma yakkaa karaaa aadaatiin xumuruus nama yakka raawwate irra darbee nama sirnicha irratti hirmaateefillee haalli raawwii isaa kan barsiisu waan ta'eef

[188] Af-gaaffii Abdullaahii Shaafii prezidantii MMO Godina Gujii 17/3/2006, Saajin Ajjamaa Itichaa abbaa adeemsa hojii qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Waajjira Poolisii Aanaa Amboo 9/4/2006.
[189] Af-gaaffii Caalaa soorii gorsaa Abbaa Gadaa Tuulaamaafi barreessaa koree qindeessituu isaa gaafa 24/5/2006.
[190] Af-gaaffii Abduub Areeroo miidhamaa yakkaa Aanaa Liiban 18/3/2006, Jiloo Waarii miidhamaa yakkaa Aanaa Yaaballoo 26/3/2006
[191] Af-gaaffii Caalaa Soorii gorsaa Abbaa Gadaa Tuulamaa fi barreessaa koree raawwachiiftuu Gadaa Tuulamaa 24/5/2006, Tamsgeen Zarihun ittigaafatamaa waajjira haqaa aanaa Moyyaalee 23/3/2006, mala aadaatiin yeroo xumuramu gosoota irraa qarshii walitti guuranii kanfalu; kun immoo hawaasni waliidhuma isaatiinuu akka wal-eegu kan taasisuu fi nama yakka raawwate sanattillee sababa kiyyaaf nammoonni biroollee miidhaman yaada jedhuu fi gocha raawatamettillee akka gaabbu kan taasisudha jedha.

yakki akka hin raawwatamne kan taasiisu akka ta'e hubachuun danda'ameera. Kanaafuu mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun kaayyoo seera yakkaa galmaan kan gahu ta'uu isaati.

### 3.7 Fedhii hawaasaa yaada keessa galchuu

Seera idileenis ta'e kan karaa aadaan waldhabbiin yoo furmaata argatu fedhii hawaasaa yaada keessa kan hin galchine yoo ta'e amantaan hawaasichi qaamolee waldhabbicha hiikan irratti qaban akka xiqqaatu taasisuu danda'a.

Gabatee 3.2 armaan olii irraa hubachuun kan dand'amu qaamolee haqaa (abbootii seeraa, abbootii alangaa fi qorattoota poolisii) bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni 55 (44%) kan ta'an mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun fedhii hawaasaa yaada keessa galchuu irratti olaanaadha kan jedhan yoo ta'u, namootni 51 (40.8%) fedhii hawaasaa yaada keessa galchuu irratti giddugaleessa jedhaniiru. Itti dabalaan bar-gaaffii irratti yaada isaanii bal'inaan akka ibsaniif bakka kenname irratti yaada isaanii yoo ibsan, ummatumti ofiin dhaddacha irratti dhiyaachuun dhimma yakkaa karaa aadaa isaaniitiin akka xumurataniif eeyyama yeroon itti gaafatan kan jiru ta'uu ibsuun; kun immoo dhimmichi fedhii hawaasaa yaada keessa kan galchu ta'uu agarsiisa jedhaniiru. Dhimmuma kana irratti af-gaaffii taasifameenis, yeroo dhimmootni yakkaa mala aadaatiin xumuraman fedhii hawaasaa giddugaleessa godhaachuusaa kan ittiin beekamu keessaa, hawaasni dhimmicha irratti hirmaachuun murtiin sirrii kan hawaasicha gammachiisuu fi ilaalcha namni balleessaa raawwate adabbii isa barsiisu akka aadaa hawaasichaatti argachuu kan mirkaneeffatan waan ta'eef fedhiin hawaasaa yaada keessa ni galcha jechuun yaada isaanii ibsu.[192] Karaaa biraan dhimmoota yakkaa gosaa fi gosa gidduutti uumamu furuuf gaheen mala aadaatiin dhimmicha xumuruun qabu guddaadha. Kunis fedhii haawaasa bal'aa kan gosaayaada keessa kan galchu waan ta'eef mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun fedhii hawaasaa yaada keessa ni galcha jedhaniiru.[193] Inni biraan fedhiin hawaasaa yaada keessa galchuu argisiisu, nageenyaan jiraachuun fedhii hawaasaa akka ta'e beekamaadha. Nageenya hawaasaa kan booressu yakki yoo raawwatame dhimmichi karaa aadaan yoo

[192]Af-gaaffii Umar Aliyyii fa'a jaarsolii biyyaa Godina Gujii Aanaa Gorodoolaa gaafa 17/3/2006, Godaanaa Dhaddachaa jaarsa araaraa Godina Gujii Aaanaa Liiban gaafa 18/3/2006 Jiloo Waarii, Nasraddin Yosuuf, Baggajaa Alakee miidhamtoota yakkaa Godina Boorana Aanaa Yaaballoo gaafa 26/3/2006.

[193] Af-gaaffii Mangashaa Guddataa B/b Waajjira Haqaa Godina Booranaa, Inspekter Olaanaa Taarikuu Abbaa Adeemsa Hojii Qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Poolisii Godina Booranaa gaafa 26/3/2006, Ins. Olaanaa Daksiisaa, Hogganaa Waajjira Poolisii Aaanaa Moyyaalee, gaafa 23/3/2006.

xumurame nageenyi kan dhufu waan ta'eef mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun fedhii hawaasaa yaada keessa kan galchu ta'uu isaa nama hubachiisa jechuun yaada isaanii kennaniiru.[194] Kanaafuu dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun fedhii hawaasaa yaada keessa ni galcha jechuu kan nama dandeessisuudha. Karaa biraatiin dhimmi kun fedhii hawaasaa yaada keessa kan galchu ta'uu isaa kan argisiisu, hawaasni rakkoo isaa ittiin furachuu kan fedhu ta'uu isaati. Keessattuu ummata Oromoo akka waliigalaattii fi Godinoota aadaan keessatti babal'atee jiru kan akka Booranaa fi Gujii mala aadaatiin dhimma isaanii furachuu kan filatan akka ta'e af-gaafii miidhamtoota yakkaa waliin taasifame irraa hubachuun danda'ameera. Waan ta'eefis dhimmichi fedhii fedhii hawaasa sanaa yaada keessa kan galchu yoo karaa isaan fedhan sanaan dhimmi isaanii kan xumuramuuf ta'e ta'uu isaati.[195]

Namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa kan baay'inni isaanii 19 (15.6%) ta'an mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun fedhii hawaasaa yaadaa keessa galchuu irratti hir'ina qaba jechuun gad-aanaa warra jedhaniidha. Sababa isaas yeroo kaa'an, qaamotni dhimmicha ilaalan himatamaa fi midhamaa araarsuurra kan darbe kaayyoo seera yakkaa raawwachiisu hin danda'an jedhu. Kanneen mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun fedhii hawaasaa yaada keessa hin galchu jedhan af-gaaffii taasifameen dhimmoota fedhii ummataa yaada keessa hin galchinee fi xiyyeeffannoo bal'aa qaban kan akka gudeeddii fa'a yeroon itti karaa jaarsoliin mala aadaatiin xumuran akka jiru ibsuun, kun immoo inni yakka raawwatee fi kan irratti raawwatame walitti araarsuurra kan darbe fedhii hawaasaa yaada keessa kan galchu miti jechuun yaadicha qeequ.[196] Itti dabalaan yeroo tokko tokko araarsuuf qofa osoo hin taane, bakka jaarsoliin itti madda galii godhatanillee akka jiru ibsuun; kun immoo fedhii hawaasaa yaada keessa galcha jechuun rakkisaa akka ta'e ibsu.[197] Kanneen mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun fedhii hawaasaa yaada keessa galchuu irratti rakkoo qaba jedhan xiyyeeffannoon isaanii jaarsoliin araaraa hanqinoota qabaachuu akka danda'anii fi yoo balleessanis ittigaafatamummaan isaanii hin jiru waan ta'eef rakkoo akka ta'e ibsaniiru.[198]

Xiinxala kana irraa gabaabinaan kan hubachuun danda'amu, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun fedhii hawaasaa yaada keessa kan galchuu ta'uu isaatii fi rakkoon gama jaarsoliin jiru

[194] Af-gaaffii Gaachanoo Hariiroo B/b prezidaantii MMO Godina Booranaa, gaafa 26/3/2006.
[195] Af-gaaffi Diidoo Guyyoo jaarsa araaraa Aanaa Liiban keessaa gaafa 18/3/2006.
[196] Akkuma oliitti lakk. 180ffaa.
[197] Akkuma oliitti lakk. 178ffaa.
[198] Af-gaaffii Baatirii Fufaa ittigaafatamaa waajjira haqaa godina Shawaa Lixaa 8/4/2006.

yoo furame dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun nageenyi akka bu'u kan taasisuu fedhii hawaasaas yaada keessa kan galchu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kanas kan jechisiisu fedhiin hawaasaa nageenyaan jiraachuu yoo ta'u kan nageenyi itti fufiinsaan akka jiraatu taasisuu danada'u mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun akka ta'eefi, waldhabbiin gosaa fi gosa gidduutti yeroo uumamutti dhimmichi caalmaatti kan furmaata argachuu danda'u karaa aadaan yoo xumurame ta'uu isaatii fi rakkoon gama kanaan jirus mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhimmoota xiyyeeffannoo addunyaallee qaban yeroo xumuran waan jiruuf isaan kun yoo sirratan fedhii hawaasaa yaada keessa kan galchu ta'uu isaa hubachuun danda'ameera.

### 3.8 Miidhamtoota yakkaa hirmaachisuu

Namni tokko dhimma isaa kallattiin ofiin itti hirmaatee yoo ilaalee fi bakka bu'aa isaatiin yoo ta'e hangi itti quufinsa furmaata isaaf kennamuu garaa gara ta'uu danda'a. Bifuma walfakkaatuun miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii irratti hirmaannaa kallattii yoo taasisanii fi hirmaannaan isaanii al-kallattiin yoo ta'e gammachuun isaan argatan walcaaluu kan danda'u ta'uu isaati. karaa biraatiin hirmaannaan kallattii yoo jiraate, namni yakka raawwate balleessaa raawwateef adabbii akka argatu qofa osoo hin taane jireenyi hawaasummaa miidhamaas akkamiin bakkatti akka deebi'u irratti marii taasisu. Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun immoo miidhmtoota dhimma isaanii irratti akka hirmaatan gochuuf gahee inni qabu guddaa akka ta'e xiinxala gaggeffame irraa hubachuun danda'ameera.

Gabatee 3.2 armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun miidhamtoota yakkaa kallattiin dhimma isaanii irratti hirmaachisuu irratti namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni 58 (46.4%) ta'an ol'aanaa, kanneen 45 (36%) ta'an immoo giddu galeessaa jechuun hirmaachisummaa irratti gaarii akka ta'e kanneen ibsaniidha. Dabalataanis yaada isaanii bar-gaaffii irratti yoo ibsan; miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii mala aadaatiin yoo xumuratan hirmaannaan dhimma isaanii irratti kallattiin qaban cimaa akka ta'e ibsaniiru. Kunis sababii sodaa hin qabneefii fedhii isaanii haala barbaadaniin ibsachuu kan danda'an ta'uutti dabalee haala waliin jireenya isaanii gara fuula duraa irrattillee marii kan taasisan ta'uu isaanii ibsuun hirmaachisuumaan dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu guddaa dha jedhaniiru. Dhimmuma kana irratti af-gaaffii taasifameenis miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii irratti hirmaannaan isaanii adeemsa karaa seera idileen ta'uu keessatti qaban ragaa abbaa

alangaa ta'uu irratti kan daanga'u akka ta'e ibsuun; dhimmichi mala aadaatiin kan xumuramu yoo ta'e garuu kallattiin dhimma isaanii irratti hirmaachuun akkaataa dhimmichi itti furamuu qabu, rakkoon irra gahe jireenya hawaasummaa isaanii hangam akka miidhee fi nageenyi boora'e akkamitti deebi'uu akka danda'u irratti mari'achuun nageenya kan miidhaa geessisee fi miidhame akkasumas hawaasa gidduutti akka bu'u taasisa ejjannoo jedhu qabatanii falmu.[199] Gidduu miidhamaa, hawaasaa fi kan yakka raawwateetti nageenya buusuutti dabalaan namni dhimma isaa ofumaan gaafa furatu gammachuun akka itti dhaga'amu ibsaniiru. Sababni isaas hawaasichi dhimma isaa ofumaan furachuu akka danda'utti waan ilaaluuf yaada jedhuudha.[200] Karaa biraan ammoo hirmaanaan midhamtootaa fi hawaasaa akka waliigalaatti yeroo karaa aadaa isaaniitiin ta'u qaamotni isaan biratti rakkoo isaanii himatanii fi xumuratan namootuma naannoo isaanii waan ta'eef sodaan itti hin dhagahamu waan ta'eef, hirmaannaa guddaa taasisu jechuun; mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun miidhamtoota yakkaa dhimma isaanii irratti hirmaannaa kallattii akka taasisan ibsaniiru.[201]

Namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni 20 (16%) ta'an mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun miidhamtoota yakkaa hirmaachisuu irratti gad-aanaadha waarra jedhaniidha. Itti dabalees bar-gaaffii irratti yaada isaanii yoo ibsan; miidhaa qaamaa fi qaabeenya gaheef karaa aadaan beenyaan akka hin kennamnee fi tilmaamamaas akka hin taane ibsuun hirmaachisaa miti jedhaniiru. Dhimma kana irratti af- gaaffii miidhamtoota yakkaa waliin taasifameen garuu dhimma isaanii calqaba irrati karaa aadaa isaaniitin xumurachuu akka fedhanii fi baasii fi deddeebii dheeraa malee beenyaa barbaadan argachuu kan danda'an waan ta'eef gaarii akka ta'e ibsaniiru.[202]

Akka waliigalaatti xiinxala armaan olii irraa kan hubatamu dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun miidhamtoota yakkaa dhimma isaanii irratti hirmaachisuu irratti gaarii akka ta'eedha. Kanas jechisiisuu kan danda'e adeemsa mala aadaatiin ta'u keessatti inni miidhamee fi kan

[199] Af-gaaffii Baatirii Fufaa, ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godhina Shawaa Lixaa gaafaa 8/4/2006 , Gannaa Hamiid ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Harargee Lixaa gaafa 3/4/2006, Kadir Hasan ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo, Gaachanoo Hariiroo B/b prezidaantii MMO Godina booranaa, gaafa 26/3/2006.
[200] Akkuma oliitti lakk. 161ffaa.
[201] Af-gaaffii Bafiqaaduu Wandimmuu prezidaantii MM Aanaa Ciroo gaafa 2/4/2006, Tamsgeen Zarihun Itti gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Moyyaalee, gaafa 23/3/2006, Amsaaluu Olaanii prezidaantii MMO Godina Shawaa Lixaa gaafa 7/4/2006.
[202] Af-gaaffii Abduub areeroo, Gonnicha Hasan Godina Gujii Aanaa Liiban gaafa 18/3/2006, Faaxumaa Abdallaa, Salloo Jaatanii, Waatiroo Galgaloo Godina Booranaa Aanaa Moyyaalee gaafa 23/3/2006.

yakka raawwate giddugalummaa nama biraatiin dhimma isaanii akkaataa itti furatanii fi sababa maaliif yakkichi raawwatamuu akka danda'e irratti mari'achuun murtii qaamoleen waldhaban itti waliigalan kan dabarsu waan ta'eef miidhamtootni dhimma isaanii irrati kallattiin akka hirmaatan kan taasisuudha. Miidhamtoota yakkaa fi kan yakka raawwate kan walitti fidee akka waliin mari'atanii haala jireenya isaanii gara fuula duraaf naagenya akka buusaniif haala isaanii mijeessullee namuma naanootti isaan beekan waan ta'eef sodaa tokko malee akka hirmaataniif kan taasisu keessaa isa tokko ta'uu isaati.

### 3.9 Adeemsa miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii ittiin xumuruchuu barbaadan

Namni yakki irratti raawwatame tokko yakka irratti raawwatameef haqa argachuu barbaada. Hanqi argamus kan miidhamaa yakkaa gammachiisu, miidhaa miidhamicha irra gaheef furmaata kan kennu yoo ta'eedha.

Gabatee 3.2 armaan olii irraa akka argamutti, miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii adeemsa kamiin xumurachuu akka barbaadan xiinxaluuf gaaffii dhiyaateef, namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namoonni 62 (49.6%) kan ta'an kanneen karaa aadaa isaanitiin xumurachuu barbaadu kanneen jedhaniidha. Namootni 51 (40.8%) ta'an ammoo karaa seera idileetiin xumurachuu barbaadu jedhaniiru.

Xiinxalli qabxii kanaas kan agarsiisu, namoota bar-gaaffii guutan keessaa harki caalaan miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii mala aadaatiin xumurachuu kan barbaadan ta'uu isaati. Miidhamtoota yakkaa waliin af-gaaffii taasifameen; miidhamtoota yakkaa namoota 34 dhimma keessan karaa kamiin xumurachuu barbaaddu jedhamee gaafataman keessaa namoonni 28 (82.35%) ta'an dhimma isaanii calqaba irratti mala aadaatiin xumurachu akka barbaadanibsaniiru.[203] Sababa mala aadaatiin dhimma isaanii xumurachuu barbaadaniif yoo ibsanis; nageenya gidduu isaaniitti waan buusuu fi haaloo walitti qabachuu kan hambisu, akkasumas yeroo gabaabaa keessatti dhimma kan xumuratan waan ta'eef nama yakka raawwate

[203] Af-gaaffii Jiloo Waarii, Abduub Areeroo, Faaxumaa Salloo, Faasikaa Dassaalenyi, Tashoomaa Baqqalaa kkf Godinoota Booranaa, Gujii, Shawaa Bahaa, Shawaa Lixaa keesstti miidhamtoota yakkaa argaman yoo ta'an gaafa 18/3/2006,23/3/2006, 6/5/2006 walduraa duuubaan kan gaggeeffame. Sababa mala aadaatiin dhimma isaanii xumurachuu barbaadaniif yoo ibsan nageenya gidduu isaaniitti waan buusuu fi haaloo walitti qabachuu kan hambisuu fi yeroo gabaabaa keessatti dhimma isaanii xumuratanii nama yakka raawwate himannaa iddoo adda addaatti osoo hin dhiyeessiin beenyaa waan argataniif dhimma keenya bakkuma tokkotti yeroo muraasa keessatti furmaata arganna waan ta'eef mala aadaatiin dhimma keenya fixachuu feena jedhan.

himannaa iddoo adda addaatti osoo hin dhiyeessiin beenyaa waan argataniif dhimma isaaniis bakkuma tokkotti yeroo gabaabaa keessatti furmaata akka argatan ibsuun dhimma isaanii mala aadaatiin xumurachuu akka barbaadan ibsaniiru.

Dhimmuma kana ilaalchisee af-gaaffii hoggantoota qaamolee haqaa waliin taasifameenis Godinoota aadaan keessatti babal'atee jiru kan akka Gujii fi Booranaa keessatti miidhamtootni karaa aadaa isaaniitiin dhimma kamiyyuu xumurachuu kan barbaadan mala aadaatiin akka ta'e yaada isaanii ibsu.[204] Sababni isaas miidhamtootni yakkaa dalagaa isaanii dhiisanii mana murtii dhaabbachuu waan hin feenee fi aadaan ummatichaanis dursa gaaddisaan dhimma isaanii ilaallachuu akka qaban kan akeeku waan ta'eef jedhu. Itti dabalaanis ofuma isaaniitii wal sirreessuu akka danda'anii fi kabaja walii isaaniif keessattuu Abbaa Gadaatiif qaban irraa kan ka'e furmaatni sirriin dhimma isaaniif kan kennamu karaa aadaa isaaniitiin akka ta'etti amanu yaada jedhu kan qabaniidha.[205]

Kanneen miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii karaa seera idileetiin xumurachuu fedhu jedhan bargaaffii irratti yaada dabalataa yoo ibsan godinoota aadaan keessatti babal'atee jiru keessatti malee godinoota biroo keessattii miidhamtoonni dhimma isaanii mo'atanii ittiin dhaadachuu barbaadu waan ta'eef dhimmicha mala aadaatiin xumurachuu osoo hin taane namicha adabsiisuuf karaa seera idileetiin xumurachuu barbaadu jechuun yaada isaanii dhiyeesssu. Kanumaan walqabatee miidhamtootni yakkaa tokko tokkos dhimma yakkaa karaa seeraan xumuruchuu akka barbaadan ibsaniiru. Sababa isaas yoo ibsan, nama yakka isaanii irratti raawwate karaan haaloo ittiin bahan keessaa inni tokko akka hidhamu gochuudhaan waan ta'eef dhimmicha karaa seeraan adabsiisuu akka barbaadan ibsaniiru. Kuni garuu nageenya ni fidaa? Waliin jireenya gara fuula duraa hin booressuu gaaffii jedhuuf booressuu akka danda'u fi ragaa sobaa walirratti qindeessuun carraan himatamuu akka jiru ibsaniiru.[206] Kanaafuu, nama dhimmichi mala aadaatiin yoo xumurame nageenyi akka bu'u ibsuun karaa seeraatiin haaloo bahuu kan barbaadanis akka jiran hubatamuu qaba jechuudha.

---

[204] Af-gaaffii Tamasgeen Zarihun, itti gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Moyyaalee, inspector Fiqiree Daksiisaa, Hogganaa Waajjira Poolisii Aanaa Moyyaalee, Bobbee Hulluuqaa prezidaantii MM Aanaa Yaaballoogaafa 23/3/2006, 26/3/2006 walduraa duubaan.

[205] Af-gaaffii Solomoon Baqqalaa ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Goroodoolaa, Aliyyii Abdii prezidaantii MM Aanaa Goroodoolaa 17/3/2006.

[206] Af-gaaffii Musxafaa Muussaa, Nuuriyyaa Ahimad miidhamtoota yakkaa Godina Haarargee Lixaa Aanaa Mi'eessoo gaafa 3/4/2006, Araarsaa Lamuu Dirribsaa Dawoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Tokkee Kuttaayee gaafa 12/4/2006.

Akka waliigalaatti xiinxala kana irraa kan hubatamu miidhamtootni yakkaa dhimmi isaanii karaa seera idileen akka xumuramuuf barbaadan kan jiran ta'us, harki baay'een dhimma isaanii karaa aadaan xumurachuu akka fedhanii fi dhimmichi mala aadaatiin yoo xumurame nageenya kan buusu ta'uu isaati. Kunis dur osoo seerrii hammayyaa kun hin dhufiin illee nninamootniaadaa isaaniitiin dhimma waldhabbii isaanii kan furataa turaniifi ammallee sadarkaan isaa wal hacaalu malee namoonni dhimma isaanii mala aadaatiin kan xumuratan waan ta'eef, dhimmi isaanii mala aadaatiin kan xumuramu yoo ta'e nageenyi kan bu'uufi waliin jireenya hawaasaa kan fooyyessu waan ta'eef, dhimma isaaniis kan yakkaa fi kan hariiroo hawaasaa jechun bakka adda addaatti himachuu osoo hin deemiin dhimma isaanii bakkuma tokkotti furmaatni waan kennamuuf miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii mala aadaatiin xumurachuu kan barbaadan ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kanneen dhimma isaanii mala aadaatiin xumuruu hin barbaadan jedhanillee karaa seera idileen yoo xumurame haaloo walitti qabachuun ragaa sobaa qindeessanii wal himachuun akka jiru ibsaniiru.

### 3.10 Miidhaa haguuggii seerotaa dhabuu dhimma yakkaa mala aadaan xumuuruu

Seerri aadaa, amantii fi haala jireenya hawaasa bulchuu sana yaada keessa kan galchu ta'uu akka qabu kan qaamni hundiyyuu itti walii galuudha. Hima biraatiin seerri tokko aadaa, duudhaa fi seenaa ummata bituu sana yaada keessaa hin galchiin yoo ba'e bu'a qabeessuummaan isaa shakkisiisaadha. Ummatni biyya keenyaa aadaa, seenaa fi duudhaa adda addaa kan qabu yoo ta'u; keessattuu waldhabbii isaanii mala aadaatiin xumurachuun sabaafi sab-lammoota biyyattii hunda biratti beekamaadha.[207]

Seerri biyya keenyaa kan aadaa hawaasa biyyattii akka walii galaattii fi keessattuu Ummata Oromoo biratti beekamaa ta'e, waldhabbiiwwan mala aadaatiin xumuruun haguuggii seeraa dhabuun miidhaa akkamii akka qabu xiinxaluuf bar-gaaffii, af-gaaffii fi marii gareetiin ragaan qaamolee haqaa, miidhamtoota yakkaa, akkasumas qaamolee dhimma yakkaas ta'e kan biroo mala aadaatiin xumuruun irraa ragaan walitti qabameera. Haaluma kanaan dhimmicha irratti ragaan walitti qabame maal akka fakkaatu gabatee 3.2 armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun seera keenya keessatti hammatamuu dhabuun miidhaa inni qabu yoo sadarkeessaan namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni

[207] Akkuma oliitti lakk. 11ffaa.

61 (48.8%) hammatamuu dhabuun isaa miidhaan qabu olaanaadha yoo jedhan namootni 45 (36%) miidhaan haguuggii seeraa gahaaa dhabuu qabu giddugaleessa jedhaniiru. Dhimmuma kana irratti namoota bar-gaaffii guuta 125 keessa namootni 17 (17.6%) ammoo mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun seera keenya keessatti ifaan hammatamuu dhabuun isaa miidhaa inni qabu gad-aanaadha jedhani.

Miidhaa dhimmichi haguuggii seeraa ifaa ta'e qabaachuu dhabuun qabu maal akka ta'e adda baasuuf af-gaaffii taasifameenis; miidhaan inni qabu: Qaamoleen haqaa kan isaan hojiitti hiikan seera waan ta'eef hanga dhimmichi haguuggii seeraa hin qabnetti bu'a qabeessa ta'uu isaa yoo beekanillee dhimma itti bahuun rakkisaa ta'uu isaati.[208] Kun immoo dhimmootni hundi kan ummatni ofiin furachuu danda'anillee karuma mana murtiin akka xumuramu taasisa waan ta'eef dhimmootni akka heddummatan taasisuun miidhaa kan qabu ta'uu isaati. Gama biraatiin namni yakka raawwate karaa adeemsa seeraan murtii yoo argatellee yeroo adabbii isaanii xumuranii deebi'an galanii hawaasa keessa nageenyaan jiraachuuf mala aadaatiin dhimmicha irra deebiin ilaaluun dirqama akka itti ta'u ibsuun, Nagaa hawaasicha keessatti buusuuf mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun haguuggii seeraa dhabuun itti fayyadamni isaa akka xiqqaatu waan taasisuuf nageenyi barbaadame akka hin buune gochuu danda'a jedhu.[209] Keessumattuu naannoo waldhabbiin gosaa fi gosaa itti baay'atutti dhimmootni waldhabbii sanaa mala aadaatiin malee furmaata itti fufiinsa qabu kennuun yeroon itti dadhabamu kan jiru ta'uu isaati. Yeroo akkasii kana dhimmicha furuuf aadaan barbaachisaa ta'a. Garuu, haguuggii seeraa hin qabu yoo ta'e qaamni seeraa fudhamummaa/beekamtii/ hin kennuuf waan ta'eef rakkina furuun akka dadhabamuu fi nageenyi akka bu'u gochuun rakkisaa ta'uu danda'a jedhaniiru. Kanaafuu seera biyyattii keessatti ifaan hammatamuu dhabuun miidhawwan akkasii akka qabu ibsuun hammatamuun isaa murteessaa akka ta'e yaada dhiyeessu.[210] Inni biraan immoo faayidaa mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun qaamolee haqaafis ta'e miidhamaa yakkaatiif qabu irratti hundaa'uun dhimmichi mala aadaatiin akka xumuramu yoo taasisan naamusaanillee yeroo namni kana godhe ittigaafatamu akka jiru ibsuun, kunimmoo rakkoo haguuggii seeraa dhabuu

[208] Af-gaaffii Gannaa Hamiid ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Harargee Lixaa 3/4/2006,
[209] Af-gaaffii Naasir Faaris abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerumma, 19/5/2006, Damis Asaffaa ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Liiban, 17/3/2006,

[210] Af-gaafii Mangashaa Guddataa B/b Waajjira Haqaa Godina Booranaa, 26/3/2006, inspector Taarikuu Laggasaa abbaa adeemsa hojii qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Waajjira Poolisii Godina Booranaa 26/3/2006.

akka ta'e ibsu.[211] Gama biraatiin mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun seera keessatti ifaan hammatamuu dhabuun duudhaa hawaasaa yaada keessa galchuu dhiisuu ta'a. Kun immoo karaa biraatiin galma imaammata yakkaa kan ta'e hawaasa bal'aa sirna haqaa keessatti akka hirmaatan gochuu irratti dhiibbaa inni qabu guddaa akka ta'u kan taasisuudha.[212] haguuggii seeraa gahaa dhabuun dhimmichaa hawaasni dhimma isaa ofiin furachuu akka hin dandeenye kan taasisu waan ta'eef miidhaa kan qabu ta'uu isaatu hubatame..[213]

Warreen mala aadaatiin dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruun seera keessatti ifaan hammatamuu dhabuun miidhaa fidu hin qabu jedhan; dhimmichi karaa seeraan furmaata ni argata waan ta'eef rakkoon dhufu akka hin jirre ibsu. Hata'u malee dhimmootni karaa seeraan ragaa irratti hundaa'uun murtii dhugaa argachuu hin dandeenya akka jiraniifi kanneen akkasii furuuf karaa aadaan xumuruun barbaachisaa akka ta'etti ibsama.[214]

Xiinxala armaan oliirraa kan hubatamu dhimma yakkaa mala aadaatiin xumurun seera keessatti ifaan hammatamuu dhabuun; dhimmoota yakkaa karaa seeraatiin ragaan hin jirreefi dhimmichi achiin furmaata itti fufiinsa qabu fiduu hin dandeenye fa'a furuuf gahee guddaa kan qabuudha. Kanaafuu, dhimmoota akkasii furuun nageenyi hawaasa keessatti akka bu'u taasisuu irratti gaheen dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu guddaadha. Dhimmichi ifaan haguuggii seeraa kan hin qabne yoo ta'e garuu itti fayyadamanii ummatni dhimma isaanii akka furatan gochuuf waan rakkisuuf haguuggii seeraa dhabuun dhimmichaa faayidaawwan kan akka nageenya buusuu, heddumminna dhimmootaa hir'isuu, yeroo gabaabaa keessatti dhimma miidhamaa

[211] Af-gaaffii Kadir Hasan ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo 26/3/2006.

[212] Af-gaaffii Diidoo Guyyoo jaarsa araaraa Aanaa Liiban 18/3/2006 dhimma yakkaa yeroo nuti karaa aadaa jiruutiin xumurree nageenya buusnu qaamoleen haqaa hin fudhatan waan ta'eef bu'aa nu jalaa dhabsiisa, callisaniidhuma murtii keenya fudhachuu dhiisuu malee rakkoo nut furruu fi fedhii miidhamaas ta'e kan hawaasaa ta'uu isaa hin ilaalan kanaafuu rakkoodha jedhaniiru jaarsoliin araaraa godina shawaa lixaa aanaa Iluugalaan, Daannoo fi Tokkee kuttaayee (Ittafaa Camadaa, Taakkalaa Dirribsaa, Fayyeeraa Aangoo 11/4/2006 13/4/2006 walduraa duubaan.

[213] Af-gaaffii Bafiqaaduu Wandimmuu prezidaantii MM Aanaa Ciroo 2/4/2006. Yeroo ammaa kana dhimmoonni ciccimmoo ta'an kan akka biyyi walirratti ka'uu fa'allee karaa mariin furmaata kan argatuu seeraan caalaa karaa mariin akka ta'eefi mootummaan illee namootuma yakka raawatanii adabamaniyyuu dhiifamaan gadi-dhiisaa yeroo jirutti mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun seera keessatti ifaan taa'uu dhabuun isaa rakkoowwan nageenya dhufuu malu akka hin buune gochuu, ofitti amanamummaa hawaasni dhimma isaa ofiin furmaata itti kennuu irratti qabu akka hir'atu taasisa.

[214] Af-gaaffii Fayyeeraa Aangoo fa'a jaarsolii araaraa Aanaa Tokkee kuttaayee Bokkuu Cittuu 11/4/2004, Qajeelaa Waatiroo fa;a Abbootii Gadaa Adaamii Tulluu tti jaarsolii mana murtiitti hundaa'anii dhimmoota ilaalani 22/4/2006.

xumuruu, miidhamtootni dhimma isaanii irratti akka hirmaannaa kallattii taasisan gochuun waan hafuuf dhimmichi haguuggii seeraa dhabuun miidhaa akka qabu namatti kan argisiisu ta'uu isaati.

Kanatti aansuun ammoo gabatee sadaffaa kan daangaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu fi sadarkaa hojiirra oolmaa dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu hanga ammaatti jiruu irratti xiinxala ragaalee walitti qabamanii akka gabatee armaan gadiin gaggeeffameera.

**Gabatee 3.3. Gabatee xiinxala daangaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu fi sadarkaa hojiirra oolmaa isaa hanga ammaatti jiru argisiisu.**

| Lakk. | Safartuulee | Baay'ina namootaa | Qabxii kenname | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | Olaanaa | g/galeessa | Gad-aanaa |
| 11 | Sadarkaa hojiirra oolmaa dhimma yakkaa mala aadaan xumuruu hanga ammaa jiru | 125 | 20 (16%) | 52 (41.6%) | 50 (40%) |
| 12 | Dangaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruu | 125 | 97 (77.6%) | 15 (12%) | 4 (3.2%) |

HUB: Gabatee kana keessatti gaaffiin dhiyaate dhimmoota akkamiitu karaa aadaan xumuramuu hin qabu jettu kan jedhu (lakk. 12ffaa) irratti filannoowan jiran kan yakka ta'e hundumaa, yakkoota nageenya biyyattii irratti raawwatamanii fi yakkoota iyyata miidhamaa dhuunfaa qofaan hin adabsiisne kan jedhu ture. Kanaafuu dhimmoota yakkaa hunda karaa aadaan xumuramuu hin qabu kanneen jedhan dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu kan hin deeggarre waan ta'eef akka gad-aanaatti, kan yakkoota fedhii biyyaa fi Heera mootummaa irratti jedhan, dhimmoota akkasii malee kanneen biroo mala aadaatiin xumuramuuu kan deeggaran waan ta'eef akka olaanaatti fudhatamee isa hafe giddugaleessatti fudhachuun xiinxalli gaggeeffameera.

### 3.11 Sadarkaa hojiirrra oolmaa dhimmoota yakkaa mala aadaan xumuruu hanga ammaa jiru

Biyyoota Afrikaa heedduu keessatti ummatni dhimma isaa karaa adeemsa seeraa caalaa mala aadaatiin xumurachaa akka tureefi ammallee dhimmichi akka addunyaattillee xiyyeefannoo argatee irratti hojjetamaa kan jiru ta'uu isaa barreeffamootni adda addaa ni ibsu.[215]

Akka biyya keenyaattis guutummaa biyyattii keessatti durii calqabee ummatni dhimmoota adda addaa karaa aadaa isaaniitiin furaa kan turaniidha. Jireenya guyyaa guyyaa ummataa keessatti yeroo waldhabbiin uumame kan ittiin waldhabbii isaanii furatan aadaatti fayyadaman ta'uus haguuggii seeraa akka hin qabne barreeffamoota adda addaa irraa hubachuun ni dand'ama.[216] Dhimma kana ilaalchisee ragaan walitti qabame kan argisiisu dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun hanga ammaatti hangam hojiirra ooleera kan jedhuuf, namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namootni 102 (81.6%) mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun hojiirra oolmaa irratti gaarii miti kanneen jedhaniidha. Namoota bar-gaaffii guutan keessaa kanneen 20 (16%) ta'an dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun hojiirra oolmaa hanga ammaatti jiru olaanaadha yoo jedhan namootni 52 (41.6%) giddugaleessa jedhaniiru. Xiinxalli qabxii kana irratti jiru kan argisiisu qabxiiwwan biroo irraa bifa adda ta'een gad bu'ee mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun haguuggii seeraa ifaa ta'e dhabuu isaa irraa kan ka'e qaamolee haqaa biratti hojiirra oolmaan isaa gad-aanaa ta'uu isaati. Hawaasni baay'inaan dhimma isaanii furuuf aadaatti kan fayyadamu ta'ullee qaamolee haqaa keessatti dhimmichaaf haguuggiin seeraa kenname hanga ammaatti amaloota dhimmichaa walfakkatan muraasni jiraachuu irraa kan hafe ifaan haguuggii seeraa waan hin qabneef qaamoleen haqaa hojiirra oolchuuf kan rakkatan ta'uu isaa namatti argisiisa. Dhimmuma kana ilaalchisee af-gaaffii qaamolee haqaa waliin taasifameenis mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun baay'inaan kan hin beekamnee fi dhimmoota yakkaa kan miidhamaan dhuunfaa iyyata dhiyyeeffachuun adabsiisu irratti qofa akka ta'e ibsaniiru.[217] Dhimmumaa miidhamaan dhuunfaa iyyata dhiyeeffachuun qofa adabsiisu irrattiyyu mana murtiitti erga dhiyaatee, miidhamaa fi himatamaan yoo araaraman illee abbaan alangaa himata

[215] Akkuma oliitti lakk. 207ffaa.
[216] Akkuma oliitti lakk. 155ffaa.
[217] Af-gaaffii Mulugeetaa Shibbiruu Prezidaantii MM Aanaa Liiban 18/3/2006, Damis Asaffaa itti gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Liiban, 17/3/2006, Asfaaw Nagaraa prezidaantii MM Aanaa Amboo, 8/4/2006, Taganee Taayyee B/b prezidaantii MM Aanaa Ada'aa, 23/4/2006.

kaasuuf fedhii baay'ee kan hin qabne ta'uu isaaniitu ibsame.[218] Jaarsolii araaraa waliin af-gaaffii taasifameenis mala aadaatiin waldhabbiiwwan furanii nageenyi akka bu'u kan taasisan yoo ta'u dhimmicha qaamoleen haqaa beekamtii akka hin kennineef ibsuun qaamolee haqaa biratti dhimmootni mala aadaatiin xumuraman hojiirra akka hin oolle ibsaniiru. Itti dabaalaan namni yakki irratti raawwatames ta'e kan yakka raawwate nageenya waan barbaadaniif dhimmicha akka mala aadaatiin xumuramuuf gara isaaniitti akka fidatan ibsuun garuu yeroo araarsan gama qaamole haqaan iddoo akka hin qabne ibsuun waliin ta'anii hojjechuun osoo danda'amee nageenya buusuuf gaariidha jedhu.[219] Kun kan mul'isu ummatni aadaa isaaniitiin dhimmoota baay'ee akka furatanii fi qaamoleen haqaa haguuggiin seeraa dhimmicha irratti dhibamuu isaa irraan kan ka'e hojiirra oolchuuf akka rakkataniidha. Hoggantoota qaamolee haqaa waliin af-gaaffii taasifameenis dhimma isaanii mala aadaatiin xumuratanii gaafa ragaaf waamaman miidhamtootni akka dhiyaachuu didaanii fi dhimma yakka mala aadaatiin xumuranna jedhanii yeroo isaan itti gaafatanis jiraachuu ibsuun, dhimmoota iyyata dhuunfaan adabsiisan irraan kan hafe dhimmichi araaraan yoo xumurame nageenya kan fidu ta'us eeyyamuuf akka rakkatan ibsaniiru.[220] Dhimmuma kana irratti galmeewwan mana murtii erga gahanii himatamaan araaramuun cufaman ilaalchisee daawwaannaa taasifameen, dhimmoota yakkaa miidhamaan dhuunfaa iyyata dhiyeeffachuun qofa adabsiisan irratti hojiirra oolaa akka jiru hubachuun danda'ameera.[221]

Akka waliigalaatti xiinxalli armaan olii kan argisiisu mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun hanga ammaatti hojiirra oolmaan isaa xiqqaa akka ta'eedha. Af-gaaffiwwan miidhamtoota yakkaa, jaarsolii araaraa, akkasumas hoggantoota qaamolee haqaa waliin taasifame irraa

[218] Akkuma oliitti lakk. 168ffaa.

[219] Af-gaaffi Ittafaa Camadaa fa'a, Taakkalaa Dhinsaa, Dirribsaa Deesisaa jaarsolii araaraa akka aanaa Daannoo, Iluugalaan gaafa11/4/2006. Namoota waldhaban akka aadaatti bakka baay'ee deemanii akka furanii fi nageenya akka buusan ibsuun garuu deegersa akka hin qabnee fi dhimma nuti furmaata itti kennine qaamoleen haqaa yeroon itti hin fudhanne ni jira jedhaniiru.

[220] Af-gaaffii Kadir Hasan ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo, 26/3/2006, Diidoo Guyyoo jaarsa araaraa Godina Gujii Aanaa Liiban, qaamoleen haqaa dhimma yakkaa yeroo nuti mala aadaatiin furmaata itti kenninee jarreen walitti araarsinee nageenya buusnu hin yeroon itti hin fudhanne ni jira kun immoo deebiyaanii jarri wal-eeggatanii yakki biraa akka raawwatu kan taasisu jechuun yaada isaa ibsa.

[221] Mana murtii Aanaa Ciroo Lakk. Galmee MM 19723 ta'e irratti himatamaan Mohaammad Nuur hasan kan jedhamu miidhamaa yakkaa Birruu Tafarraa tti shugguxii baaafatee ittiinan sigalaafadha jedhee doorsisuun himatamee miidhamaa fi himatamaan waan araaramaniif galmeen cufameera. Mana murtii Aanaa Ada'aa lakk. Galmee MM40968 ta'e irratti himatamoonni Tigist Ashannaafii, Wubit Yetibareek, Elsaabet Getaachew kan jedhaman dhagaa darbatanii miidhamaa yakkaa Fayyisaa Lammaa rukutan miidhan jedhamanii k/t seera yakkaa 556(2) jalatti kan himataman yoo ta'u; miidhamaa fi himatamoonni waan araaramanii galmeen cufameera. Kun kan argisiisu dhimmoota yakkaa kan iyyata dhuunfaan adabsiisu qofarratti osoo hin murtaa'iin dhimmoota waliin jireenya hawaasaa irratti dhiibbaa qaban mala aadaatiin akka dhumanidha.

hubachuun kan danda'amu mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun hawaasa biratti rakkoo baay'inaan furamaa akka jiruu fi ummatnis karaa sanaan dhimma isaanii xumurachuuf fedhii kan qaban ta'us, sababa haguuggii seeraa hin qabneef qaamolee haqaa biratti hojiirra oolmaan dhimmichaa baay'ee xiqqaa akka ta'e hubachuun danda'ameera. Kunimmoo karaa biraatiin warreen namoota yakka raawwatanii fi irratti raawwatame walitti araarsan hojiin isaan nageenya buusuu keessatti taphatan sababii haguuggii seeraa dhabuu dhimmichaan hir'achuu kan danda'u ta'uu isaati.

### 3.12 Daangaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuramuu

Dhimmoota yakkaa hunda mala aadaan akka xumuramaniif kan jajjabeeffamu yoo ta'e, sirni haqaa idilee sirna haqaa aadaan akka bakka bu'amu gochuuf karaa kan banu jechuun ni danda'ama. Dhimmota yakkaa mala aadaatiin xumuruun sirna haqaa idilee waliin akka filannootti dhimmoota tokko tokko furuuf kan gargaaramanidha malee dhimmootni yakkaa hundi mala aadaatiin haxumuramu jechuun rakkisaadha.[222] Dhimmuma kana irratti ragaa walitti qabuuf gaaffiin ture dhimmoota yakkaa akkamiitu mala aadaatiin xumuramuu hin qabu jettu kan jedhu yoo ta'u, namoota bar-gaafii guutan 125 keessaa namootni 97 (77.6%) dhimmoota yakkaa kan nageenya biyyattii irratti raawwataman yakkaa karaa adaatiin xumuramuu hin qabne jedhaniiru. Sababa isaas yeroo kaa'an, yakkootni nageenya biyyattii irratti raawwataman; tokkoffaa namni yakka raawwate sun haawaasa naannoo jiraatuu san qofa osoo hin taane, ummatoota biyyattii akka waliigalaatti kan miidhe waan ta'eef hawaasa kana hundaan walitti araarsuun kan hin danda'amne waan ta'eef dhimmichi karaa seera idileen xumuramuu kan qabu ta'uu isaati. Inni biraan yakkootni nageenya biyyattii irratti raawwataman qaamni adda ba'ee miidhamaa yakkichaa ta'e hin beekamu waan ta'eef carraa dhimmichi mala aadaatiin xumuramuu kan hin jirre ta'uu isaati. Dhimmuma kana irratti af-gaaffii taasifameenis dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun nageenya buusuu irratti gaarii ta'us daangaa qabaachuu akka qabu ibsuun , daangaan isaas yakkaa ciccimoo keessattuu nageenya biyyattii irratti raawwataman, yakkoota ulfaatoo ta'anii fi kan hammeenyummaan raawwataman, akkasumas dhimmoota akka addunyaattis ta'e akka biyyaatti xiyyeeffannoo qaban kan akka yakkoota daa'immanii fi dubartoota irraatti raawwatamanii karaa aadaan xumuramuu akka hin qabne

[222] Akkuma oliitti lakk. 150ffaa fuula 20.

ibsaniiru.[223] Itti dabalaan dhimmoota yakkaa ciccimoo ta'anii fi miidhaa dhaabbii geessiisan mala aadaatiin yoo xumuraman qaamoleen mala aadaatiin dhimmichatti furmaata kennan ogummaa ittiin tilmaamanii beenyaa murteessan waan hin qabneef rakkoo fiduu dana'a jechuun dhimmootni akkasii karaa aadaatin xumuramuu akka hin qabne yaada isaanii ibsaniiru.[224] Namootni 15 (12%) ammoo yakkootni iyyannaa miidhamaa dhuunfaan qofa hin adabsiifne mala aadaatiin xumuramuu qabu kanneen jedhaniidha. Namoota bar-gaaffii guutan 125 keessaa namoonni 4 (3.2%) ammoo kanneen dhimma yakkaa kan ta'e hunduu karaa adeemsa seeraan mana murtiitti xumuramuu qaba kanneen jedhaniidha. Dhimma yakkaa kan ta'e hundi karaa mana murtii kan xumuramu yoo ta'e qaamoleen haqaa yeroo isaanii dhimma hawaasa naannoon furamuu danda'u irratti balleessu waan ta'eef dhimmoota xiyyeeffannoo barbadan akka barbaadametti hojjiechuu dhabuu danda'u jechuun dhimmoota yakkaa hunda karaa seera idileen xumuruun barbaachisaa akka hin taane namatti argisiisa.

Xiinxala kana irraa kan hubatamuu dhimmoota yakkaa hunda osoo hin taane dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruun barbaachisaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Dhimmoota yakkaa kan ta'an hunda mala aadaatiin haxumuramu kan jedhamu yoo ta'e sirni haqaa idilee iddoo kan dhabu ta'a. Yakkootni nageenya biyyattii irratti raawwataman mala aadaatiin xumuruun kan hin danda'amnee fi kannee miidhamaan yakkichaa addatti hin beekamne fa'a mala aadaatiin xumuruun waan hin danda'amneef dhimmoota hundaa mala aadaatiin xumuruun kan hin danda'amne ta'uu isaa namatti argisiisa. Karaa biraatiin dhimmoota yakkaa hunda karaa seera idileen akka xumuraman kan ta'u yoo ta'e dhimmoota xiyyeeffannoo addaa barbaadaniif xiyyeeffannoo kennuun irratti hojjechuun waan hin danda'amneef rakkoodha. Kanaafuu dhimmoota yakkaatti daangaa gochuun fedhii miidhamaa yakkaa fi kan miidhaa geessisee irratti hundaa'uun mala aadaatiin akka xumuramu yoo ta'e sirna haqaa yakkaa bu'a qabeessa kan taasisu ta'uu kan namatti argisiisudha

[223] Af-gaaffii Bojaa Taaddasee Ittaa aanaa prezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, gaafa 20/5/2006, Abdullaahii Shaafii prezidaantii MMO Godina Gujii 17/3/2006, Amsaaluu Olaanii prezidaantii MMOShawaa Lixaa gaafa 7/4/2006, Godinoota gara giddugaleessaa kana keessatti namni yakka cimaa raawwate tokko yoo karaa seeraan hin deemanu ta'e balaa guddaa fiduu danda'a. Kanaafuu dhimmoonni yakkaa ciccimoo ta'anii fi hammeenyummaan raawwataman karuma seeraan furmaata argachuu akka qabu akeeku.

[224] Af-gaaffii Bojaa Taaddasee ittaanaa prezidaantii MMW Oromiyaa 20/5/2006, Mulugeetaa Shibbiruu prezidaantii MM Aanaa Liiban 18/3/2006, Amsaaluu Olaanii prezidaantii MMO Shawaa Llixaa 7/4/2006.

# Boqonnaa Afur

## Yaada Gudunfaa fi furmaataa

### 4.1. Yaada gudunfaa

Waldhabbiin seenaa ilma namaa waliin walfaana kan dhufeedha. Ilmi namaa sababoota adda addaatiif waldhabaa akka oolu beekamaadha. walitti bu'insi kun immoo jireenya hawaasummaa kan booressu waan ta'eef dhimmicha ariitiin furuun barbaachisaadha. Dhimmichas karaa aadeemsa seeraa sirna haqaa idileen jiruu fi mala aadaatiin xumuruu kan danda'amu yoo ta'u karaa kamiin yoo furmaata argate nageenyi dhufuu danda'a isa jedhu ilaaluun barbaachisaadha. Dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun yeroo ammaa addunyaa irratti sagantaawwan adda addaa kan akka Sagantaa araaraa miidhamaa-balleessa (victim-offender mediation), Kora miseensota maatii /family group conferencing fi Gurmuun murteessuu (circle sentencing) kanneen jedhaman isaan beekamoodha. Biyyootni akka Hindiyaa, Awustraaliyaa, Niwuuzilaand fa'a dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu seera isaanii kessaatti haguuggii seeraa kennuun keessattuu, yakkoota dargaggootaan raawwataman adeemsa sirna haqaa idileen ala dhimmichi akka furamu gochaa kan jiraniidha.

Akka biyyaattis ta'e ummata Oromoo biratti waldhabbii mala aadaatiin hiikuun beekamaadha. Jaarmiyaailee hawaasa Oromoo biratti waldhabii hiikuuf oolan keessaa Gumaa, Jaarsummaa, Qaalluu fi Ilaa fi ilaamee kaasuun ni danda'ama. Malootni kun aadaa fi duudhaa hawaasa keessa jirutti fayyadamanii waldhabbii hiikuun araaraa fi nageenya kan buusanidha. Dhimma akkasitti ummatni baay'inaan itti fayyadamu kun seera hammayyaatiin haguuggii akkamii qaba kan jedhuuf sakatta'insa seerotaa biyya keenyaa taasifameen, Heera keessatti dhimma yakkaa irratti ifaan kan hin dhorkine ta'us dhimma maatii fi dhuunfaa irratti murtaa'uun isaa haguuggii dhimmichaaf ifatti kenname kan hin jirre ta'uu namatti argisiisa. Karaa biraatiin seera yakkaa keessatti dhimma yakkaa iyyata dhuunfaa qofaan adabsiisan irratti miidhamaa dhuunfaaf bakka kan kennee fi amaloota Restorative justice ta'an kan jiran ta'us, ifatti kan dhimmichaaf haguugiin kenname kan hin mul'anne ta'uun hubatameera. Isaanumti amala dhimoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun wal fakkaatan kunis hojiitti hiikuu irratti hanqinni akka jiru

hubatameera. Sakataa'insa seeraa adeemsa falmii yakkaa amma hojiirra jiru irratti taasifameen dhimmoota yakkaa kan miidhamaa dhuunfaa irratti ragaan dhiyaate gahaa miti abbaan alangaa yeroo jedhutti miidhamaaf bakka kan kennu ta'uu isaati. Seera adeemsa falmii yakkaa isa haaraa sadarkaa wixineen jiru keessatti dhimmichi ifaan hammatamee akka jiru sakatta'insa seerotaa taasifame irraa hubatamera. Kanaanis dhimma yakkaa ciccimaas ta'u dhimmichi karaa filannoo biraa seera idileen ala yoo xumurame nageenyi dhufa jechuun kan amanu yoo ta'e karaa sanaan akka xumuramu gochuuf qaamolee haqaa kan aangessu ta'uu isaati. Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun faayidaa inni qabu akka naannoo Oromiyaatti qabxiiwwan xiinxalli boqonnaa sadaffaa keessatti gaggeeffame irraa yaadni gudunfaa armaan gadii argameera.

- **Miidhamtoota yakkaa dhimma isaanii irratti hirmaachisuu.** Adeemsa sirna haqaa idilee keessatti hirmaannaan miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii irratti qaban ragaa abbaa alangaa ta'uun jecha ragaa kennuurra kan darbe akka hin taanee fi kan karaa aadaan dhimma yakkaa xumuruu yoo ilaallu xiinxala gaggeeffame irraa miidhamtoota yakkaa kallattiin dhimma isaanii irratti hirmaachisuu irratti dhibbentaan 82.4% gaarii akka ta'e ibsameera.
- **Nagaa fi tasgabbii buusuu.** Nagaa fi tasgabbiin jiraachuun mootumaafis ta'e hawaasa akka waliigalaatiif dhimma bu'uuraati. Guddina biyya tokkootiif nageenyi murteessaa waan ta'eef dhimmoota nagaan akka hin jiraanne taasisan dafanii furuun jireenya hawaasa naannoo akka hin boorofne eeguun barbaachisaadha. Dhimmi yakkaa kan nageenya booressuun beekamu karaa sirna haqaa idileetii fi mala aadaatiin furmaata argachuu ni danda'a. Dhimmootni yakkaas mala aadaatiin furmaatni yoo itti kenname nagaa fi tasgabbii buusuu irratti baay'ee gaarii ta'uu isaa xiinxala taasifame irraa dhibbentaan 95% gaarii akka ta'e ibsaniiru. Keessattuu yakkoota gosaa fi gosa gidduutti raawwataman mala aadaatiin yoo furmaata argatan malee inni karaa seera idileen kennamu nageenya buusuu akka hin dandeenye,

  Dhimma yakkaa mala aadaatiin furuun walqabatee rakkoowwan mul'atanii fi kan nageenyi yaadame akka hin dhufne gochuu danda'an jedhaman keessaa kan akka loogii, hubannoo seeraa fi haala miidhaan ga'e itti heerregamu irratti hubannoo dhabuu irraan kan ka'e hanga beenyaa murtaa'uu qabuu madaaluu dhabuun nama miidhaan irra gahe gammachiisuu dhabuu akka danda'u hubatameera. Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun yakkoota dhoksaan raawwataman; kan adeemsa seera idileetiin furmaata argachuu hin dandeenye fa'a waan baasuuf hawaasni nageenya akka argatu kan taasisu akka ta'e xiinxala taasifame irraa hubatameera.

- **Dhaqqabamaa ta'uu.** Faayidaawwan dhimma yakka mala aadaatiin xumuruun qabu keessaa inni biraan dhaqqabamaa ta'uu isaati. Madaallin dhaqabamummaa dhimma tokko itti dhiyeenyaan furmaatni itti kennamuu danda'uu isaati. Dhimmootni yakkaas yeroo raawwataman dhimmicha miidhamaa yakkaa, kan yakka raawwaatee fi hawaasa dhimmichi furmaata argaachuu isaa arguu babaadaniif dhaqqabamaa ta'uun murteessaadha. Dhimmootni yakkaa mala aadaatiin yoo xumurame dhaqqabamummaan isaa gaarii akka ta'e xiixala gaggeeffame irratti hubatameera. Dhibbentaa 74.4% kan ta'an, mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun dhaqqabamummaa irratti gaarii dha jedhaniiru. Keessattuu, ummatoota baadiyyaa biyyattii keessa jiraataniif mala aadaatiin dhimma isaanii xumurachuun baratamaa akka ta'ee fi dhimma isaaniis karuma baratame sanaan yoo xumurame kan itti quufanii fi isaanifis mala aadaatiin yoo ta'e dhaqqabamaa akka ta'e hubatameera.

- **Heddummina dhimmaa hir'isuu.** Heddummachuun dhimmaa qulqullinni murtii akka hir'atuu fi dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadaniif xiyyeeffannoon akka hin kennamne kan taasisuudha. Heddummina dhimmootaa hir'isuufis refoormiiwwan adda addaa gaggeeffamaa turaniiru. Kanneen heddummina dhimmootaa hir'isan keessaa tokko tooftaa hiikkaa waldiddaa filannoo hojiirra oolchuu akka ta'e qorannoo bara 2005 qorattoota inistitiyuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaatiin mata duree qulqullina murtii manneen murtii Oromiyaa jedhu irratti gaggeeffame irraa hubatameera. Yakkaan walqabatees dhimmootni qaamolee haqaatti yoo heddummatan dhimmoota yakkaa xiyyeefannoo barbaadan, kan akka yakka nageenya biyyattii irratti raawwatamanii sababa heddummachuu dhimmoota mala aadaatiin xumuramuu danda'anii irraan kan ka'e xiyyeeffannoon kennamuufii dhabuu akka danda'u xiinxala taasifame irra hubatameera. Xiinxala gaggeeffame irraas mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun heddummina dhimmootaa hir'isuu irratti gaarii akka ta'e hubatameera. Kunimmoo karaa biraatiin qulqullinni murtii akka dabalu kan taasisu ta'uu isaati.
- **Kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu.** Galmi seera yakkaa, faayidaa waliigalaatiif jecha nagaa fi tasgabbii jiraattota biyyaattii fi mirga lammiilee biyyattii eeguu fi mirkaneessuudha. Adabbiin karaa seeraatiin kennamus ta'e kan karaa aadaa hawaasaatiin ta'u kaayyoo kana galmaan kan gahu ta'uu qaba.

  Dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun hangam kaayyoo seera yakkaa biyyattii galmaan ga'aa? kan jedhu irratti xiinxalli gaggeeffame kan argisiisu, mala aadaatiin dhimma yakkaa

xumuruun kaayyoo kana galmaan ga'uu irratti gaarii akka ta'eedha. Xiinxalli kunis dhibbentaan 80.8% mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun kaayyoo seera yakkaa galmaan ga'uu irratti gaarii akka ta'eedha. Keessattuu jireenyi hawaasummaa ummataa akka hin boorofnee fi yakka ittisuu irratti gaheen inni qabu guddaa akka ta'e ibsameera.

Kaayyoon adabbii namoota barsiisuu fi amala isaanii akka jijjiirratan gochuun hawaasatti gaafa deebi'an seeraaf bitamanii akka jiraatan gochuu akka ta'e beekamaadha. Isa kanas adabbiin mala aadaatiin kennamu mirkaneessuuf gahumsa akka qabuufi keessattu, sirni gumaa baay'ee barsiisaa fi nageenya kan buusu waan ta'eef kaayyoo seerichaa akka galmaan ga'u xiinxallicharraa hubachuun danda'ameera.

- **Irra deddeebiin yakka raawwachuu hambisuu.** Dhimma yakkaa mala aadaan xumuruun irra deddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu irratti gaarii akka ta'e xiinxala gaggeeffame irraa hubatameera. Namootni irra deddeebiin yakka raawwachuu hir'isuu irratti dhimma yakkaa mala aadaatiin xumruun hir'ina qaba jedhan gosatu beenyaa yakkaa sana kaffala waan ta'eef gosatti dhaadachuun irra deddeebiin yakka raawwachuu mala kan jedhan yoo ta'u; harki caalaan ammoo dhimmi yakkaa mala aadaatiin kan xumuramu yoo ta'e duraani dhimmicha kan ilaalee furmaata itti kenne hawaasuma naannoo sanaa waan ta'eef ammas deebi'ee yakka raawatee yoo argamu hawaasichaan nama badaa akka ta'ettan ilaalama jedhee waan sodaatuuf, itti dabalaanis akka karaa seera idileen ta'uu sobee illee jalaa bahuu kan danda'u waan hin taaneef irra deebi'ee yakka raawwachuuf ija jabaachuu kan hin dandeenye ta'uu isaati. dhimma kana irratti xiinxalli gaggeeffames kan argisiisu dhibbentaa 77.6% mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun yakka irra deddeebiin raawwatamu hir'isuu irratti gaarii akka ta'eedha.

Akka waliigalaatti dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun faayidaawwan kan akka nagaa fi tasgabbiin akka jiraatu gochuu, yakkootni akka irra deddebi'maanii hin raawwatamne gochuu, yakka ittisuu, dhaqqabamaa ta'uu, dhimmootni qaamolee haqaatti akka hin heddummanne gochuu fi hirmaannaa miidhamtootni yakkaa dhimma isanii irratti qaban kan cimsu ta'uu qorannon kun mul'iseera.

Gama biraatiin faayidaawan kana haqabaatu iyyuu malee hojiirra oolmaan isaa hanga ammaatti jiru xiqqaa akka ta'eedha qorannichi kan argisise. Kanas dhibbentaan 81.6% hanga ammaatti

hojiirra oolmaan isaa gad-aanaa akka ta’e mu’iseera. Kunis dhimmichaaf haguuggiin seeraa gahaan kennamuu dhabuu irraa kan ka’e ta’uun isaa beekameera.

Mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun seera keessatti ifaan hammatamuu dhabuun miidhaa akka qabus namoota bargaaffii guutan keessaa dhibbentaa 84.8% kan ta’an ibsaniru. Miidhaan isaas mala aadaatiin dhimmoota yakkaas ta’e kan biroo xumuruun durii calqabee naannolee biyyattii keessa jiran biratti beekamaa akka ta’eefi seerri jirus aadaa fi duudhaa ummata biyyattii yaada keessa kan hingalchine yoo ta’e bu’a qabeessummaan isaa shakkii keessa gala waan ta’eef miidhaa kan qabu ta’uu isaati. Karaa biraan immoo faayidaawwan mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun qaba jedhamanii armaan olitti ibsaman kana akka hin arganne kan taasisu waan ta’eef miidhaa kan qabu ta’uu isaati.

- **Daangaa dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu.** Dhimmi yakkaa hundiyyuu mala aadaatiin kan xumuramu yoo ta’e barbaachisummaan sirna haqaa idilee gaaffii keessa gala. Kaanaafuu, dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuruu fi kan adeemsa seera idilee bifa wal deeggaraniin akka ta’aniif daangaa qabaachuu qaba. Haaluma kanaan xiinxala gaggeeffamerraa kan hubatamu mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun akka filannootti kan itti fayyadamnuudha malee dhimmoota yakkaa hundaa mala aadaatiin xumuruun akka hin danda’amneedha.

  Dhimmootni akkamii mala aadaatiin xumuramuu akka hin qabne irratii xiinxalli gaggeeffame kan agarsiise dhibbentaa 89% yakkootni nageenya biyyattii irratti raawwataman mala aadaatiin xumuramuu akka hin qabneedha. Rakkoo gama kanaan walqabatee jiru dhimmoota yakkaa kanneen xiyyeeffannoo barbaadan mala aadaatiin yoo xumurama akka silaa xiyyeeffannoon kennameefiitti ta’uu dhabuu waan danda’uuf kanneenitti daangaa gochuun ni barbaachisa. Akka fakkeenyaatti yakkoota gudeeddii daa’imman irratti raawwataman fa'a mala aadaatiin yereoon xumuraman waan jiruuf isaan akkasii irratti daangaa kaa’uun kan barbaachisu ta’uu isaati. Kanaafuu dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun daangaan isaa yakkoota nageenya biyyattii irratti raawwatamanii fi xiyyeeffannoo addaa barbaadan, akkasumas karaa aadaan dhimmicha xumuruun nagaa fi tasgabbii hawaasa naannichaaf hin fidne yoo ta’e karaa seeraan xumuruun faayidaa kan qabu ta’uu isaa xiinxala gaggeeffame irraa hubatameera.

## 4.2. Yaada furmaataa

Rakkoowwan xiinxalaa fi hogbarruu keessatti ka'aniif, akkasumas gaaffiiwwan qorannoo boqonnaa tokkoffaa irratti ka'aniif yaadni furmaata armaan gadii kennameera.

- ✓ Seerota biyyattii keessatti ifaan haguuggiin kennamuufii qaba. Dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu akka barbaadametti itti dhimma bahuuf dhimmichi haguuggii seeraa dhabuun rakkoo akka ture xiinxalli gaggeeffame kan argisiiseedha. Kanaafuu, faayidaa dhimmichi qabu guddaa waan ta'eef sirnaan itti dhimma bahuun akka danda'amutti haguuggiin seeraa akka kennamuuf irratti hojjetamuu qaba. Kana gochuufis Mootummaan Naannoo Oromiyaa faayidaa mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun qabu irraa ka'uun qaamolee seera baasaniif yaadicha dhiyeessuun irratti hojjechuun barbaachisaadha. Haguuggii seeraa yeroo argatutti dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruun danda'amu irratti qaamoleen haqaa hundi osoo walii galuun dhimmicha hojiitti hiikuun sirna haqaa idilee irra caalmaatti bu'a qabeessa taasisuu danda'a.
- ✓ Keewwatoota amala 'Restorative justice' qaban kanneen seerota biyya keenyaa keessatti argaman sirnaan hojiirra oolchuu. Kana gochuufis bulchiinsi qaamoleen haqaa mata mataan keewwattoota akka haalduree kaa'uun mana sirreessaatii baasuu (probation), karooraan gad-lakkisuu (parole), keewwattoota yakkaa tarkaanfiwwan dargaggoota yakka raawwatanii irratti raawwatamummaa qaban hojiirra oolchuun namoota kana diinagdee biyyattii keessatti gumaachuu akka danda'an taasisuu fi mirga miidhamtoota yakkaa eegsisuuf seerota jiran hojiirra akka oolchan hojjetoota isaanii hubachiisuu qabu.
- ✓ Bakka hubannoon isaa hin jirretti Inistityuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa leenjiin hubannoo isaanii cimsuun bifa keewwatootni seera yakkaas ta'e kan adeemsa falmii yakkaa akkasumas imaammata yakkaa keessaa amala 'Restorative justice' qaban itti hojiitti hiikaman irratti hojjechuu qaba. Inni kun kanneen seerota keessaatti amaloota 'Restorative justice' ta'anii mul'atan yoo ta'u; inni guddaan kan ta'uu qabu qaamoleen haqaa dhimmicha gara qaamolee dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuraniitti maqsuun achitti xumuramuu akka danda'amuuf akkaatuma imaammata yakkaa keessa jiruun dhimmichi karaa filannoo biraatiin yoo xumurame furmaatni itti fufiinsa qabu kan argamu jedhamee yoo kan yaadamu ta'e gara akka ergamu gochuun (diversionary role) jiraachuu danda'uutu irra jira.

- ✓ Baratama amma jiru keessatti dhimmootni mala aadaatiin kanneen waldhaban yoo araaraman galmeen isaanii sababa araaraan cufamuu danda'u dhimmoota yakkaa sassalphoo ta'an qofa akka ta'eefi isumayyuu abbootiin alangaa erga himanni dhiyaatee ka'uu isaa kan hin feene ta'uu argisiisa argannoon qorannichaa. Kanaafuu, faayidaawwan mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun qabu kan yaada keessa galchu waan hin taaneef ciminaa fi salphina yakkaa irratti hundaa'uun osoo hin taane, dhimmichi karaa kamiin yoo xumurame nageenyi hawaasa keessatti dhufaa? Hangam kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu danda'aa kan jedhu irratii hundaa'ee ta'uu qaba.

  Akka fakkeenyaatti Gumaan fa'a kan ummatni Oromoo durii jalqabee nageenya ittiin buusaa fi yakki biraan dabalee akka hin raawwatamne ittiin dhorkaa kan turee fi jiru dhimmoota ciccimoo ta'an furuuf kan ooluudha. Kana malees dhimmoota ciccimoo dhoksaan raawwataman illee haqa baasuu irratti gaheen dhimmoota yakkaa mala aadaatiin xumuruu guddaa ta'uun isaa beekamaadha.
- ✓ Sagantaalee fi pirojektoota mala aadaatiin waldhabbii hiikan hunddeessuu, deeggaaruu, gamagammaa fi foyyeessaa deemuu. Kanas qaamolee haqaa hunda dabalatee bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa dhaabbatoota miti mootummaa (NGO) adda addaa waliin atoomuun qaamolee dhimma yakkaa mala aadaatiin xumuran kana akka deeggarsa qabeenyaa argatan gochuun barbaachisaadha.
- ✓ Hanqinoota mala aadaatiin dhimma yakkaa xumuruun walqabatee jaarmiyaalee dhimmicha mala aadaatiin xumuraniif Inistitiyuutiin kun leenjii kennuun hubannoo seerota hammayyaa, dhimmoota karaa aadaan xumuramuu danda'amuu fi hin danda'amne irratti hubannoo isaanii cimsuun irratti hojjetamuu kan qabuudha.
- ✓ Walitti dhufeenya jaarmiyaalee kanneenii fi qaamolee haqaa cimsuu. Kanaanis daangaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuramuu walhubachiisaa deemuun qaamoleen kun lamaan akka walitti hin mufanne taasisuudha.

**Wabiiwwan**

**A. Kitaabota, barruulee fi seerota.**

*George F. Cole, Christopher E. Smith criminal Justice in America*, Sixth Edition

Bennett, T.W. 1993. Human rights and the African cultural tradition. *Transformation 22*., M nnig, H.O. 1967. *The Pedi*. Pretoria: Van Schaik

Gluckman, M. 1965. *Politics, law and ritual in tribal society*. Oxford: Blackwell

MEDIATING CRIMINAL MATTERS IN ETHIOPIANCRIMINAL JUSTICE SYSTEM: THE PROSPECT OF
RESTORATIVE JUSTICE SYSTEM

Endalew Lijalem Enyew (2013) A MOVE TOWARDS RESTORATIVE JUSTICE INETHIOPIA:
ACCOMMODATING CUSTOMARY DISPUTE RESOLUTIONMECHANISMS WITHTHE CRIMINAL JUSTICE SYSTEM

Noel cross, criminal law & criminal justice an introduction

Ewa Wojkowska,Doing Justice**:**How informal justice systems can contribute December 2006

Dr.Julie Macfarlane, working towards restorative justice in Ethiopia: integrating traditional conflict resolution systems with the formal legal system.

*Zvi D. Gabbay* Justifying Restorative Justice: ATheoretical Justification for the Use of Restorative Justice Practices *JOURNAL OF DISPUTE RESOLUTION* [Vol. 2 pp.151.]

History of victim movement in USA.

An overview of the history and theory of transformative justice, peace and conflict review volume 6

Haward Zehr 2001, little book of restorative justice

Melissa Lewis and Les McCrimmon The Role of ADR Processes in the Criminal Justice System:

Maggie T. Grace, criminal alternative dispute resolution: restoring justice, respecting responsibility and renewing public norms. Vol. 34:563

Against settlement, 93 YALE L.J. 1073(1984).

Handbook of restorative justice 2007

UN Handbook on restorative justice

Jennifer G Riddell LL.B (University of Aberdeen) 2005 Addressing Crimes Against International Law: Rwanda's Gacaca in Practice

David Miers (2001), An International Review of Restorative Justice Crime Reduction Research Series Paper 10

Tena Dewo the concept of peace among Oromo

Asmaroom laggasaa Gadaa Oromoo democracy

Exploring Gumaa as an indispensable psycho-social resolution of conflict and justice administration: Temena Kenani

Helsinki 2007 Restorative Justice Theory and Practice: Addressing the Discrepancy. UNITED NATIONS New York, 2006. UNITED NATIONS OFFICE ON DRUGS AND CRIME Vienna Handbook on Restorative Justice Programmes

Customary Dispute Resolution Mechanisms and the Rule of Law Areas of Convergence, Divergence and Implications *Aseffa Fiseha,Law and development, and legal pluralism in Ethiopia published by justice and legal system research institute(2013)*

Cultural heritage contemporary change serious 2 African volume 15

**Seerota**

Constitution of the Federal Democratic Republic of EthiopiaProclamation No. 1/1995

Imaammata yakkaa itoophiyaa Guraandhala 2003.

The criminal code of Federal Democratic Republic of Ethiopia, proclamation no.414/2004

The criminal procedure code proclamation 1961o.414/2004

Indian Criminal Procedure Code. THE CODE OF CRIMINAL PROCEDURE, 1973 ACT NO. 2 OF 1974[25th January, 1974.

Wixinee Seera adeemsa falmii yakkaa mootumaa federaalawaa dimokraatawaa itoophiyaa labsii lakk_____/2002

**B. Galmeewwan**

Abbaa Alangaa fi Abdoo Tamaam Adam MM Aanaa Moyyaalee, lakk. G 04342

Abbaa Alangaa fi Abdii Qancooraa MM Aanaa Moyyaalee, lakk. G 04334

A/A fi Booniyyaa Taadhichaa MM Aanaa Moyyaalee, lakk. G 04278

Dirree Mirgoo fi Abbaa Alngaa MM Aanaa Yaaballoo, lakk. G A/A 01747

Seesaa Kateelloo fi A/A MM Aanaa Yaaballoo, lakk. G A/A 01696

Fadilaa Tasfaayee fi A/A MM Aanaa Yaaballoo, lakk. G A/A 01770

Alamayyoo Masfin fi A/A MM Aanaa Yaaballoo, lakk. G A/A 01685

Muuzii Nasiruu fi A/A MM Aanaa Yaaballoo, lakk. G A/A 01686

Sintaayyoo Abbabee fi A/A MM Aanaa Ciroo, lakk. G MM 19941

Mohaammad Nuur hasan fi A/A MM Aanaa Ciroo, lakk. G MM 19723

Jabiir Abdallaa fi A/A MM Aanaa Ciroo, lakk. G MM 19756

Abbabaa Lammaa fi A/A Aanaa Adaamii Tulluu lakk. G A/A 01542

Kalaaloo Badhaanee fi A/A MM Aanaa Adaamii Tulluu, lakk. G A/A 01557

Kaliil Horaa fi A/A MM Aanaa Adaamii Tulluu, lakk. G A/A 01651

Wubit Yetbaarik faa N-3 fi A/A MM Aanaa Ada'aa, lakk. G MM 40968

Abbittii Baacaa faa N-2 fi A/A MM Aanaa Ada'aa, lakk. G A/A 01436

Taliilee Margaa fi A/A MM Aanaa Ada'aa, lakk. G A/A 01522

Sheree Dirribsaa fi A/A MM Aanaa Amboo, lakk. G A/A 01240

Boggaalechi Taayyee fi A/A MM Aanaa Amboo, lakk. G A/A 01237

Atakiltii Fissahaa fi A/A MM Aanaa Liiban, lakk. G A/A 02212

Barakat Mokonnon fi A/A MM Aanaa Liiban, lakk. G A/A 02068

**C. Gaafatamtoota**

**I. Prezidaantota manneen murtii**

1. Bojaa Taaddasee itti aanaa Prezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa gaafa 20/5/2006
2. Naasir Faaris Abbaa Adeemsa hojii kenniinsa taajila abbaa seerummaa 19/5/2006
3. Taganee Taayyee B/B prezidaantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa gaafa 23/4/2006
4. Amsaaluu Olaanaa prezidaantii Mana Murtii Godina Shawaa Lixaa 7/4/2006
5. Mulugeetaa Shibbiruu prezidaantii MM Aanaa Liiban 18/3/2006
6. Abdullaahii Shaafii prezidaantii MMO Godina Gujii 17/3/2006
7. Bafiqaaduu Wandimmuu prezidaantii MM Aanaa Ciroo 2/4/2006
8. Aliyyii Abdii prezidaantii MM Aanaa Goroodoolaa 17/3/2006
9. Bobbee Hulluuqaa prezidaantii MM Aanaa Yaaballoogaafa 23/3/2006
10. Gaachanoo Hariiroo B/b prezidaantii MMO Godina booranaa, gaafa 26/3/2006
11. Tsadaqa Lammaa Prizedaantii Mana Murtii Aanaa Mi'eessoo gaafa 4/4/2006
12. Waadaajaa Kumsaa Prezidaantii Mana Murtii Aanaa Tokkee Kuttaayee 9/4/2006
13. Shuuraa Baqqalaa Prezidaantii Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu gaafa 22/4/2006
14. Asfaw Nagaroo Prezidaantii Mana Murtii Aanaa Amboo gaafa 8/4/2006
15. Tashittee Guyyee Prezidaantii MM Aanaa Moyyaalee gaafa 23/3/2006

II. Hoggantoota Waajjira Haqaa

1. Batirii Fufaa ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Shawaa lixaa gaafa 8/4/2006
2. Tasfaayee Wayyeessaa I/G/W/H Aanaa Amboo gaafa 8/4/2006
3. Nuuraddin Jamaal I/G/W/H Aanaa Tokkee Kuttaayee 9/4/2006
4. Gannaa Hamiid I/G/W/H Godina harargee Lixaa gaafa 3/4/2006

5. Silashii Kumsaa I/G/W/H Aanaa Mi'eessoo gaafa 3/4/2006
6. Tufaa Bobbaa I/G/W/H Aanaa Adaamii Tulluu gaafa 21/4/2006
7. Girmaa Awulaaw I/G/W/H Aanaa Ada'aa gaafa 6/5/2006
8. Damis Asaffaa I/G/W/H Aanaa Liiban gaafa 17/3/2006
9. Solomoon Baqqalaa I/G/W/H/ Aanaa Gorodoolaa gaafa 17/3/2006
10. Tasfaayee Dirribsaa B/b I/G/W/H Godina Gujii gaafa 18/3/2006
11. Tamasgeen Zarihun I/G/W/H/ Aanaa Moyyaalee gaafa 23/3/2006
12. Mangashaa Guddataa B/b I/G/W/H/Godina Booranaa gaafa 26/3/2006
13. Kadir Hasan I/G/W/H/ Aanaa Yaaballoo gaafa 26/3/2006

**III. Hoggantoota Waajjira Poolisii**

1. Komaandar Buzunaa Boodanaa Hogganaa Waajjira Poolisii Godina Shawaa Bahaa, 25/5/2006
2. Saajin Ajjamaa Itichaa A/A/H/Qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Poolisii Aanaa Amboo, 9/4/2006
3. Ins. Olaanaa Taarikuu Laggasaa A/A/H/Q/Y fi murtii haqaa kennisiisaa Poolisii Godina Booranaa, 26/3/2006
4. Insprkter Guyyoo Salleessaa Hogganaa Waajjira Poolisii Aanaa Yaaballoo, 26/3/2006
5. Ins. Olaanaa Fiqiree Daksiisaa Hogganaa Waajjira Poolisii Aanaa Moyyaalee, 23/3/2006
6. Itti aanaa Saaj. Guutamaa Saafee I/G/W/Poolisii AanaaGoroodoolaa, 19/3/2006
7. Saaj.olaanaa Aschaalew Debebe I/G/W/Poolisii Aanaa Liiban, 19/3/2006
8. Saaj.olaanaa Ashabbiir Gazzanyi A/A/H/Q/Y fi murtii haqaa kennisiisaa Waajjira Poolisii Aanaa Mis'eessoo 4/4/2006
9. Ins. Gonfaa Abbabee A/A/H/Q/Y fi murtii haqaa kennisiisaa Waajjira Poolisii Aanaa Tokkee Kuttaayee 9/4/2006

**IV. Jaarsolii Araaraa**

1. Alii Abdiinuur jaarsa araaraa Godina Booranaa Aanaa Moyyaalee 23/3/2006
2. Gufuu Dooyyoo jaarsa araaraa Aanaa Moyyaale 23/3/2006
3. Bulee Waaqoo jaarsa araaraa Aanaa Moyyaalee 23/3/2006
4. Qajeelaa Waatiroo Abbaa murtii walitti qabaa Abbootii Gadaa Aanaa Adaamii Tulluu 22/5/2006

5. Jimaa Duubee miiseensa namoota dhimmoota karaa aadaatiin xumuruuf akka Aanaa Adaamii Tulluutti filatamanii hojjetanii 22/4/2006
6. Baqqalaa Shaanqoo miiseensa namoota dhimmoota karaa aadaatiin xumuruuf akka Aanaa Adaamii Tulluutti filatamanii hojjetanii 22/4/2006
7. Gadaa Morkataa miiseensa namoota dhimmoota karaa aadaatiin xumuruuf akka Aanaa Adaamii Tulluutti filatamanii hojjetanii 22/4/2006
8. Fayyeeraa Aangoo dura ta'aa Bokkuu Cittuutti kannneen mala aadaan dhimma ilaalanii 11/4/2006
9. Abeetuu Ejjetaa barreessaa Bokkuu Cittuutti kannneen mala aadaan dhimma ilaalanii 11/4/2006
10. Guutamaa Mixaafaa ittaanaa dura ta'aa Bokkuu Cittuutti kannneen mala aadaan dhimma ilaalanii 11/4/2006
11. Qaanciphee Kunoo jaarsa araaraa Aanaa Areeroo 25/3/2006
12. Caaccuu Jiloo jaarsa araaraa Aanaa Areeroo 25/3/2006
13. Huseen Aliyyii jaarsa araaraa Aanaa Liiban 17/3/2006
14. Umar Aliyyii jaarsa araaraa Aanaa Goroodoolaa 17/3/2006
15. Uddeessaa Turee jaarsa araaraa Aanaa Goroodoolaa 17/3/2006
16. Waaccuu Buudee jaarsa araaraa Aanaa Goroodoolaa 17/3/2006
17. Godaanaa Dhaddachaa jaarsa araaraa Aanaa Liiban 18/3/2006
18. Diidoo Guyyoo jaarsa araaraa Aanaa Liiban 18/3/2006

**V. Miidhamtoota yakkaa**

1. Hasan Aliyyii miidhamaa yakkaa Aanaa Liiban 19/3/2006
2. Liiban Boorichaa miidhamaa yakkaa Aanaa Liiban 19/3/2006
3. Aliyyii Abdallaa miidhamaa yakkaa Aanaa Mi'eessoo 3/4/2006
4. Ahimad Mohaammad miidhamaa yakkaa Aanaa Mi'eessoo 3/4/2006
5. Ibraahim Adam miidhamaa yakkaa Aanaa Mi'eessoo 3/4/2006
6. Abduub Areeroo miidhamaa yakkaa Aanaa Liiban 17/3/2006
7. Gonnicha Hasan miidhamaa yakkaa Aanaa Liiban 17/3/2006
8. Fayyisaa Dassaaleny miidhamaa yakkaa Aanaa Ada'aa 24/4/2006
9. Tashoomaa Baqqalaa miidhamaa yakkaa Aanaa Ada'aa 24/4/2006
10. Abarraa Baalchaa miidhamaa yakkaa Aanaa Ada'aa 24/4/2006

11. Dachuu Bulchaa miidhamaa yakkaa Aanaa Ada'aa 24/4/2006
12. Caalaa Daksiisaa miidhamaa yakkaa Aanaa Amboo 9/4/2006
13. Musxafaa Muussaa miidhamaa yakkaa Aanaa Ciroo 3/4/2006
14. Samiiraa Abdallaa miidhamtuu yakkaa Aanaa Ciroo 3/4/2006
15. Nuuriyyaa Ahimad miidhamtuu yakkaa Aanaa Ciroo 3/4/2006
16. Faaxumaa Abdallaa miidhamtuu yakkaa Aanaa Moyyaalee 23/3/2006
17. Salloo Jaatanii miidhamaa yakkaa Aanaa Moyyaalee 23/3/2006
18. Jiloo Waarii miidhamaa yakkaa Aanaa Yaabaloo 23/3/2006
19. Nasiraddiin Yasuuf miidhamaa yakkaa Aanaa Yaabaloo 23/3/2006
20. Baggajaa Alakee miidhamaa yakkaa Aanaa Yaabaloo 23/3/2006
21. Caalchisaa Bulloo miidhamaa yakkaa Aanaa Tokkee Kuttaayee 10/4/2006
22. Jifaaraa Dawoo miidhamaa yakkaa Aanaa Tokkee Kuttaayee 10/4/2006
23. Shiibirree Humnasaa miidhamtuu yakkaa Aanaa Tokkee Kuttaayee 10/4/2006
24. Jaatanii Abdiisaa miidhamaa yakkaa Aanaa Amboo 9/4/2006
25. Alamuu Ayyaalew miidhamaa yakkaa Aanaa Adaamii Tulluu 22/4/2006
26. Dajanee Asfaw miidhamaa yakaa Aanaa Adaamii Tulluu 22/4/2006

**Miiltowwan**

**Bar-gaaffii fi Af-gaaffii Adda Addaa**

**Bar-gaaffii**

Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa sirni haqaa naannichaa akka fooyya'uuf jecha tajaajila kenna leenjii hojii irraa fi kan hojiin duraa qaamolee haqaatiif kennuu irratti dabalaan rakkinoota hojmaataanis ta'e seera irratti qabatamaan qaamolee haqaa mudatan qorannoon furuuf qorannowwan aadda addaa gaggeessaa tureera.yeroo ammaa kanas **faayidaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruu fi daangaa raawwii isaa kan jedhu** irratti qorannoo geggeessaa jira. Maloota qorannoon kun ittin gaggeeffamu keessaa tokko bar-gaaffii dha.

Kanaafuu, isinis kanuma hubachuun odeeffannoon muuf keennitan murteessaa waan ta'eef, xiyyeeffannoo guddaadhaan gaaffii kana akka nuuf guuttan isin gaafachaa, gargaarsa nuu gootaniif dursinee isin galateeffanna.

***Kutaa 1:-*** **Gaaffiilee Odeeffannoo Dhuunfaa**

Hojii fi Bakka Hojii :

A/seeraa MMWO □ A/seeraa MMO □ A/seeraa MMAanaa □

A/Alangaa BHO □ A/Alangaa Godinaa □ A/Alangaa Aanaa □

Poolisii Godinaa □ Poolisii Aanaa □ A/gadaa (jaarsolii araaraa***)*** □

Saala □

**Kutaa Lama: Gaaffilee Qorannoo**

1. Dhimma yakkaa karaa aadaan fixuun, fedhii hawaasaa (public interest) yaada keessa galchuu irratti yoo sadarkaa'u

a.Ol’aanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

Sababa deebii keessan armaan olii ibsaa

_____

_____

_____

2. Miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii karaa aadaan yeroo xumuran dhimmicha irrattii hirmaannaan isaanii

a.Ol’aanaa b. Giddugaleessa c.Gadaanaa

Gaaffii armaan oliif sababa deebii keessanii ibsaa

_____

_____

_____

3. Dhimma yakkaa karaa aadaan xumuruun hawaasni nagaan akka waliin jiraatu gochuu irratti

a.Olaanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

Deebii keessaan armaan oliif sababni keessan

_____

_____

_____

4. Jaarsummaan (karaa aadaan dhimma yakka ilaaluun) nagaa fi tasgabbii hawaasa keessatti buusuu irrattigahee inni qabu

a. Ol’aanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

Deebii keessan armaan oliif sababni isaa

_____

_____

_____

5. Dhimma yakkaa karaa mana murtiin xumuruun kan karaa aadaan dhimmicha xumuruu waliin yeroo walbira qabamu hangi nagaa hawaasa keessatti buusuu isaa

a.Ol'aanaa b.Giddugaleessa c.Gad-aanaa

Deebii keeessan armaan oliif sababani isaa

_____

_____

_____

6. Hangi barsiisummaa dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruu yoo sadarkaa'u

a. Olaanaa b.Giddugaleessa c.Gad-aanaa

Deebii keessan kanaaf sababni isaa

_____

_____

_____

7. Miidhamtootni yakkaa dhimma isaanii karaa kamiin fixachuu fedhuu?

a. Karaa seera idileetiin b. Karaa aadaa isaaniitiin

Deebii keessan armaan oliif sababni isaa

_____

_____

_____

8. Dhimmi yakkaa karaa aadaan ilaalamuu hin qabu jettanii yaaddan

a.Dhimmaa yakkaa kan ta’e hunda b. Yakkoota fedhii biyyattii fi heera mootummaa irratti raawwataman c.yakkoota iyyata dhuunfaan qofaan hin adabsiisne

Deebii keessan kanaaf sababni isaa

_____

_____

_____

9. Dhima yakka ciccimoo ta’an karaa aadaan fixuun nageenya ummataa mirkaneessuu iraatti gahee inni qabu

a. Olaanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aana

10. Faayidaan dhimmoota yakkaa karaa aadaan xumuruu yoo sadarkaa’u

a. Olaanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

11. Dhimmootaa yakkaa furuuf *jaarsummaa*tti fayyadamuun hanga ammaatti jiru yoo sadarkaa’u

a. Olaanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

12. Dhimmoota yakkaa karaa aadaan ilaaluun dhaqqabamaa ta’uu irratti yoo sadarkaa’u

a. Olaanaa b. giddudaleessa c. gad-aanaa

13. Karaa aadaan dhimma yakkaa xumuruun heddumminni dhimmootaa akka hir’atu gochuu irratti yoo sadarkaa’u

a. Olaanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

14. Dhimma yakkaa karaa aadaan xumuruun kaayyoo seera yakkaa fiixaan baasuu irratti yoo sadarkaa’u

a. Olaanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

15. Jirattotni naanno baadiyyaa yakki yoo irratti raawwatame hangi dhimma isaanii gara bulchiinsa sirna haqaatti fidachuu isaanii yoo sadarkaa’u

a. Olaanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

16. karaa aadaan dhimma yakkaa xumuruu miidhamtootaaf dhaqqabamaa ta'uun yoo sadarkaa'u/faayidawwan isaa bifa gaafiin

a. Olaanaa b. Gidddugaleessa c. Gad-aanaa

17. Gara fuula duraatti yakki akka hin raawwatamne taasisuu irratti dhimma yakkaa karaa aadaan fixuun yoo sadarkaa'u

a. Olaanaa b. Giddugaleessa c. Gad-aanaa

**MIIDHAMTOOTA YAKKAAF AF-GAAFFII DHIYAATE**

1. Dhimma yakkaa ilaachisee karaa kamiin furachuu filattaa?Sababni isaa hoo?

2. Dhimma yakkaa karaa aadaan fixuun faayidaa ni qabaa? Miidhamtoota yakkaaf faayidaa akkamii qabaa? Hawaasni naannoo akkamiin fayyadamaa ta'aa? Hir'inni inni qabu hoo maalii?

3. Karaa aadaan dhimmi yakkaa xumuruun hangam barsiisaadha jettuu?

**JAARSOLII ARAARAA (KANNEEN KARAA AADAAN DHIMMA YAKKAA FIXANIIF) MARII GAREE DHIYAATE**

1. Dhimmoota yakkaa karaa aadaan ilaaluun hawaasaafis ta'e miidhamaaf faayidaa akkamii qabaa?

2. Dhimmoota yakkaa kan akkamii karaa aadaan ilaaltuu? Qaamolee haqaa biratti hangam fudhatamummaa qabaa?

3. Dhimmoota yakkaa karaa aadaan ilaaluun hir'inoota akkamii qabaa?

4. Yakkoota ciccimoo ta'an karaa aadaan fixuun hangam nageenya hawaasaa mirkaneessaa?

5. Dhimmoota yakkaa karaa aadaan yoo ilaaltan fedhii miidhamaas ta'e kan hawaasaa akka waliigalaatti hangam yaada keessa galchaa?

**PREZEDAANTOTA, HOGGANTOOTA WAAJJIRA HAQAA FI WAAJJIRA POOLISIIF AF-GAAFFII DHIYYATE.**

1. Adeemsa karaa seeraan yakka ilaaluu keessatti miidhamtootni yakkaa hangam hirmaannaa qabuu?

2. Dhimmoota yakkaa karaa mana murtiin xumuruun hir'inoota akkamii qabaa?

3. Dhimmoota akkamii irratti *jaarsummaa* eeyyamtuu? yoo miidhamaa fi himatamaan araara buusan galmee araaran cuftuu?

4. Karaa aadaan dhimma yakkaa xumuruun faayidaa akkamii qabaa? Miidhamtoota yakkaaf, hawaasa naannootiif, akkasumas qaamolee haqaatiif

5. Dhimma yakkaa karaa aadaan ilaaluun hanga yoonaa hangam hojiirra oolee jiraa?

6. Dhimma yakkaa karaa aadaan xumuruun sirna haqaa hangam bu'a qabeessa taasisaa?

7. Kaayyoo seera yakka galmaan gahuuf dhimma yakkaa karaa aadaa xumuruun hangam barbaachisaadha?